# XIINXALA GUUTUMMAA FI SIRRUMMAA LAT-HORSAA: KITAABILEE SEERLUGA AFAAN OROMOO FILATAMAN KEESSATTI

GEETINNAT ALAMNAWTIIN

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMIISAAN ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA’EE,YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITII, DAMEE BARNOOTAA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTIIF KAN DHIYAATE

HAGAYYA, 2014

JIMMAA, OROMIYAA

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMIISAAN ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITII, DAMEE BARNOOTAA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTIIF KAN DHIYAATE

# XIINXALA GUUTUMMAA FI SIRRUMMAA LAT-HORSAA: KITAABILEE SEERLUGA AFAAN OROMOO FILATAMAN KEESSATTI

QORATAA: GEETINNAT ALAMNAW

GORSAA: TASHOOMAA BALAAYNAA (PH. D)

GORSITUU AANTEE: ALAMITUU OLII (PH. D)

HAGAYYA, 2014/2022

JIMMAA, OROMIYAA

## Mirkaneessa

Waraqaan qorannoo mata-dureen isaa "Xiinxala Guutummaa fi sirrummaa Lat-horsaa: Kitaabilee Seerluga Afaan Oromoo filataman Keessatti" jedhu kun hojii koo akka ta'ee fi hojii nama biroo akka hin taane nan mirkaneessa.

Qoratamaan:

Maqaa: Geetinnat Alamnaw Mallattoo ____________ Guyyaa ___________

Waraqaan qorannoo kun gorsa ani kenneen ulaagaa guutuuf akka dhiyaatu nan mirkaneessa.

Gorsaa: Tashoamaa Balaaynaa (PH.D) Mallattoo ____________ Guyyaa ___________

G/Aantee:Alamituu Olii (PH.D Mallattoo_____________ Guyyaa____________

Koree Qormaataa

Q/ Keessoo: Mr.Chimdi Wakuma Mallatoo ____________ Guyyaa ___________

Qoraa Alaa: Guddataa Abdiisaa (PH.D) Mallattoo____________ Guyyaa___________

## Axereeraa

*Qorannoon kun mataduree'Xiinxala guutummaa fi sirrummaa lat-horsaa:kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti'jedhurratti geggeeffame.Qoraticha wantoonni kakaasan kitaabilee seerlugaa filataman keessatti hanqinaalee arguu isaa,qorannooleen mata duree kanaan walqabatan bal'inaan kitaabilee seerlugaarratti kan hingaggeeffamne ta'uusaa fi qorannoolee kitaabilee barnootaa irratti gaggeeffameen argannooleen bira gahaman haala dhiyeenya qabiyyee dhamjechoota hirkatoo irratti hanqinni akka jiru agarsiisuu isaaniiti. Kaayyoon qorannichaa qabiyyee latorsoota kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaatan adda baasuu, sirrummaa, fi guutummaa latorsoota dhiyaatanii xiinxaluun ciminaaleef hanqinaalee jiranu adda baasuudhaan qaaccessee dhiyeessuu ta'a.Qorannichi kitaabilee seerluga Afaan Oromoo'Furtuu'(2019)max.6ffaa'Natoo'(2012)max.2ffaa, 'Gadaa' (2012) max.3ffaa fi 'Saaqaa'(2021) max.16ffaa, mata duree'xiinxala lat-horsaa' jedhurratti daanga'a.Qorannoo kana irraa qopheessitoonni kitaabilee seerlugaa,barsiisoonni Afaan Oromoof barattoonni kitaabilee kana fayyadaman, akkasumas, namoonni kanaan booda qorannoo mata duree kanaan walfakkaatu irratti hojjetanu fayyadamoo ta'u jedhamee amanama.Qorannicha keessatti,sakatta'i barruulee, yaadrimeen latorsaa,yaadiddamni qorannichaa fi qorannooleen walfakii sakatta'amanii dhiyaataniiru.Qorannichi yaaxxina caasessaa bu'uura godhachuudhaan, latorsa kitaabilee seerlugaa filataman keessatti tajaajila, iddoo galumsaa fi uunkaa isaaniitiin xiinxalee dhiyeesseera.Saxaxni qorannichaa ibsaa yemmuu ta'u,mala sakatta'a dokimantiitiin cheekliistii fayyadamuudhaan ragaaleen sassaabaman boqonnaa 4ffaa keessatti qaacceffamaniiru. Xiinxala gaggeeffameenis kitaabilee filataman keessatti lat-horsoonni dhiyaatani fi hindhiyaanne adda bahaniiru.Lat-horsoonni dhiyaatan immoo sirrummaa fi guutummaa qabaachuuf qabachuu dhiisuuni fi ciminaaleef hanqinaaleen ijoo ta'an adda bahaniiru xiinxalamaniiru.Haaluma kanaan,akaakuleen la-horsaa tasuma hindhiyaanne kan jiru ta'uusaa,lat-horsoonni kitaabilee arfanuu keessatti dhiyaatan rakkoo guutummaa,rakkoo sirrummaa darbee darbee qabaachuu isaanii ,akkasumas, lat-horsi fi akaakuuleen isaa akka mata duree tokkootti of danda'anii dhiyaachuu hafuu,fi lat-horsi dhamjecha hirkataa ta'ee osoo jiruu 'dhamjecha' jedhamuun isaa dogoggora akka ta'e bira gahameera.Dhumarratti hanqinaalee mul'ataniif yaanni furmaataa kennamee qorannichi goolabameera.*

## Galata

Hunda dura Waaqayyoo kanaan na gaheef galata guddaan galcha.Qorannoon kun akka milkaa’uuf beekumsa qabanu osoo hinqusatin deeggarsaa fi gorsa barbaachisu kan naaf gumaachaa turan, gorsaa koo Dr.Tashoomaa Balaaynaatiif galanni koo onneerraa kan maddedha. Itti aansuudhaan beekumsa qabanu qusannaa tokko malee kan namaaf qoodanu gorsituu aantee koo, Dr. Alamituu Olii guddisee galateeffachuun barbaada.Qorannoo kana yeroon geggeessutti yaadaan na bira dhaabbachuun cinaatti dhimmoota mana keessaa hunda qofaashee haguuguudhaan hojii kana akkan fiixaan baasuuf kan na jajjabeessite haadha warraa koo barsiistuu Madaanit Boggaalaatiif galata guddaan qaba. Itti aansuun, waan na barbaachise hundaan na cinaa dhaabbachaa, fi yaadaan na jajjabeessaa kan ture, dura bu'aa mana barumsaa Limmuu Gannat sad.2[ffaa] kan ta’e, barsiisaa Ridaa Kamaaliif galata guddaan galchaaf.Kana malees, hojjettoota mana kitaabaa M.B Limmuu Gannat sad.2ffaa, hojjettoota giddu gala qorannoo Oromoo Yuunivarsiitii Jimmaa fi hiryoottan koo kanneen kitaabilee wabii naaf gumaachan osoo hin galateeffatin bira hindarbu. Kana malees, baradhee of fooyyessuu kootiif hawwii guddaa kan qabanuuf, maallaqaan kan na deeggaraa turan abbaa koo obbo Alamnah G/sillaasee Aagaa fi haadha koo adde Buzunash Maammuyyee Baayyeetiif galata guddaan qaba; umurii naaf dheeradhaa. Xumurarratti, daa’imman koo Sooliyaanaa Geetinnat fi Yeroosan Geetinnat yeroo koo akkan fayyadamuuf na jeequu dhiisuu keessaniif ulfaadhaa; guddadhaan isiniin jedha.

## Hiikaa Jechootaa

Burjaajessuu ........kallattii nama wallaalchisuu, jeequu,

Bu'uura (base)......latii fufiin yaasaa maxxanfamuu danda'u

Fufii (affix)...........latii hiikni isaa sadarkaa yaadaatti qofa jiru

Latii (morpheme)...kutaa jechaa ofii isaatii gaditti qoqqoodamuu hin dandeenye

Lat-horsa (inflectional morpheme)....fufiilee horsiisa jechootaatiif qofa oolanu

Latii Yaasaa (derivational).......fufiilee jechoota haaraa uumuuf yookaan ijaaruuf oolanu,

Latii Walabaa (free morpheme)......latii of danda'aa ta'e, qofaa isaa dhaabbachuu kan danda'u

Latii Wabalaa (bound morpheme)....... latii hirkataa, of danda'ee qofaa isaa kan hindhaabbanne

Wiillaa (stem)............latii fufii latorsaa maxxanfachuuf qophii ta'e

Wixina (root) ............. fufii tokkollee kan ofirraa hinqabne yaadrimee jechaa kan baatu

(Fknf.**deem**-)

## Gabaajewwanii fi Kottoonfachiistuu

M.B...........Mana barumsaa

kkf..............Kanneen kana fakkaatan

ykn.............Yookiin/yookaan

Fknf ............Fakkeenyaaf

Sad. .............Sadarkaa

Max..............Maxxansa

MSL.............Modern Standard Arab Language

# Bafaata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereeraa ........ i
Galata ........ ii
Hiikaa Jechootaa ........ iii
Bafaata ........ iv
Baafata Gabateewwanii ........ vi
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Seen-duubee Qorannicha ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 6
1.3.2. Kaayyoolee Gooree ........ 7
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 7
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 8
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 9
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 10
2.1. Yaadrimee Latii ........ 10
2.1.1. Akaakuulee Latii Uunkaa/Qabiyyee/ Isaaniitiin ........ 11
2.1.2. Akaakuulee Latiilee Faayidaa isaaniitiin ........ 12
2. 2. Yaadrimee Lat-horsaa ........ 12
2.2.1. Amaloota Lat-horsaa ........ 14
2.2.2. Lat-horsootaa fi Garee Jechootaa Irratti Argamanu ........ 15
2.3. Yaadiddama Qorannichaa ........ 19
2.3.1. Yaadiddama Lat-horsaa Tajaajila Bu'uureffate ........ 20
2.3.2. Yaadiddama Latorsaa Iddoo Galumsa Bu'uureffate ........ 21
2.3.3. Yaadiddama Lat-horsaa Uunkaa Bu'uureffate ........ 21
2.4. Mala Dhiyeenya Caasaa Seerlugaa ........ 22
2.5. Sakatta'a Qorannoolee Walfakkii ........ 22
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 25
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 25
3.2. Madda Ragaa Qorannichaa ........ 26

3.3. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname ........ 26
3.3.1. Sakatta'a Dookimantii ........ 26
3.4. Mala Ragaa Qindeessuu, Xiinxaluu Fi Hiikuu ........ 26
BOQONNAA AFUR: XIINXALAA FI QAACCESSA RAGAALEE ........ 27
4.1. Xiinxala Kitaabilee Seerlugaa Afaan Oromoo Filatamanii ........ 27
4.1.1. Lat-horsoota Kitaabilee Seerlugaa Filataman Keessatti Dhiyaatan ........ 28
4.1.1.1. Lat-horsoota Maqaa Kitaabilee Filataman Keessatti ........ 31
4.1.1.2. Lat-horsoota Gochimaa Kitaabilee Seerlugaa Filataman Keessatti ........ 50
4.1.1.3. Lat-horsoota Ibsoota Maqaa Kitaabilee Filataman Keessatti ........ 63
4.1.1.4. Lat-horsoota Faayidaa, Iddoo Galumsaa fi Uunkaa Isaaniitiin ........ 66
4.1.2.Guutummaa Fi Sirrummaa Lat-horsootaa Kitaabilee Filataman Keessatti.. ........ 68
4.1.2.1. Guutummaa Lat-horsootaa Kitaabilee Filataman Keessaatti ........ 68
4.1.2.2. Sirrummaa Lat-horsootaa Kitaabilee Seerlugaa Filataman Keessaatti ........ 71
4.1.3. Ciminaalee Fi Hanqinaalee Gurguddoo Argaman ........ 73
4.1.3.1. Ciminaalee Kitaabilee Filatamanii ........ 73
4.1.3.2. Hanqinaalee Kitaabilee Filatamanii ........ 75
BOQONNAA SHAN:CUUNFAA,GOOLABA,ARGANNOO FI FURMAATAA ........ 78
5.1. Cuunfaa Qorannichaa ........ 78
5.2. Goolaba Qorannichaa ........ 79
5.3. Argannoo Qorannichaa ........ 80
5.4. Yaada Furmaataa Qorannichaa ........ 82
WABIILEE ........ 85
Dabalee: A ........ 87

## Baafata Gabateewwanii

Gabatee 4:1 Lat-horsoota Maqaa Kitaabilee Arfan Keessatti Dhiyaatan .................................. 47
Gabatee 4:2 Latorsoota Danoomaa Fi akkaataa kitaabilee seerlugaa keessatti itti dhiyaachuu qabanu.................................................................................48
Gabatee 4:3 Lat-horsoota Gochimaa Kitaabilee Filataman Keessatti Dhiyaatan....................... 61
Gabatee 4:4 Akkaataa lat-horsootni ennaa kitaabilee seerlugaa afaan Oromoo keessatti itti dhiyaachuu qabanu.................................................................................62
Gabatee 4:5 Lat-horsoota Ibsoota Maqaa Kitaabilee Filataman Keessatti Dhiyaatan................ 64
Gabatee 4:6 Lat-horsoota maqibsii kitaabilee seerlugaa keessatti dhiyaachuu qabanu.............65
Gabatee 4:7 Guutummaa lat-horsootaa kitaabilee filataman keessatti ...................................... 69
Gabatee 4:8 Sirrummaa lat-horsoota kitaabilee seerlugaa filataman keessatti .......................... 71

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seen-duubee Qorannicha

Latiin dameelee xixiqqoo xiinqooqa keessatti argamanu keessaa isa tokkodha. Dameen xiqqaa afaanii kun xiinlatii keessatti kan qo'atamu ta'ee, kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo fi kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo keessatti 'dhamjecha' jedhamuun waamama. Latiileen afaan kamiyyuu keessa jiran wixina ykn hundee (root) fi wiillaa (stem), akkasumas latii dhaabbataa /free morphem/ fi latii hirkataa /bound morphem/ jedhamuun qoodamuu danda'u (Tashoomaa Balaaynaa, 1997, f.105).

Hockett (1970:123), 'Morphemes are the smallest individually meaningfull elements in the utterance of a language,' jedha. Akka hayyuu kanaatti, dhamjechi caasaa isa xiqqaa hiika qabeessa ta'eedha.Dhamjechi tokko of danda'ee hiika qabaatus, addaan qoodamnaan hiika dhaba.Hornby (2005:993), 'Morpheme is the smallest unit of meaning that a word can be divided into one or different meaningful forms. The word 'like' contains one morpheme but 'unlikely' contains three morphemes,' jedha.

Latiin (morphem) qaama xiqqaa afaanii ta'ee, hiikaa tokko qofaa kan qabu latii hiikaa qabu kan birootti caccabuu kan hindandeenye akka ta'ee fi yoo ofii isaatii gaditti caccabe hiika dhabeessa akka ta'uu danda'u hayyuuleen xiinqooqaa hedduun ni ibsu. Jechi latiilee adda addaa ofirraa kan qabu yoo ta'u, latiin garuu qaama biroo ofirraa kan hinqabne ta'uusaati. Latiin caasluga afaan kamuu keessatti dhiyaatu keessaa isa tokkodha. Geetaahun Amaaree (1989:43)'latiin qaama xiqqaa afaanii ta'ee, kan ofiisaatii gaditti qoodamuu hindandeenye, hiika tokko qofaa kan qabu, yoo ofiisaatii gaditti qoodame hiika dhabeessa kan ta'udha', jechuudhaan ibsa.

Latiin bakka garaagaraatti qoodama.Isaan gurguddoon latii walabaa fi latii wabalaa yemmuu jedhamanu,bu'urri qooddii isaaniis uunkaadha.Latiileen walabaa qofaa isaanii ofdanda'anii kan dhaabbatanidha (Abarraa fi Kaawwan 1998,f.38).Dhamjechi walabaa dhamjecha hiikaa(lexical morpheme) fi dhamjecha tajaajilaa(functional morpheme) jedhamuudhaan akka qoodamu qorataan Duulaa Dilboo(2008) jedhamu hayyuu O'Grady (1996) wabeeffachuudhaan ibseera. Latiileen wabalaa of danda'anii kan dhaabbachuu hin dandeenyeedha.Latiin wabalaa kitaabilee garaagaraa keessatti dhamjecha hirkataa jedhamuun beekama.Latiileen walabaa wixina /hundee/ wiillaa ta'uudhaan latiilee hirkatoo maxxanfachuu yemmuu danda'anu, warri hirkatoo

ta’an immoo jechoota haaraa ijaaruuf kan oolanuu fi tajaajila seerlugaa kanneen kennanu jedhamuudhaan bakka lamatti qoodamu. Latiileen tajaajila seerlugaa kennan latorsa yookiin latii hortee yemmuu jedhamanu, latiileen jechoota haaraa ijaaruuf ta’anu immoo latii uumamtee yookiin latii yaasaa (darivetional morpheme) jedhamanii beekamu.

Latii yaasaa fi latorsa ilaalchisee qorataan 'Abdel Rahman Mitib "jedhamu mata duree qorannoo "The Interaction Between Inflection and Derivation in English and MSA:An Insightful Glimpse Into the Boundaries" jedhu keessatti hayyuulee (Bornkessel and Schlesewsky 2009:39-40) jedhamanu wabii godhatee, ‘Inflectional morphology serves to produce new forms of the same word rather than creating new word categories/lexical entries’ jechuudhaan ibsa.Akka qorataa kanaatti lat-horsi jechoota haaraa ijaaruuf osoo hin taane uunkaa jechootaa jijjiiruudhaan tajaajila jechoota horsiisuutiif kan oolu ta’uu isaati.

Garaagarummaa latorsaa fi latii yaasaa gidduu jiru ilaalchisee Booij (2006) ‘the primary distinction between inflection and derivation is a functional one,since derivation creates new lexemes and inflections form new forms of the same lexemes’ jechuudhaan yaada isaa lafa kaa’eera. Kana irraa wanti hubatamu,latorsii hiikaa hundee jechaa osoo hin jijjiirin tajaajila seerlugaa qofa yemmuu kennu, latiin uumamtee garuu garee jechootaa fi hiikaa hundee jechootaa kan jijjiiru fi jechootaa haaraa ijaaruuf kan oolu ta’uudha.

Lat-horsa ilaalchisuudhaan Katamba,(1993:205), ‘Inflectional morphology is concerned with syntactically driven word formation,’ jechuudhaan yaada isaa lafa kaa’eera.Akka yaada hayyuu kanaatti lat-horsoonni seera afaanii yookiin caasaa afaanii akka ilaallatanuu fi jechootaa tajaajila caaslugaa kennanu kan ittiin horsiisnudha.Adeemsa akkasii keessatti hiikni hundee jechaa hin jijjiramu.Latorsoonni kanneen akka,-oota,-ota,-lee,-wwan,-olii,-eeyyii,-eyyii,-oo,-ee,-aa,-e,-n,-ni,-i, fi kanneen kana fakkaatan barnoota afaanii keessatti tajaajila caaslugaa kan akka,lakkoofsaa, koorniyaa, gulantaa, matimaa, heennaa fi tajaajiloota kanneen kana fakkaatan kennu. Kunis, maqaa, ibsa maqaa fi gochimoota irratti maxxanuudhaan tajaajila caaslugaa kan kennanu ta’a jechuudha.Fakkeenyaaf,Afaan Ingiliizii keessatti latorsi{-s} jedhamtu hundee jecha ‘dog’ jedhurratti maxxantee jecha ‘dogs’ jedhu uumti. Jechi ‘dog’jedhu kun lat-horsa danoominaa /-s/ ofitti fudhatee gara lakkoofsa danuutti jijjiramee jira jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun lat-horsi afaan Oromoo {-oota} jettu jecha ‘saree’jedhuu fi jechoota amala akkasii qaban irratti maxxanuudhaan danummaa agarsiisti.Fakkeenyaaf, sar**oota**, nam**oota,** jabb**oota,**harr**oota**, fi kkf.

Lat-horsoonni afaan Oromoo fi afaanota biroo keessatti jechoota irratti maxxanuudhaan jechoonni garee fi hiika bu’uuraa isaanii osoo hinjijjirin tajaajila dabalataa akka kennanu taasisu.Afaan Oromoo keessatti lat-horsoonni garee jechootaa jiranu keessaa maqaa, ibsa maqaa fi gochima irratti karaa duubaatiin maxxanfamuudhaan tajaajila caaslugaa kennu. Kunis, jechoonni afaan Oromoo lakkoofsaan hedduu akka ta’anu gochuu keessatti qooda olaanaa qabaata jechuudha. Namni yaada isaa barreeffamaa fi dubbii keessatti haala barbaadeen akka dhiyeeffachuu danda’uu fi karaa sirriif salphaa ta’een akka walii galuu danda’u gochuu keessatti lat-horsoonni iddoo guddaa qabu.Fakkeenyaaf,walsimannaa matimaaf gochimaa keessatti lat-horsoonni lakkoofsaa sirriitti ibsamuu qabaatu.Hubannoon gahaa jiraachuudhaaf immoo lat-horsoonni kitaabilee seerlugaa keessatti bifa ga’umsa qabuun dhiyaachuu qabu. Kunis, lat-horsoonni kitaabilee seerlugaa afaan Oromoo keessatti bifa guutummaa fi sirrummaa qabuun haala qaamni kitaabilee sanatti fayyadamu hunduu beekumsa gahaa ta’e irraa argachuu danda’uun qophaahuu qabu jechuudha.

Kanaan walqabatee lat-horsoonni kitaabilee seerluga afaan Oromoo keessatti haala kamiin akka dhiyaatan, la-horsa dhiyaateef hindhiyaanne akkasumas lat-horsootumti dhiyaatan gama sirrummaa fi guutummaatiin maal akka fakkaatan adda baasuudhaan hanqinaalee jiranu baasanii mul’isuudhaaf xiinxala gaggeessuun barbaachisaa ta’a.Haaluma kanaan, wanti yaadiddama latiilee keessatti lafa ka’amee fi qabatamaadhaan kitaabilee seerlugaa keessatti wanti jiru xiinxalamee dhiyaateera.

Kanaafuu qorataan kun gosoota latiilee hirkatoo keessaa qabxii ‘lat-horsa’jedhu filachuudhaan kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo qorannoon kun irratti gaggeeffame keessatti latiileen hortee haala kamiin akka dhiyaatan yaadiddamoota latiilee bu’uura godhachuudhaan, hayyoota afaaniitiin waan jedhamee jiruu fi qorannooleen mata duree kanaan walitti dhiyeenya qabanu waa’ee lat-horsaa waan jedhan, argannoon isaanii waan inni agarsiise sakatta’uudhaan xiinxalli kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman irratti gaggeeffameera.

Haaluma kanaan, qorataan kun mata duree qorannoo‘xiinxala Guutummaa fi Sirrummaa lat-horsaa: kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti’, jedhu filachuudhaan qorannoo gaaggeessuudhaan hojii isaa goolabee jira.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Hojiin hojjetamu kamuu akkuma cimina qabu, hanqinas ni qabaata.Ciminaaleen jajjabeeffamaa hanqinaalee fi qaawwi isaa immoo duuchamaa deemuun barbaachisaa ta’a.Qaawwi hojii tokkoo furmaata argachuuf qorannooleen adda addaa gaggeeffamuu qabu.Egaan hojiilee hojjetamanu keessaa qophiin kitaabilee seerlugaa isa tokkodha.Haaluma kanaan yeroo garaagaraa keessatti kitaabileen seerluga Afaan Oromoo baay’inaan qophaa’aa turaniiru;qopha’aas jiru. Kitaabileen qophaa’aa jiranu tokko tokko immoo galii bu’uura kan godhatan jiru.Galii irratti yemmuu xiyyeeffatamu immoo dhimmi qulqullinaa dagatamuu danda’a.Kitaabilee seerlugaa keessatti qabiyyeewwan barnoota afaanii adda addaa xiyyeeffannoo argatanii bifa guutummaa fi sirrummaa qabuun yoo dhiyaachuu hindandeenye immoo Afaan Oromoo dagaagsuu fi dandeettii nama kitaaba sana fayyadamuu guddisuurraatti gahumsa hinqabaatanu. Fakkeenyaaf, qabiyyeewwan seerlugaa kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo keessatti dhiyaachuu qaban keessaa lat-horsi isa tokkodha.Akkaataa qabatamaadhaan argamutti immoo kitaabileen seerlugaa lat-horsoota haalli itti dhiyeessan hanqinaalee qaba.

Qorataan kun mata duree kanarratti qorannoo akka gaggeessuuf wantoota isa kakaasan keessaa inni jalqabaa, kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo filatamanitti fayyadamuudhaann yemmuu barattoota deeggaruuf yaalu hanqinaalee arguu isaati. Fakkeenyaaf, kitaaba ‘Gadaa’ (2012) max. 3ffaa keessatti dhimmi lat-horsaa akka waliigalaatti, xiyyeeffannoo argatee hin dhiyaanne; fuula 62-64 xinnumashee tuttuqee bira darbe. Kitaaba‘Furtuu’ (2011/19) max. 6ffaa fuula 54 irratti maalummaa dhamjechaa, fuula 56 irratti immoo waa’ee dhamjecha hirkataa xiqqumashee tuqee bira darbe. Kanaafuu kitaabni kunis, rakkoo xiyyeeffannoo, guutummaa fi tartiibaa kan qabu ta’uusaa nutti agarsiisa. Kitaaba ‘Saaqaa’ (2013/21) max. 16ffaa keessatti rakkooleen kan akka tartiibaa fi guutummaa ni mul’atu. Kitaabni‘Natoo’ (f 97) irratti lat-horsoota tajaajiloota hedduu afaan keessatti kennanu waraqaa fuula walakkatiin ibsee darbe.Walumaagalatti kitaabileen filataman arfan lat-horsoota tajaajiloota adda addaa kennanu bifa walfakkaataa ta’ee fi haala guutummaa fi sirrummaa qabuun dhiyeessuurratti hanqinni jira jedhee waan yaadeef, qoratichi kitaabilee kanniin filatee xiinxala gaggeessuuf kaka’umsa horateera. Kitaabileen

kunniin hanqina qabu yemmuu jedhamu barattoonni sadarkaa gara gadiirratti argamanu salphaatti hubachuu hindanda'anu yaada jedhun qaba.Salphisaniif fakkeenyaan deeggaranii dhiyeessuu qabu ture. Gama birootiin,guutummaa hinqabu yoo ta'e,namootni kitaabicha dubbisanu beekumsa guutuu ta'e argachuu hindanda'anu jechuudha. Kitaabileen filataman irra deddeebbiidhaan fooyya'anii kan dhiyaatanii fi maxxansa as dhiyoo ta'anus, qulqullina dabaluu isaanii irratti shakkiitu jira.

Dhimmoota qorataa kana kakaasan keessaa inni lammaffaan, qorannoon lat-horsaa kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo irratti bal'inaan kan hin gaggeeffamne ta'uu isaati. Qorannooleen hanga ammaatti gaggeeffaman kitaabilee barnootaa irratti malee kitaabilee seerlugaa irratti kan hin adeemsifamne ta'uun isaa qoratichi mata duree kanarratti qorannoo akka gaggeessuuf isa kakaaseera.Walumaagalatti qorataan kun koorsiiwwan xiinqooqaa Yuunivarsiitiitti barate wajjin walbira qabee yemmuu ilaalu haalli lat-horsoonni kitaabilee filataman keessatti dhiyaatan qaawwa qabaachuu isaanii hubachuu isaati.Sababa kanaaf, kitaabilee kanniin irratti xiinxala gaggeessuuf kaka'ee jira.

Wantoota qorataa kana kakaasan keessaa inni sadaffaan argannoolee qorannoolee adda addaati.Argannooleen qorannoo mata duree kanaan walitti dhiheenya qaban, jechuunis dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnootaa kutaa 10,11,fi 12 irratti, latorsaa fi latii yaasaa irrattii fi latorsa maqaa irratti qorattoota adda addaatiin bira gahaman qorataa kanaaf ka'umsa ta'anii jiru.Innis, qorataan Dassaalany Asaffaa (2011), mata duree,'Haala dhiyeenya dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10$^{ffaa}$ fi 11$^{ffaa}$jedhurratti, qorannoo gaggeesseen kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa fi 11ffaa keessatti dhamjechoonni akkataa akaakuu isaaniitti (unkaan,tajaajilaan,bakka galumsaa fi qabiyyeedhaan) adda baahanii qofa qofaattii ibsamuu dhabuu, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti dhamjechoota tajaajila isaanii fi akaakuu bakka galumsaan si'a takkaatti mataduree tokkoon waliin makee dhiyeessuu isaa akka argannootti lafa kaa'eera.

Barruun inni lammaffaa sakattaa'ame Eebbaa Goobanaa (2014 A.L.A) mata duree "Qaaccessa dhiyaannaa qabiyyee dhamjechootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa bara 2005 hojiirra oole" jedhurratti Yuunivarsiitii Addiis Ababaatti gaggeeffameedha.Argannoon qorannoo kanaa qajeelfami shaakala latiilee irratti kennaman ifa ta'uu hafuu, yaadannoon kitaabaa fi qajeelcha barsiisaa irratti dhiyaate shaakaloota dhiyaatan wajjin walsimuu hafuu,

ibsi bal’inaan kennamuu hafuu, gosootni dhamjechootaa hundi dhiyaachuu hafuu, akkaataan latiileen ittiin waamaman maqaa adda addaa qabaachuun isaa, itti fayyadamtoota kitaabichaa dogoggorsuu kan danda’u ta’uu faadha. Qorannoon koo, qorannoo Eebbaa irraa wanti adda ittiin ta’u, kan koo latorsa qofaa fi kitaabilee seerluga Afaan Oromoorratti yoo xiyyeeffatu, kan Eebbaa garuu latiilee hirkatoo hundaa fi kitaaba barnootaa kan baratаа irratti xiyyeeffachuu isaatiini. Kanaaf, hanqinaalee mullatan kanneeniif kitaabileen seerlugaa akkamiin dhiheessan kan jedhu ilaalamuu qabaata jechuudha.Qaawwi qorannoo Eebbaa, latiin kun dhiyaateera kun hindhiyaanne jedhee dhiyeessuu hafuu isaati.

Barruun inni sadaffaa an sakatta’e,Kadir Abdallaa Oubaa(2019) mata duree'The Analysis of Morphological Properties of Arsi-Bale word classes with special reference to Arsi-Bale Noun Morphology' jedhu ta’a.Kadir Abdallaa qorannoo isaa keessatti latiilee Afaan Oromoorratti qorannooleen baal’inaan hinhojjetamne waan ta’eef qorannoo gaggeessuun barbaachisaa ta’uusaa kallattii agarsiisee darbeera. Haaluma kanaan, qorataan kun yaada kana akka galteetti fudhatee mataduree kana irratti qorannoo gaggeessuuf kaka’umsa horatee jira. Egaan, qorataan kun dhimma kana ilaalchisee xiyyeeffannoon barbaachisaa ta’e akka itti kennamuuf yaaduudhaan,lat-horsoota kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaatan xiinxalee dhiheessuuf gaaffilee qorannoo qopheeffatee gara hojiitti seenee jira.Gaaffileen qorannoo kana keessatti akka ka’umsaatti dhiyaatan kanneen armaan gadiiti,

1. Kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo filataman keessatti akaakuleen lat-horsoota dhiyaatanii fi hindhiyaanne isaan kam faadha?
2. Kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti lat-horsoonni dhiyaatan Sirrummaa fi guutummaan isaanii maal fakkaata?
3. Ciminni fi hanqinaaleen gurguddoon lat-horsoota kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaatan irratti mul’atan maal faadha?
4. Hanqinaalee mul’atan kanneen maqsuuf yaadawwan furmaataa maal faa ta’uu danda’u

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa lat-horsoota Afaan Oromoo kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaatanii jiranu gama sirrummaa fi guutummaa isaaniitiin xiinxaluudhaan qaaccessanii dhiyeessuu ta’a.

### 1.3.2. Kaayyoolee Gooree

Kaayyoon gooree qorannnoo kanaa walduraa duubaan kanniin itti aananu ta'u.

- Akaakulee lat-horsaa kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaatan adda baasuudhaan ibsuu,
- Lat-horsoonni kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaatan guutummaa fi sirrummaa isaanii xiinxaluudhaan dhiyeessuu,
- Ciminaalee fi hanqinaalee gurguddoo lat-horsaa kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti mul'atan adda baasuun eeruu,
- Yaada furmaataa hanqinaalee kanneenii kennuu

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorataan kun qorannoo kana gaggeessuuf yemmuu ka'u barbaachisummaa isaatti amaneeti jechuudha.Qorannicha gaggeessuun kan barbaachiseefis,haalli qabiyyeen seerlugaa kitaabilee seerluga afaan Oromoo adda addaa keessatti itti dhiyaatan hammam qulqullinaaf sirrummaa akka qabanuu fi hanqinaaleen jiran maalfaa akka ta'an akkasumas furmaanni isaanii maal ta'uu akka qabu qopheessitoota kitaabilee,barsiisotaaf barattoota kitaabilee kanneenitti fayyadamanuu fi hayyuulee xiinqooqaa yuunivarsiitiiwwan adda addaa keessa jiranuuf eeruu kennuun barbaachisaa ta'uu isaatiini.Kunis,lat-horsoonni kitaabilee filataman kanniin keessatti saayinsii afaanii kan afaan Oromoo bu'uureffachuudhaan dhiyaachuu isaanii xiinxaluudhaan ciminaa fi hanqina jiru adda baasuun eeruu kennuun murteessaa ta'uu isaatti amanameeti.Walumaagalatti qorannoo kana irraa qaamoleen armaan gadii fayyadamoo ta'uu danda'u jedhamee amanama. Qaamoleen qorannoo kanarraa fayyadamoo ta'anus;

- Qopheessitoonni kitaabilee seerluga Afaan Oromoo kallattiidhaan fayyadamoo ta'u. Kana jechuunis, qorannoon kun yoo xiqqaate qaawwa tokko itti agarsiisuu danda'a.Yaada furmaataa eeramurra dhaabbachuun qabiyyee kana irra deebi'anii bilcheessanii dhiheessuu danda'u.
- Hayyuuleen xiinqooqaa hanqinaalee lat-horsaan walqabatanii kitaabilee seerluga Afaan Oromoo keessatti mul'atan qorachuudhaan haala dhiheessa lat-horsaa irratti furmaata waaraa fi sirreeffama daran olaanaa ta'e itti kennuu waan danda'anuuf rakkoon kun akka hiikamuuf karaa saaqa.
- Qorattoota kanaan booda mata duree qorannoo kanaatiin walfakkaaturratti qorannoo gaggeessanuuf akka ka'umsaatti isaaniin gargaarti jedhamee amanama.

- Barsiisotni Afaan Oromoo fayyadamoo ta’u jedhamee amanama. Barsiisonni Afaan Oromoo qabiyyee seerlugaa kitaabilee dabalataa irraa wabeeffachuun yemmuu barsiisanu akkuma jirutti callisanii fudhachuu dhiisanii yaadiddamoota adda addaa dubbisuudhaan xiinxalaa fi bakka dogoggorri jiru sirreessaa akka itti fayyadamanuuf isaan gargaara.

Qaamoleen armaan olitti qorannoo kana irraa fayyadamoo ta’uu danda’u jedhamuun tarreeffaman kunneen qorannoon kun erga faccisaaf dhiyaatee darbuun isaa mirkanaa’een booda bakkaa fi tooftaa garaagaraatiin argachuu ni danda’u.Kunis, manneen kitaabaa keessa kaawwamuu fi intarneetarratti dhoobbamuudhaan dubbistoota biraan gahamuun ni danda’ama jechuudha.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kanaa xiinxala guutummaa fi sirrummaa latorsaa: kitaabilee seerluga Afaan Oromoo jiran keessaa kaayyeffatamuudhaan kanniin qoratichaan filataman keessatti kan jedhu ta’a.Kitaabileen filataman kunneenis,’Gadaa’ (2012) (maxxansa 3ffaa),’Natoo’(2012) (maxxnsa 2ffaa), ‘Furtuu’ (2019) (maxxansa 6ffaa)fi,‘Saaqaa’(2013) (maxxansa 16ffaa) ta’u. Dhimmi qorannoo kana keessatti ilaalamu guutummaa fi sirrummaa qabiyyee latorsaa kitaabilee armaan olitti eeraman keessatti akkaataa kamiin akka dhiyaate yaadiddamoota adda addaa bu’uureffachuudhaan xiinxalanii dhiheessuudha.Sababni mata dureen kun itti filatame, latorsi kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti mata duree qabaatee of danda’ee dhihaachuu hafuu isaa yookiin xiyyeeffannoo dhabuu isaa, hojiileen kanaan dura hojjetaman qabiyyee latorsaa kitaabilee seerluga Afaan Oromoo qobaatti kan hinxiinxalle ta’uu isaanii fi qabiyyeewwan xiinqooqaan walqabatan hunda bakka tokkotti xiinxaaluudhaaf yeroo fi baajatni kan hingeenye waan ta’eefidha.Gama birootiin, kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo jiran keessaa qoratichi kitaabilee filataman kanneen ulaagaa yoomessaa fayyadamee filatee jira. Kitaabotni kunniin yeroo as dhihoo keessaa fi bara walitti dhihoo keessa qophaa’uu isanii akkasumas hundi isaanii irra deebi’amanii kanniin fooyyeffaman ta’uu isaaniiti. Kanaafuu, yoomessi kitaabileen kunniin keessatti qophaa’an ulaagaa ta’a.Ulaagaan inni lammaffaa immoo, kitaabilee seerluga Afaan Oromoo hunda xiinxaluuf yeroo, humnaa fi baajatni kan hingeenye ta’uu isaati.

Ulaagaan inni sadaffaa, yeroo ammaa kana barsiisonni Afaan Oromoo fi barattoonni kitaabilee kanneen itti bal’inaan tajaajilamaa jiraachuu isaaniiti. Dabalataanis, qopheessaan kitaaba

‘Saaqaa’bakka hanqina qabu akka itti agarsiifamuuf seensa kitaaba isaa keessatti eeruu kenneera. Xiinxalli kitaabicharratti gaggeeffamuu akka qabu kallatti kaa’uu fi banaa gochuun isaanii akka ulaagaa filannootti fudhatameera jechuudha.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Akkuma beekamu hojiin kamuu yemmuu hojjetamu dhamaatii osoo hinkeessummeessin galma kan ga’u hinjiru.Gufuuleeni fi hanqinaaleen adda addaa hojii kamuu keessatti nama mudachuu danda’uun isaanii kan walnama falmisiisuu miti;yoo hojii dhugaadhaan itti dadhabnee ofii keenyaan waan tokko bira ga’uuf dhamaana ta’e.Haaluma kanaan qorataan kun yemmuu qorannoo kana gaggeessu keessatti hanqinaaleen mudataniin ni jiru.Hanqinaaleen qoraticha hojii isaa keessatti mudataniin keessaa muraasni, kitaabilee wabiif ta’an argachuuf bakki qoratichi jiru mijataa ta’uu hafuusaa fi qorannoon kun hojii idileerra osoo jiramuu kan hojjetame waan ta’eef hanqinni fi dhiphinni yeroo qoraticha mudataniinii jiru.Inni guddaan garuu kitaabileen wabiif ta’anu kanneen afaan Oromootiin qopha’an akkaataa barbaadamaniin argamuu hafuudha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti yaadrimee latii fi lat-horsaa, akkasumas yaaxxinootaa fi sakatta'a barruulee mata duree qorannoo kanaan walfakii ta'anitu dhiyaatani.Qorannoon kun xiyyeeffannoon isaa xiinxala guutummaa fi sirrummaa lat-horsaa:kitaabilee seerluga afaan Oromoo filataman keessatti kan jedhurratti ta'a.Gabaabumatti qorannichi yaadiddama caasessaa fi tajaajilaa (structuralism and functionalism theory) bu'uura kan godhate yemmuu ta'u, lat-horsoonni unkaa, bakka galumsaa fi faayidaa kennanu irratti hundaa'uudhaan kitaabilee seerluga afaan Oromoo keessatti haaala kamiin akka dhiyaatan yaada hayyootaa giddugaleeffachuudhaan xiinxalli gaggeeffamuun dhiyaatee jira.

## 2.1. Yaadrimee Latii

Filee (2015:73), 'Dhamjechi, jecha yookaan qaama jecha tokkoo ta'ee, hiika tokko qofaa kan qabu, caasaa afaanii keessatti murteessummaa ol'aanaa kan qabuu fi waa'ee hiikaaf tajaajila jechaa kan ibsuudha' jedha. Latiin (morphem) qaama xiqqaa afaanii ta'ee, hiikaa tokko qofaa kan qabu latii hiikaa qabu kan birootti caccabuu kan hindandeenye akka ta'eefi yoo ofii isaatii gaditti caccabe hiika dhabeessa akka ta'u, Tashoomaa (1997, f.106) ni ibsa.Dabalataanis, latii ilaalchisuudhaan Aronoff haala armaan gadiitiin ibsa.

> Morphemes are not the minimal meaningful elements they have been purported to be.The concept of a morpheme is very intimately tied in with certain structuralist assumtions.It is in part at least a concequence of a simple view of the relation ship between sound and meaning and the meanings which express this relation (Mark Aronoff,1985,f.17).

Akka yaada hayyuu kanaatti latiin caasaa wajjin walitti hiidhatiinsa baayyee cimaa ta'e akka qabuu fi walitti dhufeenya sagaleelee fi hiikaa irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, hiikichis deebi'ee walitti dhufeenya latiilee fi hiikaa isaanii kan ibsuudha.

Latiin Afaan kamuu keessatti kutaa jechaa isa xiqqaa fi hiika qabeessa ta'eedha.Jecharraa wanti adda taasisuun latiileen dhaabbatoo fi hirkatoo waan qabaniif,warri hirkatoo ta'an qofaa dhaabbachuu fi ergaa dabarsuu hindandaa'anu.Dhamsagoonni walitti qindaa'anii latiilee nuuf ijaaru.Latiileen immoo walitti qindaa'anii jecha nuuf kennu jechuudha.Latiileen qabiyyee isaaniitiin walabaa fi wabala yemmuu ta'anu,tajaajila isaaniitiin immoo tajaajila seerlugaa kan

kennanuu fi jechoota haaraa kanneen argamsiisanu jedhamanii bakka lamatti qoodamu (Tashoomaa,1997:106-107).

### 2.1.1. Akaakuulee Latii Uunkaa/Qabiyyee/ Isaaniitiin

Latiileen afaan kamiyyuu keessatti argaman uunkaa isaaniitiin wixina yookiin hundee (root), wiillaa (steam), latii dhaabbataa/walabaa/, latii hirkataa /wabalaa/ (free and bound morpheme) jedhamuudhaan qoodamu. Hundeen qaama jecha tokkoof handhuura ta'ee fi latii hirkataa kamiyyuu ofirraa kan hin qabne yemmuu ta'u, Wiillaan immoo of danda'anii kanneen dhaabbatanii fi maxxanfachuudhaaf banaa warra ta'aniidha.Qaamni latii hortee qofa maxxanfachuudhaaf qophaa'aa ta'e bu'uur hortee akka jedhamu Addunyaa (2011) ni ibsa. Dabalataanis,Tashoomaa Balaaynaa(1997,f.107), 'latiin qabiyyee isaanii irratti hundaa'uudhaan latii walabaa(free morpheme) fi latii wabalaa(bound morpheme)jedhamu' jechuudhaan ibsa.

#### I. Latii Walabaa (ofdanda'aa)

Latiin walabaa latii ofdanda'aa jedhamees niwaamama.Gosti latii kun walaba/of danda'aa/ ta'ee kan dhaabbatuu fi latiilee wabalaa/hirkatoo/kanniin tajaajila seerluga adda addaatiif oolani ofitti fudhachuu yookiin maxxanfachuu danda'uudha. Yaada kana hayyuun xiinqooqaa Yule George (2006; 64),'A free morpheme has been referred to as an independent word'jechuudhaan yaada isaa gabaabsee lafa kaa'a.

#### II. Latii Wabalaa (Hirkataa)

Latiileen hirkatoo /wabalaa/ wiillaa yookiin hundee irratti kallatti maxxanuu danda'aniin duree, giddee fi duubee jedhamuun kan qoodaman ta'u. Latii hirkataan ofdanda'ee dhaabbachuu kan hindandeenye yookiin qofaa isaa ergaa dabarsuu kan hindandeenyeedha.Akka Baayyee (2010:28-29), ibsutti, latiin wabalaa/hirkataa/ bakka gurguddoo lamatti qoodama. Isaanis,latii hortee/latorsaa/ fi latii yaasaa /uumamtee/ dha.Latii hirkataa ilaalchisee,Yule George (2006;64),'The bound morpheme is of two types: inflectional and derivational' jechuudhaan ibsee jira.

Akka yaada hayyuulee kanaatti latiin hirkataa faayidaa isaanii irratti hundaa'uudhaan latii yaasaa /uumamtee/ fi latii hortee /lat-horsa/ jedhamuudhaan bakka gurguddoo lamatti qoodamuudhaan uumamaa fi horsiisaa jechootaatiif kan oolanu ta'uu isaaniiti.

### 2.1.2. Akaakuulee Latiilee Faayidaa isaaniitiin

Latiileen faayidaa isaanii irratti hundaa'uudhaan bakka lamatti qoodamu (Tashoomaa Balaaynaa, 1997, f. 107).Isaanis, latorsaa fi latii yaasaa jedhamuudhaan qoodamu.Yule George (2006; 64) 'A major division in morpheme is free and bound.A free morpheme has been referred to as an independent word.The bound morpheme is of two types: inflectional and derivational' jechuudhaan ibsa. Akka hayyuu kanaatti latiileen hirkataa tajaajila kennanu irratti hundaa'uudhaan bakka gurguddoo lamatti qoodamu.Isaanis, latorsaa fi latii yaasaa/uumamtee/ jedhamuudhaan qoodamu.

#### I. Latii yaasaa /uumamtee/

Latiin yaasaa /uumamtee/ jechootaa haaraa ijaaruuf yookaan uumuuf kan ooluu fi garee jechootaa kan jijjiiruu danda'u yoo ta'u; fakkeenyaaf latiileen yaasaa{-ummaa,-ina,}yemmuu ta'an, gareejechaa tokko irraa jechoota garee biroo uumuuf nu gargaaru.Latii yaasaa ilaalchisee, Aronoff (1985, f.2) 'derivational morphemes is thus restricted to the domain of lexical category' jechuudhaan ibsa.Akka waraabbii kanaatti yaasaan tajaajila dabaluuf osoo hin taane hiikaa jechootaa jijjiiruu irratti xiyyeeffachuu isaati.

#### II. Lat-horsa(Latii Hortee)

Latiin hortee tajaajila caaslugaaf kan oolu ta'ee, duubee jechootaa irratti maxxanuun hiikaa, uunkaa fi ergaa jechootaa jijjiiruun tajaajila horsiisa jechootaa kan kennuudha.Ammaaf xiyyeeffannoon qorannoo kanaa latiilee hirkatoo keessaa latorsarratti waan ta'eef, waa'een latii yaasaa asumarratti kan dhaabbatu ta'a.Latii hortee ilaalchisee Aronoff (1985, f.2) 'inflectional is generally, viewed as encompassing the purely grammatical markers, those for tense, aspect, person, gender, case and etc' jechuudhaan ibsa. Akka yaada Aronoff'tti lat-horsi tajaajila seerlugaa qofa kan kennanu ta'uu isaaniiti.

## 2.2.Yaadrimee Lat-horsaa

Jechi lat-horsa jedhu jechoota'latii'fi 'horsiisa'jedhan irraa ijaarame.Lat-horsi gosoota latii hirkatoo keessaa isa tokko ta'ee, tajaajilaan yoo ilaalamu seerluga keessatti jechootaa horsiisuudhaan beekama.Hayyuun Verhaar (1999,f.121) 'The process of inflectional morphology in the languages is known as conjugational and declination'jechuudhaan ibsa.Akka yaada hayyuu kanaatti lat-horsi afaanota keessatti kan ittiin beekamu jechoonni garee isaanii osoo hingadhiisin (hinjijjiirin) tajaajila seerlugaa dabalataa akka kennuudhaan ta'a.

Latiin hortee kun qofaa isaa dhaabbachuu kan hindandeenyee fi latiilee of danda’ootti yookaan immoo latiilee walabaatti maxxanee kan mul’atuudha.Latiin hortee,garee jechootaa maqaa, gochimaa fi ibsa maqaatti maxxanuudhaan tajaajila matimaa,aantimaa, gulantaa, koorniyaa, hennaa, lakkoofsaa, fi tajaajila addiirraa kennuudhaan beekama (Abarraa fi Kaawwan 1998). Dabalataanis, latorsa ilaalchisuun hayyuu afaanii kan ta’e Robinson yaada isaa haala itti aanuun ibsee jira.

> Inflectional morphemes are bound morphemes that are used to serve grammatical purpose. As opposed to derivational morphemes, the attachment of an inflectional morpheme does not create a new word. Therefore, an inflected word always stays in the same lexical category as the original word (i.e. stein) (Peter Robinson: 2013; 308)

Yaada armaan olii kanarraa kan hubannu lat-horsi jechootarratti yeroo maxxanfamu hiika bu’uuraa jecha sanii fi garee jechichaa kan hinjijjirre fi haala tajaajilaatiin caasaa jecha itti maxxanfamu tokko keessatti yeroo xiinxalamu tajaajila seerlugaa qofa kan kennu ta’uusaati. Lat-horsoonni faayidaadhaan yemmuu xiinxalamanu tajaajila seerlugaa kan kennanu yoo ta’u,caasaaf uunkaa isaaniitiin immoo latii wabalaa(bound morpheme) jalatti argamu (Tashoomaa Balaaynaa:1997).Yaada kana Yule George (2006; 64)’Inflectional morphemes are used to show if a word is plural or singular, if it is past tense or not, and if it is a comparative or possessive form’, jechuudhaan ibsa.

Lat-horsa ilaalchisee,Oxford students dictionary'n akkas jechuudhaan hiika itti kenna,"inflection is a change in the form of a word,especially it's ending,that changes it's function in the grammar of the language.Forexample-ed,est.If a word inflects it's ending or spelling changes according to it's function in the grammar of the sentence(f,373).Akka yaada kanaatti,latorsi uunkaa jechoota jijjiruu kan danda'u,keessattuu dhuma jechootaarratti argamuudhaan seerluga afanichaa kan jijjiruu danda'u ta’uusaati.Spencer(1991:21) itti dabaluudhaan’inflectional operations add elements of meaning such as tense, aspect, mood and negations as well as grammatical function,such as turning an intransitive verb into a transitive one or an active verb form into a passive one.’Akka yaada spencer’tti latiileen hortee tajaajila seerlugaa kan akka hiikaa dabaluu fi gosota gochimota adda addaa horsiisuun tajaajila seerlugaa kennuudha.

Afaan Oromoo keessatti lat-horsoonni garee jechootaa garagaraa irratti maxxananii tajaajila caaslugaa adda addaa kennuudhaan beekamu.Haaluma kanaan latorsoonni Afaan Oromoo, maqaa, ibsa maqaa, fi gochimairratti maxxanuudhaan tajaajila caaslugaa kan akka lakkoofsaa, matimaa, addiirra, heennaa, koorniyaa,fi tajaajiloota biroo kennu jechuudha.Tajaajila caaslugaa yeroo kennanu latorsoonni unkaa jijjiiruuf jijjiiruu dhiisuu isaaniitiin,bakka argama isaaniitiin duubee jechootaa irratti kan argaman akka ta'e, uunkaa irratti hundaa'uudhaan dhokataaf tajaajil-tokkee jedhamanii beekamu.

Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti lat-horsoonni hiikaaf uunkaa jechootaa jijjiruu kan danda'anuu fi unkaadhaan mul'achuuf mul'achuu dhiisuu kan dandaa'an akka ta'eedha. Latorsoonni uunkaadhaan hinmul'anne latii duwwaa/luwaa/lowaa (zero morphem) jedhamanii beekamu.Latiin duwwaan (luwaan) latii qabatamaadhaan uunki isaa hin mul'anne ta'ee jiraachuun isaa garuu caasima keessatti haala galumsaatiin kan beekamuudha. Karaa biraatiin jiraachuun yookiin dhabamuun isaa hiika jechaas ta'ee, hiikaa himaa jijjiiruu kan danda'udha. Latiin hin mul'anne kun mallattoo {∅} tiin agarsiifama. Fakkeenyaaf, (1). 'Inni deeme.' (deem-∅ - e), (2). 'Toltuun dhufte.' (dhuf-t-e),himoota jedhan keessatti lat-horsi duwwaa jirt.

Lat-horsi jechoota irratti maxxanuudhaan tajaajila jechootaa seerluga keessatti jijjiiruu ni danda'a.Garuu jecha haaraa ijaaruu yookiin uumuu keessatti qooda hinqabu.Hiika hundee (base) jechootaa jijjiiruu hindanda'anu.Latorsi jechoota haaraa ijaaruuf osoo hin taane jechootuma garee tokko keessatti argaman horsiisuudhaan tajaajila seerlugaa akka kennanu godha.Fakkeenyaaf, jecha Afaan Ingiliizii 'skip' jedhutti '-ing/-ed' yoo itti daballe,' skipping' fi'skipped'jechoota jedhanu arganna.Jechoonni kunniin tajaajila hennaa kennuudhaan qofa tajaajilu. Hiikaa galmee jechootaa qabatee kan taa'u jecha 'skip' jedhudha (http:// wikipedia/org/wki/morphology-(linguistic)).

### 2.2.1. Amaloota Lat-horsaa

Latiin hortee latii yaasaa yookiin uumamtee irraa amaloota ittiin adda bahee beekamu qaba.Akka hayyuun Clayton Valli(2000 f,309) bifa armaan gadiitiin lafa kaa'eera.

> Characteristics that distinguish inflections from derivations as follows.Do not change part of speech or meaning;e.g.big and bigger, big, biggest are all adjectives, Typically indicate syntactic or semantic relations between different words in a sentence, e.g. the present tense morpheme {-s} in waits shows agreement of the verb (both are third

person singular),Typically occur with all members of some large class of morphemes, e.g. the plural morpheme {-s} occurs with almost all count nouns in English,Occur at the margins of a word, after any derivational morphemes, e.g. rationalizations, {-s} is inflectional, and appears at the very end of the word and in English are suffixes only(Clayton Valli: 2000; 309).

Akka waraabbiin armaan olii kun ibsutti lat-horsi amaloota ittiin latii yaasaa irraa adda bahu shan qaba.Isaanis, garee jechootaa yookiin hiikaa jechootaa jijjiiruu dhiisuu, dhuma irratti argamuu,erga latiin yaasaa jechoota irratti maxxaneen booda,tajaajila caaslugaa qofaaf ooluu isaa,jechoota garee jechaa isaan gurguddoo hundarratti maxxanuu danda'uu fi bakka galumsaatiin yoo ilaalamu maxxantuu duubee qofa ta'uu isaaniiti.

### 2.2.2. Lat-horsootaa fi Garee Jechootaa Irratti Argamanu

Yule George (2006; 64) 'An inflectional morpheme, which is a type of a bound morpheme, is defined by linguists as a mere grammatical indicator or marker. An inflectional morpheme cannot generate or create new words nor can it affect the grammatical class of a word.' jechuuhaadhan ibsa. Kana jechuunis, latorsi akaakuu latii hirkataa ta'ee, tajaajila caaslugaa kan kennuu ta'uu isaa fi jechoota haaraa uumuufis ta'e, garee jechootaa jijjiiruuf kan hin tajaajille ta'uu isaati.

Lat-horsoonni  tajaajila kennanuu fi jechoota irratti erbamanu bu'uura godhachuudhaan akaakuu garaagaraa qabu. Haaluma kanaan, latorsootni maqaa, gochimaa fi maqibsii irratti maxxanuu- dhaan tajaajila lakkoofsaa, gulantaa, koorniyaa, addirraa, matimaa, aantimaa, hennaa fi kanneen kana fakkaatan kennu. Akaakuu latorsootaa ilaalchisee,Muhammed Abdulrezzaq (2019), joornaalii mata duree 'Inflectional Morpheme' jedhu fuula 142-152 irratti latorsoonni maqaa, gochimaa fi ibsa maqaa irratti  maxxanuudhaan tajaajila seerlugaaf oolanu jiru jedha.

#### I. Lat-horsoota Maqaa

Maqaan garee jechoota Afaan Oromoo keessaa isa tokko ta'ee, tajaajila caaslugaa adda addaa kennuudhaaf latorsoota lakkoofsa, koorniyaa, addiirraa, matihima mul'istuu, aantima mul'istuu fi abbaa qabeenyummaa agarsiisanu ofitti maxxanfata.Andrea De Capua (2008:67) 'most countable nouns in English have twoword forms: a singular and plural. Inflectionally, for any

noun lexeme ‘X’ there are just two grammatical words ‘singular of ‘X’ and plural of ‘X’, jechuudhaan waa’ee latorsoota maqaa ibsa.Akka yaada hayyuu kanaatti maqaaleen qeenxee lakka’amuu danda’an latorsoota maqaa maxxanfachuun gara maqaa danuutti jijjiramuudhaan afaan keessatti jechi tokko uunkaa lama qabaatee tajaajila garagaraa lama akka kennu taasisa.
Maqaaleen seera caasima Afaanichaa hordofanii hiika duraan qaban osoo hin geeddarin odeeffannoo seerlugaa dabalataa kennuuf latiilee lat-horsaa maxxanfatu.Geetaahun Amaaree (2007:74-82), maqaaleen lakkoofsa, koorniyaa, ogummaa, addiirraa fi kkf ilaalchisee tajaajilaa seerlugaa kennuuf uunkaa isaanii ni jijjiru jedha. Afaan Oromoo keessattis maqaa **saree** jedhutti maxxantuu danoominaa **/-oota/** itti daballee ‘saroota’ taasisuudhaan danummaa agarsiifna.

Lat-horsoonni abbaa qabeenyummaa mul’isan jechoota tokko tokko irratti maxxanuudhaan qabeenyi yookiin wanti ta’e tokko kan eenyuu akka ta’e agarsiisu.Andrea (2008:66) dhimma kana ilaalchisee, Afaan ingiliizii keessatti maqaaleen latorsa abbummaa /-s/ fudhatan akkuma jiran kanniin hin fudhannes akka jiranu bifa itti aanuun ibsee jira.

> Nouns that generally do not take the inflectional possessive {-s} are inanimate nouns, although there are certain inanimate nouns that do not take the inflection possessive {-s}.These are generally collective nouns that refer to group of people such as company, team, committee or government. Most inanimate nouns take-off phrase to show possession, as in the back of desk not * the desk‘s back (Andrea DeCapua; 2008:66).

Akka yaada hayyuu kanaatti maqaaleen meeshaa, lubbu dhabeeyyii fi kkf lat-horsa abbaa qabeenyummaa agarsiistu hinfudhatanu.Maqaaleen meeshaalee adda addaa,kanneen gareedhaan waamamanu latorsa abbummaa hinfudhatanu.Afaan Oromoo keessatti lat-horsi abbaa qabeenyummaa agarsiistu latii {kan} jettudha.

Abarraa fi Kaawwan,(1998:162-168) akka ibsanitti, ‘latorsoonni danummaa maqaalee (-ota/-oota),(-olee/-oolee),/-een/, /-wwan/,/-eetii/,/-eyyii,-eeyyii/, /-ii/,/-oo/,/-an/, /-lee /,-olii/-oolii/, faadha.Latiileen danoomaa kunniin maqaalee garaa garaatti kan maxxanan ulaagaalee caaseffama sagalee birsagoota maqaaleetiini. Innis, dheerinaa fi gabaabina birsagootaatiin haalli maxxanuu murtaa’a’.Qorataan Mohammed Abdur Rezzaq (2019) jedhamu gama isaatiin, danoommii maqaa ilaalchiisee, ‘Afaan Ingiliizii keessatti latorsoonni danoommii agarsiisanu/-s,

-es, -yes, -ies, -en, -ren, -ee, and i./, kan Afaan Giriikii fi Afaan laatiinii, /- a, -e, -ices and -i and a zero suffixed/ ta’uu isaanii ibsa.

> The suffix that are added in noun plural inflections in English as follows: -s,-es, -yes, -ies, -en, -ren, -ee, and i. There are also Greek and Latin suffixes - a, -e, -ices and -i and a zero suffixed plural included.The options for noun plural inflection are much more complicated than simply adding {-s} to the end of a noun.Inflection for noun possessives also has numerous variations for the use of {-s} (Mohammed Abdur Rezzaq,2019).

Akka yaada hayyuu kanaatti Afaan Ingiliizii keessatti danoommii agarsiisuuf latii/-s/ fayyadamuun beekumsaaf hubannoo kan barbaadu ta’uu isaati. Sababni isaas, /-s/n abbaa qabeenyummaa agarsiisuufis tajaajila kan kennitu ta’usheetiin itti fayyadamni lat-horsa kanaa wal namarkaa dhahuu akka danda’u ibsa.

Lat-horsoota danoommii maqaa ilaalchisee, Abarraa fi kaawwan (1998:166), (Mengeshaa, 1993:23-24 fi Abdusemed 1994:34-89) ‘wabeeffachuudhaan Afaan Oromoo keessa yoo xinnaate latorsoota danoommii {-een, -eeyyii, -lee, -an, -oota, -wwan, -tii, -lii fi -oo,} jedhaman faatu jiru jechuudhaan ibsu. Fuuluma kanarratti barreeffama ‘A grammatical sketch of written Oromo’ jedhu wabeeffachuudhaan latiileen Afaan Oromoo keessatti danummaa agarsiisanu,/-oota/, /-ota/, /-lee/, /-wwan/, /-een/, /-olii/, /-olee/ fi/-aan/faadha jedhu.Addunyaa Barkeessaa (2011) kitaaba ‘Sanyii’ jedhu keessatti immoo /-lii/dha malee /-olii/n lat-horsa hin ta’u,/o/n saagamtuudha jechuudhaan yaada isaa dhiyeessa.

Maqaaleen latiilee {-eessa/-eettii ykn -essa/-ettii,-icha/-ittii ykn -cha/-ttii, -aa/-tuu yookaan-aa/-ituu fi -a/-ee}maxxanfachuun koorniyaa agarsiisu(Abarraa fi kaawwan,1998).Saalli kan uumamaa fi kan saayinsii akka ta’eef,saalli uumamaa kormaafi dhalaa akka ta’e(Geetaahun Amaare,2007;77) yaada isaa lafa kaa’a.Lat-horsoonni adda addaa maqaaleetti maxxanuudhaan addiiraa (sigulative) mul’isu. Lat-horsootni addiirraa kunniin waan tokko wanta isa biraa irraa adda ta’uusaa beeksisu.Latiileen maqaatti maxxananii tajaajila addirraa kennan koorniyaa kormaaf,{-icha/-cha} koorniyaa naayeetiif {-ttii/-ittii}faadha.Fakkeenyaaf,gurbicha, harricha, namicha,sangicha,intalittii,harrittii (Geetaahun Amaare,2007;81-82).

Lat-horsootni mat-him mul’istuu yeroo hedduu mul’atan,/-n/,/-ni/ /-ti/,fi /-i/ dha (Addunyaa 2011,f.68).Latorsa matimaa ilaalchisee Abarraa fi kaawwan (1998,f.229-234)’Lat-horsoonni matima agarsiisanu {-n, -ni, fi -i }ta’uu isaaniif {-n}n jechoota dubbachiistuu dheeraadhaan xumuraman irratti,{-ni}n immoo jechoota dubbachiistuu gabaabaadhaan xumuraman irrattii fi {-i}n immoo wiillaa jecha dubbifamaa lamaan xumuraman irratti akka maxxananu ibsanii jiru. Afaanota hunda keessatti lat-horsoonni bifa walfakkataa hin qabaatanu. Afaan Amaaraa keessa lat-horsoonni matim mullistoota ta’an hinjiranu. Fakkeenyaaf, Caaltuun laaqanan nyatte [Chaltu misawan belach] (BaayyeeYimaam, 2010, f. 35).

### II. Lat-horsoota Gochimaa

Latorsoonni gochimootatti maxxanuun tajaajila seerlugaa ni kennu. Yaada kana hayyuun xiinqooqaa, Tashoome Balaay, (2015:184) qorannoo isaa ‘A grammar of khimtat’anga’jedhu keessatti’The inflectional sytem of a verb is involves the following grammatical catagories person, gender, aspect, and mood’jechuudhaan ibsa.

Gochimoonni afaanota adda addaa keessatti latorsoota ofitti fudhatanii gulantaa agarsiisuu danda’u. Fakkeenyaaf, Afaan Oromoo keessatti, gochimoonni lat-horsa fudhachuun gulantaa mul’isan ni jiru. Jecha ‘deem**t**e’ jedhu fudhanee yoo ilaallu, latorsi {**-t**} n jecha ‘deemte’ jedhu keessatti argamtu gulantaa 3ffaa (naayee) fi gulantaa 2ffaa qeenxeef danuu agarsiisti. Fakkeenyaaf, Isheen deem**t**e, Ati deem**t**e, Isin deem**t**an). Gulantaan walsimannaa matimma fi gochima ilaallata. Latiin {-t-} gulantaa lammaffaa danuuf qeenxee, akkasumas gulantaa sadaffaa qeenxee (naayee) keessatti argamti. Hima keessatti bamaqaan bakka matimaa qabatu maxxantoota gochimarratti argamuun gulantaa agarsiisan faana lakkoofsaa fi koorniyaadhaan walsimuu qabu (Getahun Amare, 1989, f.109-110).

Lat-horsi danummaa wixina xumuraa, matima, yookiin immoo gulantaa mul’istuutti aanee dhufa. Danummaan gochimaa, latii /-an/ jettuun agarsiifama (Abarraa fi Kaawwan 1998). Fakkeenyaaf, ’Isin nyaatt**an**,nyaat-**t-an**,’nyaat-‘kan jettu wixina xumuraa,{-t}n immoo maayii gulantaa,{-an}maayii lakkoofsaa agarsiisuuf oolu.Akkuma gubbaatti ilaalleen latiin{-an}jettu lakkoofsa agarsiisuuf jecha nyaat<u>tan</u> jedhu keessatti gulantaa agarsiistuu {-t}tti aantee dhuuftee jirti.

Heennaan yeroo raawwii kan agarsiisuudha. Yeroon kan darbe, kan ammaa fi kan dhufu keessatti raawwii adda addaa kan ittiin agarsiisnuudha (Tashoomaa ,1997). Fakkeenyaaf, Afaan

Ingiliizii keessatti gochimoonni hennaa darbe agarsiisuuf,latorsa'-ed'jettu ofitti fudhatu.Haalli kun Afaan Oromoo keessattis kan mu'atu yemmuu ta'u,latorsi{-e} gochimoota Afaan Oromoorratti maxxantee heennaa darbeennaa agarsiisti.Latorsoonni /-i/, /-a/, /-aa/, /-e/, /-uu/, /-ti/fi/-f/n gochimoota Afaan Oromoo irratti fufamuudhaan tajaajila hennaa kennu.

### III. Lat-horsoota Ibsoota Maqaa

Latiileen hortee akkuma maqaalee irratti maxxanuudhaan tajaajila caaslugaa adda addaa kennanu, ibsoota maqaarrattis maxxananii tajaajila caaslugaa yemmuu kennanu ni mul'atu. Lat-horsoonni ibsoota maqaa irratti maxxanuudhaan odeeffannoo lakkoofsaa, addiirraa fi odeeffannoo koorniyaa kennanu nijiru. Haala addaatiin immoo ibsoonni maqaa heddumina agarsiisuudhaaf, birsaga isa jalqabaa irra deddeebi'u (Geetaahun, 2007). Fakkeenyaaf, diimaa-diddiimaa, dheeraa-dhedheeraa, collee-cocollee, adii-adaadii.Asirratti wanti hubatamuu qabu seera birsagoota Afaan Oromoo eeguudhaaf jecha adeemsi haquu fi saaguu ni jiraata. Latorsoonni koorniyaa saala kormaa fi naayee adda baasuuf nu fayyadu. Ibsoonni maqaa Afaan Oromoo latorsoota {-aa/-oo,/-duu/-tuu/-ch,/-ss,} maxxanfachuun koorniyaa kormaaf naayee agarsiisu. Fakkeenyaaf, jab**aa**, jab**duu**, diim**aa**, diim**tuu** fi kkf jechoota kanniin keessatti kan gurraacha'an latorsoota koorniyaa ibsoota maqaati.Ibsoonni maqaa akkuma maqaa lat-horsa danoommii agarsiisanu qabu. Lat-horsoonni maq-ibsii danummaa agarsiisanu/-oota, –ota, -oo/ faa akka ta'anAddunyaa Barkeessaan kitaaba isaa 'Sanyii'jedhu keessatti ibseera. Fakkeenyaaf, ham**oota**, dadhabd**oota**/dadhab**oo**, gurraach**ota**, gamn**oota**, abshaal**ota**, goww**oota**,garraam**ota**, kanneen jedhan keessatti latiileen gurraacha'an ibsoota maqaa irrtti maxxanuudhaan danooma agarsiisu (Addunyaa Barkeessaa, 2011; f. 96).

Kana malees,ibsoonni maqaa akkuma maqaa lat-horsoota addiirraa agarsiisanu ni qaba.Lat-horsoonni addiirra mul'isan /-icha/ fi /-ittii/ dha.Fakkeenyaaf,ham**icha**,hamtu**ttii**,gurraach**icha**, qallo**ttii**,xinn**ittii** fi kkf. Afaan amaaraa keessa lat-horsoonni adiirraa agarsiisanu /kormaaf/ dubbachiiftuu Afaan Amaaraa /-u, liju/ yemmuu taatu,dhalaa agarsiisuuf immoo/-itu, lijitu/fi /-waa -lijituwaa/ fayyadamna (Getahun Amaree, 1989:f.94).

## 2.3. Yaadiddama Qorannichaa

Yaadiddamni dhimma qabannee kaanee fi hojii keenya dhugoomsuu keessatti gahee guddaa qaba.Qabxii qabatamee ka'ame sana yaada deeggaruu danda'u qabaachuun dirqama ta'a

jechuudha.Haaluma kanaan, qorannoon kun yaadiddama /yaaxxina/ caasessaa (structural theory) irra dhaabbachuun gaggeeffame.Akka Chomisky (1965,f.163) ibsutti, yaadiddamni caaseffamaa seeraa fi caasaa afaanii ibsuu irratti xiyyeeffata.Yaadiddamni kun lat-horsoonni haala kamiin latiilee dhaabbatoo irratti akka ijaaramanii tajaajila kennanu agarsiisa.Lat-horsoonni maalif,iddoo kamittii fi akkaataa kamiin latiilee biro faana akka hiriiru mul'isa.

Lat-horsa ilaalchisee Stump.G,(2001) yemmuu yaada isaa ibsu 'lat-horsoota afaan tokko keessa jiranu yaadiddamoota dhiyaanna adda addaa fayyadamnee xiinxaluu dandeenya jedha. Isaanis, hiikaa jecha bu'uuraa kan jijjiirru ta'uusaaniitiin,yaadiddama hiikaa jecha bu'uuraa bu'uureffate, uunkaadhaan gaggabaaboo, hirkatoo fi kan mul'atanuuf kan hinmul'anne ta'uu isaaniitiin dhiyaannaa latorsaa uunkaa bu'uureffate, tajaajila caaslugaa qofaaf ooluu isaaniitiin dhiyaannaa latorsaa tajaajila bu'uureffatee fi duubee jechootaarratti hundee jechootaa fi wiillaa irratti maxxanuu danda'uu isaaniitiin dhiyaannaa latorsaa bakka galumsaa bu'uureffate irratti hundaa'uudhaan xiinxaluu akka dandeenyuu ibsa.

### 2.3.1. Yaadiddama Lat-horsaa Tajaajila Bu'uureffate

Lat-horsoonni tajaajila seerlugaa kennuudhaaf jechootatti maxxanu. Harmer, (1987:10)'it is clear that when we introduce a new piece of grammar, we must teach not only the form, but also one of its function'jedha. Caasaa haaraa yemmuu jennu kan barsiifamuu qabu uunkaa qofaa osoo hinta'in, tajaajila hiikaa unki afaanii sun qabu jechuudha. Harrison Adeniyi (2010:22-23),'an inflectional morpheme plays three grammatical roles in English: it indicates tense, number, and comparison' jechuudhaan ibsa. Akka hayyuu kanaatti latorsoonni tajaajila heennaa, lakkoofsaa fi waa walbira qabanii waldorgomsiisuudhaan tajajila kennu kan danda'anu ta'uusaati. Yaada kana ilaalchisee Harrison bifa itti aanu kanaan ibsa.

> An inflectional morpheme plays three grammatical roles in English: (1) It indicates tense. (2.) It indicates number -Plurality deals with nouns. Nouns are affected by number (3) It indicates comparison - Adjectives are used to compare. Adjectives have comparative (for two things) and superlative (more than two things) forms (Harrison Adeniyi, 20 10:22-23).

Akka waraabbii armaan olii kanaatti lat-horsi tajaajila caaslugaa yookiin seerlugaa qofaa kan kennanu ta'uu isaati. Lat-horsi gochimootarratti maxxanuun heennaa, maqaarratti maxxanuun

lakkoofsa, ibsa maqaarratti maxxanuudhaan tajaajila caaslugaa kan kennu ta’uusaa gabaabsee ibsee jira.

### 2.3.2. Yaadiddama Latorsaa Iddoo Galumsa Bu’uureffate

Yaadiddamni kun caaseffama kan ilaallatu ta’a.Kunis latorsoonni caaseffama jechootaa keessatti akkamitti argamuudhaan tajaajilli seerlugaa garaa garaa isaan afaan keessatti kennan maal akka fakkaatu xiinxala.Maxxantoonni haala sadiin jechootarratti argamu. Kunis, duree jechootaa, duubee jechootaa fi duraaf duubee jechootaarratti argamu. Afaan Oromoo keessatti fufiileen duree, fufiilee boodaatiin walbira qabamanii yoo ilaalaman xiqqeenya qabu. Haaluma kanaan, akaakulee fufiilee sadan kanaa keessaa tajaajila hormaataaf kan oolanu fufiilee duubeeti.

Akka hayyuun Clayton Valli (2000,f.309) ibsutti tajaajila hormaata jechootaa kan kennanu maxxantoota boodaati.Latorsoonni duubee jecha tokkotti karaa boodaa maxxanuun tajaajila caaslugaa fi hiika jechichaa jijjiiruu keessatti gahee qabu.Akaakuun dhamjechoota kanaa Afaan Oromoo keessatti kanneen biraa wajjiin walbira qabamanii yoo ilaalaman lakkoofsaan hedduudha (Abarraa fi Kaawwan, 1998; Matthews,1991).

### 2.3.3. Yaadiddama Lat-horsaa Uunkaa Bu’uureffate

Lat-horsoota uunkaa isaanii irratti hundoofnee bakka garagaraatti qoqqoonnee ilaaluu dandeenya. Haaluma kanaan Lat-horsoota uunkaan hin mul'anne ta'anii tajaajilaan garuu mul'atan latii dhokataa /duwwaa/ jedhamanii waamamu. Fakkeenyaaf, jecha" deeme" jedhu keessatti dhamjechi ramaddii 3ffaa saala dhiiraa mul'isu hinjiru. Kana malees, latiileen tajaajila tokkee ta’an ni jiru. Kunis, lat-horsoonni bifa adda addaa qabaachuun /eenyummaadhaan adda adda ta’anii/ tajaajila tokkoof kanneen dhaabbatan jiru. Fakkeenyaaf, lat-horsoonni /-n, -ni, -i, -ti/ hunduu matim mullistoota; latorsoonni /-oota, -ota, -wwan, -een, -lee,/ fi kkf hunduu bifa adda addaa haaqabaatan malee tajaajilli isaanii danooma agarsiisuudha (Abarraa fi Kaawwan,1998).

Gabaabummatti latiin hortee ykn latorsi iddoo galumsaatiin duuba jechootaarratti kan maxxanu, uunkaadhaan gaggabaaboof kan mul’atuu fi kan hinmul’anne,uunkaa jechoota irratti maxxanuu kan jijjiiru akka ta’e; faayidaa isaaniitiin immoo tajaajila matima, aantima dagalee,koorniyaa, lakkoofsa, gulantaa,addiirraa fi heennaa kan kennanu,hiikaa jechoota bu’uuraa kan hin jijjirre,latii hirkataa fi fufiilee duubee jalatti kan ramadamanu,qobaa isaanii of danda’anii

dhaabbachuun hiikaa kennuu kan hin dandeenye,horsiisa jechootaa fi tajaajila seerlugaatiif qofa hojiirra kan oolan akka ta'an,hayyuuleen adda addaa yaada isaanii lafa kaa'anii jiru.Itti aansuudhaan mala dhiyeenyaa lat-horsaa kan ilaallu ta'a.

### 2.4. Mala Dhiyeenya Caasaa Seerlugaa

Mala dhiyeenyaa caasluga afaan tokkoo ilaalchisee,namni yookaan barsiisaan afaan tokko keessatti caasaa afaanichaa barsiisu, caasaan maal jechuu akka ta'e,akkamitti akka itti fayyadamnu,caasichi akkamitti akka ijaaramu, barattoonni akka itti fayyadamanuuf haala ifa ta'een fakkeenyaa fi ibsa kennuudhaan dhiyeessuu qabna.Yaada kana Bölcsész Konzorcium and etel.(2006,f.74) bifa itti aanuun ibsu.

> When we present a structure, it is important to show what the structure means and how it is used by giving examples; show clearly how the structure is formed, so that students can use it to make sentences of their own.There are two types of presentation:teacher-led presentation (the overt way or explicit way of presentation) and discovery technique (the covert or implicit way of presentation) (Bölcsész Konzorcium and etel.,2006, f.74).

Akka madda armaan olii kanatti caasaa afaanii karaa lamaan dhiyeessuu akka dandeenyuu yoo ibsu, barsiisaadhaan kan durfamuu fi barattoonni karaa uumamaatii jireenya dhugaa keessatti akka baratanuuf haala mijeessuudhaan barsiisuu dandeenya jedha.Kana malees, seerlugni akkaataa uumurii daa'immaniitiin dhiyaachuu kan qabu ta'uusaa hubachiisa.

### 2.5. Sakatta'a Qorannoolee Walfakkii

Sakatta'a barruulee kana keessatti qorannooleen walfakkii mata duree qorannoo koo kana wajjin walitti dhiyeenya qaban afur sakatta'amanii dhiyaatanii jiru.Inni jalqabaa Dassaaleny Asaffaa (2011), mata duree 'Qaaccessa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa fi 11ffaa'jedhurratti qorannoo gaggeeffametu sakattaa'amee dhiyaate. Dassaalany qorannoo isaa akka gaggeessuuf kan kakaaseen kutaalee lamaan kanniin yemmuu barsiisu akkaataa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo gama uunkaan, tajaajilaan, bakka galumsaa fi kkf irratti hanqinaaleen jiraachuu arguu isaati.Akkasumas, walsimannaan qabiyyee barnootaa meeshaalee barnootaa gidduu kan hinjirre ta'uusaati.

Qorataan kun qorannoo ibsaatti kan gargaarame yoo ta'u, ragaalee sakatta'a dokimantiitiin qorannoo kanaaf walitti qabes mala qorannoo akkamtaatiin qaaccessee jira.Argannoon qorannoo Dassaalany kitaabilee kutaalee lamaanuu keessatti dhamjechoonni akkataa akaakuu isaaniitti (unkaan, tajaajilaan, bakka galumsaa fi qabiyyeen) adda bahanii qofa qofaattii ibsamuu dhabuudha.Hanqinni kitaaba barnootaa keessatti mul'atu, kitaabilee seerlugaatiin furamu akka danda'u eeruu kennuu hafuun isaa fi kitaabilee seerlugaas sakatta'uun akka barbaachisu ibsuu hafuun isaa qaawwa ta'a.

Qorannoon inni lammaffaa, kan Abdel Rahman Matib Altakhaineh (2014) mata duree,'The Interaction Between Inflection and Derivation in English and MSA: An Insightful Glimpse into the Boundaries', jedhurratti gaggeessedha. Abdel Rahman Mitib qorannoo kana gaggeessuun isaa jechootni latii yaasaa fi latii latorsaatiin akkaataa itti ijaaraman irratti hubannoo kennuudha. Afaanota qorannoon isaa irratti gaggeeffame lamaanuu keessatti latiilee hortee fi yaasaa gidduu garaagarummaan guddaa fi ifaa ta'e kan hinjirre ta'uusaati. Abdel Rehman akka ibsetti, latorsi fi latiin uumamtee haala ifa ta'een gargar cituu kan hindandeenye ta'uusaati. Jechootaa haaraa uumuuf, akkasumas, jechoota tajaajila caasluga adda addaatiif oolan horachuu keessatti lamaan isaanii yemmuu walkeessa dhufan agarsiisa.Qorannoo Abdel Rehman keessatti akka qaawwaatti kan fudhatame garaagarummaan latii yaasaa fi latii hortee gidduu kan jiru akka ta'e hubachuu hafuudha. Kanaafuu, qorannoon koo qaawwa kana duuchuuf deema jechuudha.

Barruun inni saddaffaa sakattaa'ame Eebbaa Goobanaa bara, 2014 A.L.A Yuunivarsiitii Addiis Ababaatti qorannoo mata duree "Qaaccessa dhiyaannaa qabiyyee dhamjechootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa bara 2005 hojiirra oole" jedhurratti gaggeeffamedha Gosti qorannoo kanaa qulqulleeffataa yoo ta'u, mala addeessaa fi sakatta'iinsaa fayyadameera. Kaayyoon qorannichaa dhiyaannaa dhamjechootaa kitaaba barataa qaaccessee dhiheessuudha. Argannoon qorannoo kanaa qajeelfami shaakala latiilee irratti kennaman ifa ta'uu hafuu, yaadannoon kitaabaa fi qajeelcha barsiisaa irratti dhiyaate shaakaloota dhiyaatan wajjin walsimuu hafuu, ibsi bal'inaan kennamuu hafuu, gosootni dhamjechootaa hundi dhiyaachuu hafuu, akkaataan latiileen ittiin waamaman maqaa adda addaa qabaachuun isaa itti fayyadamtoota kitaabichaa dogoggorsuu kan danda'u ta'uusaa bira gaheera.

Qorannoon Eebbaa latiilee hirkatoo hundaa fi kitaaba barnootaa irratti xiyyeeffachuu isaatiin kan koorraa adda isa godha. Kan koo latorsa qofaa fi kitaabilee seerluga Afaan Oromoo irratti

xiyyeeffata. Hanqinaalee mul'atan kanneeniif furmaata kan ta'u kitaabilee seerlugaati. Garuu, Eebbaan waa'ee kanaa wantinni jedhe hinjiru waan ta'eef qaawwa qorannoosaa ta'a jechuudha. Kanamalees, latorsi garee jechootaa maqaa, xumuraa, fi ibsa maqaa irratti karaa duubaan maxxanuudhaan tajaajila caasluga dabalataa kenna malee qabiyyee mataasaa kan hin qabne ta'uusaa qorannoon kun kan deebisu ta'a.

Qorannoon inni arfaffaa, qorannoo Kadir Abdala Ouba (2019) mata duree 'The Analysis of Morphological Properties of Arsi-Bale word classes with special reference to Arsi-Bale Noun Morphology' jedhu irratti gaggeesseedha. Ka'umsi qorannoo kanaa, Afaan Oromoo afaan saba bal'aa fi lafa bal'aa irratti dubbatamu ta'us, garee jechoota Afaan Oromoorratti qorannoon bal'aa gaggeeffamuu kan hindandeenye ta'uu isaati. Qoratichi saxaxa qorannoo qulqulleeffataa fayyadamee ragaalee tooftaalee adda addaatiin sassaabbatee qorannoo isaa gaggeessee jira. Latorsa irratti hojjechuun isaa fi Saxaxa qorannoo qulqulleeffataa fayyadamuun isaa tokkummaa qorannoo keenyaa yoo ta'u, wanti adda isaan taasisu kan koo kan kadir caalaa gooroodha. Qorannoon Kadir lat-horsa maqaa qofa irratti xiyyeeffata.

Akka qorataan kun xiinxaletti, Arsii-Baaleetti lat-horsoonni maqaa irratti maxxanuudhaan danooma agarsiisan,/-oota,-ota,-lee,-eeyyii,-eyyii, -wwan, -iin /,kanneen koorniyaa agarsiisanu, /-icha,-ssa,-ittii, fi -tti/,kanneen addiirraa agarsiisanu /-icha, -ittii,/, matima mul'isuuf,/-nni,-lli,-rri,-i,-ni,-fi -n/, abbaa qabeenyummaa agarsiisuuf,/ kan'/,meeshaalee agrsiisuuf,/-an,-iin,-n,-dhaan/,aantima al-kallattii agarsiisuuf /-f,-af,-ii/fayyadamu.Qaawwi qorannoo kadir lat-horsoonni maqaa hawaasa Arsii-Baalee keessatti tajaajila kennanu kitaabilee seerlugaa waalta'anii qophaa'uudhaan Oromoon hundi itti fayyadamu keessatti akkamiin dhiyaanii jiru kan jedhu walbira qabee hin ilaalin hafuu isaati.Kanaafuu, qorannoon kun qaawwa kana duuchuudhaaf deema jechuudha.Sababni isaas, hanqinaaleen kitaabilee barataa keessatti mudatanu furmaata kan argatanu kitaabilee wabii beekumsa dabalataaf qophaa'an keessatti waan ta'eef xiyyeeffannoodhaan qophaa'uu qabu.

Walumaagalatti boqonnaa lammaffaa kana keessatti, yaadrimeen lat-horsaa,yaadiddamni latii,fi sakatta'i hojiilee walfakkaatoo ta'an irratti gaggeeffamee dhiyaatee jira.Eegaan kutaa itti aanu keessatti immoo saxaxa qorannoo kanaatu dhiyaatee jira.Kunis,adeemsa qorannoon kun ittiin gaggeeffame bakka lafa itti kaawwatameedha

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti, saxaxni qorannichaa, maddi ragaa, meeshaan ragaaleen ittiin sassaabame, fi malli ragaaleen itti qindeeffamanii fi qaacceffaman dhiyaatanii jiru.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun xiinxala qabiyyee latiilee hortee kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman irratti kan xiyyeeffate yemmuu ta’u, yaadiddama (yaaxina) caasessaa bu’uureffachuudhaan, tajaajila,iddoo galumsaa fi uunkaa isaaniitiin xiinxalee dhiyeesseera.Haaluma kanaan Kitaabilee filataman kanniin keessatti latorsoonni dhiyaachuuf dhiyaachuu dhiisuu isaanii adda baasee, latorsoota kitaabilee filataman keessatti dhiyaatan guutummaa,fi sirrummaa qabaachuu isaanii xiinxaluudhaan qaaccessee dhiyeesseera.

Qorannichi gosoota qorannoo jiran keessaa qorannoo qulqulleeffataa yemmuu ta’u, ragaan isaa mala ibsaa gargaaramuudhaan qaacceffamee dhiyaateera. Gosa qorannoo kanaa gargaaramuun kan barbaachiseefis, kaayyoon qorannichaa haala latorsi kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti itti dhiyaate, yaaxxinoota latiilee bu'uureffachuudhaan sakatta’ee fi xiinxaalee dhiheessuu isaatiini.Haala latorsoonni kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman keessatti itti dhiyaataan mala sakatta’a dookimantii fayyadamuudhaan latorsoota tokkoon tokkoon kitaabilee filataman keessatti dhiyaataniif hindhiyaanne adda baasuudhaan sirrummaa,guutummaa, akkasumas,ciminaaleefi hanqinaalee mul’atan akkaataa walfakkeenyaaf garaagarummaa isaaniitiin bifa barreeffamaa fi gabateetiin qaacceffamee dhiyaateera.Haalli ragaan ittiin sassaabames gaaffilee qorannoo irratti hundaa’uudhaan cheekliistiin qopheeffamee madda ragaa 1[ffaa] irraa odeeffannoon sassaabamee jira.Haaluma kanaan, ragaan tooftaa sakatta’a dookimantiitiin funaanamee boqonnaa 4[ffaa] keessatti  xiinxalamee dhiyaateera.

Yaadiddamoota latii hortee bu’uura godhachuun kitaabilee seerluga Afaan Oromoo qoratichaan filataman keessatti ‘latorsi’ akkaataa kamiin akka dhiyaate xiinxaluudhaan hanqinni fi ciminni jiru adda baafameera,akkasumas haala latorsi kitaabilee filataman kanniin keessatti itti dhiyaate walbira qabuudhaan xiinxaleera.Dhumarrattis yaanni furmaataa hanqinaalee mul’atanii eeramee goolabamee jira.

### 3.2. Madda Ragaa Qorannichaa

Qorataan kun qorannoo isaa kanaaf akka madda ragaa tokkoffaatti kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman fudhateera. Kitaabileen seerlugaa qoratichaan filataman kunneennis, kitaaba seerluga Afaan Oromoo'Natoo' (2012) (maxxansa2ffaa) 'Gadaa' (2012) (maxxansa 3ffaa), 'Furtuu'(2019) (maxxansa 6ffaa), fi'Saaqaa' (2013) (maxxansa 16ffaa) yemmuu ta'an, akka madda ragaa lammaffaatti immoo kitaabilee wabii fi sakatta'a barruulee adda addaa ta'u.

### 3.3. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname

Maloonni odeeffannoon ittiin sassaabannu hedduutu jiru. Haa ta'u malee, qorannoo kanaaf mijataa kan ta'ee fi mata duricha wajjin deemuu kan danda'u sakatta'a dokimantiiti.

#### 3.3.1. Sakatta'a Dookimantii

Malli ragaan ittiin sassaabame sakatta'a dookumantiiti.Sababni malli kun filatameefis, kaayyoon qorannoo kanaa haala dhiyeenya latorsaa kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filatamanii xiinxalee dhiheessuuf kan deemaa jiru ta'uu isaatiini.Haaluma kanaan, qorataan kun latorsoonni tokkoon tokkoon kitaabilee seerlugaa filataman keessatti haala kamiin akka dhiyaate xiinxalee dhiheessuuf kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo filataman kanniin akka madda ragaa 1ffaa qorannoo kanaatti fudhateera. Kanumaan walqabatee odeeffannoo sirrii, amansiisaa fi barbaachisaa ta'e argachuudhaaf cheekliistii qopheeffatee kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman kanniin sakatta'uudhaan ragaa sassaabbatee jira.

### 3.4. Mala Ragaa Qindeessuu, Xiinxaluu Fi Hiikuu

Qorataan kun ragaa barbaadu mala armaan olitti eerameen erga sassaabbateen booda xiinxala gaggeessee jira.Haalli itti xiinxalli gaggeeffames tartiiba gaaffilee qorannoo boqonnaa 2ffaa keessatti lafa kaa'ameenidha.Xiinxala erga gaggeesseen booda ragaa hiikeera.Haaluma kanaan, ragaaleen funaanaman akkaataa walfakkeenyaa fi walitti dhufeenya isaaniitiin mata duree mata dureedhaan qoqqoodamanii bifa barreeffamaa fi gabateetiin qindaa'anii dhiyaatanii jiru.Haala ragaan ittiin argamee fi funaaname irratti hundaa'uudhaan mala addeessaatiin xiinxalamee kan dhiyaate yemmuu ta'u, dhumarrattis, ragaa xiinxalamee fi hiikame irratti hundaa'uudhaan, argannooleen, goolabni fi yaadni furmaataa walduraa duubaan dhiyaatanii jiru.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALAA FI QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti xiinxala ragaalee Sakatta'a dokimantiitiin argametu dhiyaatee jira. Kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman, gaaffilee mirkaneeffannaa gargaaramuudhaan kanan sakatta'e yemmuu ta'u; kunis, kitaabileen seerlugaa filataman gaaffilee qorannoo bu'uura godhachuudhaan sakatta'amanii ragaan sassaabamee jira. Haaluma kanaan, kitaabilee seerlugaa filataman kanneen keessatti lat-horsoonni dhiyaataniif hindhiyaanne, lat-horsoonni kitaabilee kanniin keessatti dhiyaatanis sirrummaaf guutummaan isaanii maal akka fakkaatu adda bahuun ciminaalee fi hanqinaaleen isaanii qaacceffameera.Kanumaan walqabatee, armaan gaditti xinxala kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filatamanii tokko tokkoon dhiyaatanii jiru.

## 4.1. Xiinxala Kitaabilee Seerlugaa Afaan Oromoo Filatamanii

Qorataan kun kitaabilee Seerluga Afaan Oromoo afur (4) filatee xiinxala gaggeessee jira. Kitaabileen filataman kunneenis, 'Furtuu' (2011/19), max.6ffaa, 'Natoo' (2012) max. $2^{ffaa}$, 'Gadaa', (2012), max.3ffaa, fi 'Saaqaa' (2013/21) max. $16^{ffaa}$ dha.

Kitaabni 'Furtuu' xiinxalaaf filatame bara, 2011/19 yeroo $6^{ffaa}$tiif irra deebi'amee kan maxxanfame yemmuu ta'u, barreessaan kitaabichaa Geetaachoo Rabbirraa dha.Kitaabni kun boqonnaalee 11 fi qormaata biyyoolessaa xumura barnoota sad.2ffaa Afaan Oromoo kutaa $10^{ffaa}$ bara 1993-2010 of keessatti qaba. Kitaabni kun irra caalaatti barattoota kutaa 9ffaa fi10ffaa jiranu akka tajaajiluuf yaadamee kan qophaayedha. Kitaabni inni lammaffaa xiinxalaaf filatame, kitaaba seerluga Afaan Oromoo'Natoo'bara 2012 A.L.I. si'a $2^{ffaa}$tiif fooyyaa'ee maxxanfamuun tajaajila kennaa jirudha.Kitaabni 'Natoo' barattoota sadarkaa kam irra jiranu akka tajaajilu adda baasee hin ibsine.Barreessaan kitaaba kanaa Addunyaa Barkeessaa yoo ta'u, kitaabichi kutaalee gurguddoo sadiitti qoodamuudhaan mata dureewwan gurguddoof xixiqqoo garaagaraa dhiyeessee jira. Fuulli waliigalaa kitaabichi qabu 287 yoo ta'u, kutaan tokkoffaa, yaadrimee Afaanii fi caaslugaa bifa gooroo ta'een fuula 1-23 tti dhiyeessee jira. Kutaan lammaffaa, caasluga afaan Oromoo fuula 25-33tti kan dhiyeesse yemmuu ta'u, kutaan inni sadaffaa immoo sadarkaalee balballoomsa caasaa Afaan Oromoo fuula 37-287 tti qabiyyee xiinqooqaa wajjin walqabatan dhiyeessee jira. Eegaan kutaan sadaffaa kun bakka dhimmi qorannoo kun irratti xiyyeeffatu kan of keessaa qabu waan ta'eef sakatta'i kutaa kana irratti taasifamee jira.

Kitaabni inni sadaffaan xiinxala qabiyyee lat-horsaatiif filatame,kitaaba seerluga Afaan Oromoo ‘Gadaa’(2012) jedhudha.Kitaabni kun Rabbirraa Tafarraatiin bara 2012 yeroo $3^{ffaa}$ tiif fooyyeeffamee kan dhiyaatedha.Kitaabichi barattoota kutaa $9^{ffaa}$ fi $10^{ffaa}$ gargaaruuf yaadamee akka qophaahe fuula jalqabaa kitaabichaa irratti ibsameera. Kitabni kun boqonnaalee 12 fi fuula 305 qaba. Boqonnaalee kanneen keessaa qabiyyeen latiif lat-horsaan walqabatan boqonnaa 4ffaa fi 7ffaa keessatti argamu. Boqonnaan $4^{ffaa}$ fuula 52-83 kan haguugu yoo ta’u, boqonnaan $7^{ffaa}$ immoo fuula 111 irraa kaasee hanga fuula 125 haguuga.Arfaffaa irratti kan xiinxalame immoo,kitaaba seerluga Afaan Oromoo 'Saaqaa' bara 2013/21 si'a $16^{ffaa}$tiif fooyyaffamee maxxanfamuun hojiirra jirudha. Barreessaan kitaaba kanaa Wasanee Bashaa yemmuu ta’u, kitaabni kun jufaara /boqqonnaalee/ (6) ja'a kan qabu yoo ta'u, jufaarri $6^{ffaa}$n gaaffilee fi deebii gaaffileetiin kan qabameedha. Boqonnaalee jahan dhiyaatan kanniin keessaa dhimmoonni latiileedhaan walqabatan jufaara /boqonnaa/ 4ffaa fuula 135-192 keessatti haala garaagaraatiin dhiyaatee jira.Boqonnaa 4 (f.135-192) keessatti mata dureeleen lat-horsaan walqabatanii dhiyaatan lat-horsoota,saala,ennaa,ramaddii,danooma mullistootaa fi kanneen kana fakkaataniidha.

Egaan kitaabilee xiinxalaaf filataman arfan keessatti latiileen hortee dhiyaatan isaan kam faa akka ta’an, kitaabni inni kam lat-horsa kamiin akka dhiyeesseef kamiin akka hindhiyeessine, lat-horsoonni kitaabilee filataman kanneen keessatti dhiyaatanis sirrummaa fi guutummaa qabaachuuf qabaachuu dhiisuu isaanii adda baasuuf xiinxalli gaggeeffameera.

Qoratichi xiinxala kana yemmuu gaggeessu yaadiddamoota dhimma latii irratti hayyuulee xiinqooqaatiin lafa kaawwamanii fi qorannoolee adda addaa mata duree qorannoo kanaatiin walitti dhiyeenya qaban irratti gaggeeffaman sakatta’ee dubbisuudhaan hojiisaa kanaaf bu’uura godhatee jira.Haaluma kanaan,qorataan kun yaadiddama caasessaa fi tajaajilaa/structuralism and functionalisim/ fayyadamuudhaan lat-horsoota kitaabilee seerlugaa filataman keessatti dhiyaatan uunkaa, iddoo galumsaa fi faayidaa isaaniitiin sirrummaa fi guutummaadhaan dhiyaachuurratti maal akka fakkaatan xiinxalee dhiyeesseera.

### 4.1.1. Lat-horsoota Kitaabilee Seerlugaa Filataman Keessatti Dhiyaatan

Lat-horsoonni afaan keessatti tajaajila caaslugaa/horsiisa jechootaa/ kennuudhaan beekama. Innis, garee jechoota osoo hin jijjiirin jechootuma duraan jiranu irratti maxxanuudhaan

jechoonni tajaajila dabalataa akka kennanu taasisa jechuudha. Afaan Oromoo keessatti lat-horsoonni maqaa,ibsa maqaa fi xumura irratti maxxanuudhaan tajaajiloota kan akka matimaa,aantimaa,lakkoofsaa,ennaa,gulantaa,koorniyaa,addiirraa,abbummaa,xiyyeeffannoo fi meeshaa mul'istuu kennu.Bu'uuruma kanaan kitaabileen xiinxalaaf filatamaan akkaataa lat-horsoota itti dhiyeessan, lat-horsoota dhiyeessanii fi hindhiyeessine akkasumas lat-horsoota dhiyeessanis sirrummaa fi guutummaadhaan dhiyeessuuf dhiyeessuu dhiisuu isaanii bifa itti aanuun xiinxalamee dhiyaateera.

Haaluma kanaan, kitaabni'Furtuu' (2011/19) lat-horsoota maqaa fi xumura irratti maxxanuudhaan tajaajila caaslugaa kan akka matima, aantima,lakkoofsa,ennaa fi abbummaa kennanu dhiyeesseera.Fakkeenyaaf, boqonnaa arfaffaa (f.54) irratti hundee jechaatiin walqabsiisee latii hortee ennaa mullistuu /-e/ fi latorsa danooma maqaa mullistuu /-oota/ akka fakkeenyaatti fudhatee dhiyeessee jira. Akka Geetaachoo Rabbirraa ibsutti /deem-/fi /dhug-/n hundee yoo ta'anu, latiin **{-e}** ennaa darbee agarsiisuuf maxxante jechuudha.Kana malees, maqaa 'saree' jedhurratti latorsa danooma maqaa agarsiistu /-oota/ maxxansuudhaa n 'sar<u>oota</u>'gochuudhaan danummaa maqichaa agarsiisuu danda'ee jira (Furtuu' (2011/19, f.54). Akka kootti lat-horsoota danoomaa fi lat-horsoota ennaa mullistoota osoo hunda isaanii fakkeenya fudhatee agrsiisee gaarii ture. Lat-horsoota lakkoofsaa fi ennaa agarsiisanu warra kaan itti dabalee dhiyeessuu hafuun isaa hanqina ta'a.

Kitaabni 'Natoo' gama isaatiin (f.88) irratti mata duree "xiinjecha" jedhu, (f.89-92) immoo mata duree 'dhamjecha' jedhu,fuula 92 gara dhumaa irraa kaasee hanga fuula 93-102 tti akaakulee dhamjechoota dhiyeesseera. Dhamjechi wabalaa yookaan dhamjechi hirkataa qabiyyee isaanii irratti hundaa'uudhaan hundee jechaa fi fufii jedhamuun akka qoodamanu ibseera.Fufiileenis, dhamjecha hortee, uumamtee, duwwaa, dhokataa, hiiktokkee, uunki tokkee fi dhamcii jedhamuudhaan akka qoqqoodamanu ibseera.

Kitaabni kun kallattiidhaan mata duree 'dhamjecha hortee' jedhu of dandeessisee akka mata duree tokkootti fuula 96 irratti dhiyeesseera. Itti aansuun fuula 97 irratti immoo caatoo fayyadamuudhaan faayidaa lat-horsoonni kennanu agarsiiseera.Kitaabichi (f.97) kanarratti lat-horsi akaakuu fufii keessaa tokko akka ta'e erga ibseen booda,fufiin hundee jechaatti maxxanfamuudhaan hiikaa jecha sanaa jijjiiruu kan danda'u akka ta'ee fi tajaajila caaslugaa akka kennu ibseera.Yaada kana, Abarraa fi Kaawwan,(1998);Matthews,(1991) 'Lat-horsoonni

jecha tokkorratti karaa boodaatiin maxxanuun tajaajila caaslugaa kennuu fi tajaajila jechichaa dabaluu keessatti gahee qabu' jechuudhaan ibsu.Yaanni hayyuuleen kunniin kennanii fi akkaataan kitaabni 'Natoo'itti dhiyeesse walsimata jechuudha. Caatoo kitaaba 'Natoo' irraa fudhatame haa ilaallu.

( 31 a) Fardaan → {-n}maayii meeshaa
Fardaa → {-a}maayii aantima alkallattii
Farda → {-a}maayii aantima kallattii
Fard- → hundee

( 31b) Garbichichatu
Garbichicha → {-tu} xiyyeeffannoo
garbichich- → {-a} aantima kallattii
Garbichi- → {-ch-} murteessituu
Garbich- → {-i} matim mullistuu
Garbi- → {-ch-} tokkeessituu /saala/
Garb- → {-i} matim mul'istuu/saagduu
hundee (Natoo, f.97)

Kitaaba 'Gadaa' (2012) keessatti lat-horsi boqonnaa 4ffaa fuula, 52 irraa kaasee hanga fula 83 tti dhiyaateera.Kitaaba kana (f.63-64) irratti maxxantoota danoomaa,koorniyaa, ennaa, ramaddii, abbummaa, meeshaa waa ittiin raawwatame agarsiisanu akkasumas, lat-horsoota tajaajila matimaa agarsiisanutu dhiyaatanii jiru.Fuula 65 irraa hanga fuula 70tti maqaa fi latorsoota maqaarratti maxxanfamuu danda'an muraasa dhiheessee jira. Dhumarrattis fuula 73-75 irratti latiilee hortee gochimatti maxxanuun tajaajila caaslugaa adda addaa kennanu fakkeenyaan deeggaree dhiheesseera.Kitaabni kun lat-horsoota maqaa keessaa, lat-horsa addiirraa fi lat-horsoota maqibsii immoo guutummaadhaan hindhiyeessine.

Kitaabni seerlugaa arfaffaa irratti xiinxalaaf filatame, kitaaba seerluga afaan Oromoo 'saaqaa' (2013/21) max.16ffaa yemmuu ta'u,qabiyyee latiileedhaan walqabatan jufaara /boqonnaa/ 4ffaa fuula 135-192 tti haala garaagaraatiin dhiyeesseera.Boqonnaa 4ffaa keessatti lat-horsootni dhiyaatan tajaajila koorniyaa,ennaa, ramaddii, danoomaa fi tajaajila abbummaa kanneen kennaniidha. Kanatti aansuudhaan la-horsoota garee jechootaa maqaa, xumuraa fi ibsoota maqaa kitaabilee filataman keessatti dhiyaatan tokko tokkoon dhiyaateera.

#### 4.1.1.1. Lat-horsoota Maqaa Kitaabilee Filataman Keessatti Dhiyaatan

Maqaaleen Afaan Oromoo caasaa isaanii hordofanii hiika duraan qaban osoo hin jijjiirin odeeffannoo seerlugaa dabalataa, kan akka matimaa, aantimaa, lakkoofsaa, koorniyaa, addiirraa, abbummaa, meeshaa wanti ta'e tokko ittiin raawwatame mul'istuu fi k.k.f. fudhatanii tajaajila seerlugaa kennuudhaaf lat-horsoota ofitti maxxanfatu.

##### A .Lat-horsa Matima Mul'istuu

Matimni kan waa'een isaa dubbatamu yookaan kan gochaa raawwatedha.Maayiin matimaas tajaajila maqaan bakka matimaa galuun kennu agarsiisa.Tajaajila kana agarsiisuuf maqaan fufiilee garaa garaa fudhata.Addunyaa (2011, f.70) kitaaba 'Sanyii' keessatti 'Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni maayii matimaa agarsiisanu {-n,-i, **Ø**} faadha' jechuudhaan ibseera.

Haaluma kanaan, kitaabni 'Furtuu' (2011/19) max. 6ffaa boqonnaa 6ffaa mata duree 'Hima' jedhu jalatti (f.78) irratti lat-horsa matima /gulummoo/ agarsiisanu dhiyeessee jira. Fakkeenyonni armaan gadii kitaabicha (f.78)irraa kan fudhatamaniidha.

Fakkeenya : 1.**Tolaa<u>n</u>** arba ajjeese.

2**. Inni** muge.

3. **Finfinnee<u>n</u>** magaala guddoo Oromiyaati. (Furtuu, 2011/19, f.78)

Hima 1ffaa fi 3ffaa irratti jechoonni gurraacha'an gulummoo /matima/ yemmuu ta'anu, /-n/n 'Tolaa' fi 'Finfinnee'irra jirtu mat-hima mul'istuudha.Hima 2ffaa irraatti bamaqaan 'Inni' jedhu matima himichaati.Jechi'inni'jedhu bamaqaa ramaddii sadaffaa baaqqee saala dhiiraa agarsiisuudhaan tajaajiludha.Akka kootti bamaqaa '**Isa**' jedhutu yemmuu matima ta'u /-sa/ ofirraa haqee /-ni/ maxxanfachuudhaan adeemsa birsaga Afaan Oromoo sirrssuuf /n/saaggatee gara '**inni'**jedhutti jijjirame yaada jechuun qaba.Bamaqaan kun latorsa matima agarsiistuu {-ni} waan ofitti fudhate fakkaata. Qabanni kootis, bamaqaan 'ishee'jettu matima irratti yeroo

mul’attu /-n/ fufachuudhaan /Ishee**n**/ ta’uu danda’uu isheeti.Kanaafuu, hayyuuleen osoo qorannoo gara biro gaggeessanii filatamaa ta’a.

Fakkeenyaaf, himoota kanneen haa ilaallu; 1. *Ishee* barattuu kooti.,2 .*Isheen* barattuu kooti. 3. *Isa* barataa kooti., 4.*Inni* barataa kooti., jedhanu keessatti bakka matimaa kan qabatan, Ishee, Isheen, Isa fi Inni, kanneen jedhanuudha.Himoonni 1ffaa fi 3ffaa fudhatamummaa hinqabanu.Bamaqaaleen /ishee fi isa/ jedhanu lat-horsoota matima mul’istuu osoo ofitti hinfudhatin bakka matimaa waan qabataniif tajaajila barbaachisu kennuu hin dandeenye.

Yaada kana kan deeggaru qorataan Kadir Abdala Ouba (2019) qorannoo mata duree 'The Analysis of Morphological Properties of Arsi-Bale word classes with special reference to Arsi-Bale Noun Morphology' jedhu keessatti Oromoon Arsii-Baalee matima mul’isuuf,{-nni,-lli,-rri,-i,-ni, -n} akka fayyadamu argannoo qorannoosaa keessatti ibseera.

Fakkeenyaaf, lat-horsa ‘-nni’jedhu yoo ilaalle bamaqaa ‘Inni’ jettu akka xiinxalluuf nu dirqisiisa.Lat-horsi /-nni/ bamaqaa ‘Isa’ jedhurratti maxxanuudhaan matima /Inni/ jedhu kan argamsiise akka ta’e nutti agarsiisa.

Akka kitaaba’Furtuu’ (2019) tti ‘matim-mullistootni, {-ni,-n,-ti,-i, fi Ø} faa dha’ (f.78). Tokko tokkoon isaanii akkaataa itti dhihaatan armaan gaditti haa ilaallu.

- ***Dhamjechoota: {-ni/-i}***

Fakkeenya 2: 1.Man**ni** gubate.
2.Nam**ni** deeme.
3.Luk**i** isaa cabe.

Dhamjechoonni matim-mullistuu armaan Olii kunniin ‘maqaalee dubbachiistuu gabaabaatiin xumuraman irratti maxxanu.Isaan keessaa ammoo [-ni/n] bal’inaan mul’atti,’ jechuudhaan kitaabni furtuu ibsee jira.Fakkeenyoota armaan olii kanarraa akka hubachuun danda’amutti jechoota mana,nama,fi luka jedhan sadanirraa dhamsaga /a/ haquun tajaajila latorsa matim mullistuu {-ni, fi -i} fudhachuu isaaniiti.Fakkeenyaaf,jecha /luka/jedhurratti,-i, -ti fi -ni maxxansinee [Luki,lukti,lukni] ni dandeenya.Asirratti ‘Furtuu’n kan dagate /-ti/n tajaajila akkamii akka kennitu fakkeenyaan dhiyeessuu hafuu fi jechootni kennaman kunneen latorsoota uunkaa adda addaa qabanu fudhachuu akka danda’anu ibsuu hafuu isaati.Kanaafuu,lat-horsi/-ti/ bifa armaan gadiitiin dhiyaachuu qaba ture.

- ***Dhamjecha [-ti]***

Lat-horsi /-ti/ jechoota sagalee gabaabaadhaan xumuramanu irratti maxxanuudhaan caasaa himaa keessatti matima himicha agarsiisuu ni dandeessi.Latiin kun dhuma himaarratti argamuudhaan xumura ta'umsaa taatee tajaajila kennuu danda'uunshee akkuma jirutti ta'ee, matim-mullistuu taatees tajaajilti.

Fakkeenyaaf, lafa.........lafti

Muka......mukti

Bofa.......bofti

- ***Dhamjecha [-n]***

Fakkeenyaaf: 1.Galataa**n** dhufe.

2. Oromiyaa**n** badhaatuudha.
3. Hoolaa**n** duute.

Dhamjechi kun maqaalee dubbachiistuu dheeraatiin xumuraman irratti maxxantee matima agarsiisti jechuudhaan 'Furtuu'n kallattiidhaan ibseera.Akka fakkeenya kanneen irraa hubatamutti, jechoonni {Galataa, Oromiyaa fi Hoolaa} jedhanu sagalee dheeraatiin xumuramu.Haaluma kanaan latorsi/ -n/jechoota dhedheeroo ta'an irratti kan maxxanantu ta'uu nu hubachiisa jechuudha.

- ***Dhamjecha Dhokataa*** *(Ø)*

Dhamjechi kun maqaaleen dhamsaga /n/dhaan xumuraman matim mullistuu kan biroo akka hin barbaanne ibsa.Yaada kana, kitaabni 'Furtuu'fakkeenya itti aanuun agarsiisee jira.Dhamjecha dhokataa ilaalchisee,'Natoo'nis fakkeenyotuma armaan gadii fudhachuudhaan agarsiiseera.

Fakkeenya 4: 1. Ilkaa**n** koo na dhukkuba.

2. Bishaa**n** dhuge.
3. Aanna**n** itite.

Fakkeenyota armaan olitti kennaman yoo ilaallu, jechoota 'Ilkaan','Bishaan' fi 'Aannan' jedhanu keessatti /-**n**/n dhokattee argamti.Garuu {-n} n jechoota kanniin irratti argamtu 'dhamsaga' malee 'dhamjechaa' miti.Qaama jechoota sanneeniiti jechuudha. Kitaabni 'Natoo'(2012) gama isaatiin haala dhiyeessaa alkallattiidhaan matim mullistoota akka fakkeenyaatti hima keessa galchee (f.101) irratti dhiyeesseera. Fuula 100 irratti 'dhamjecha hiik-tokkee' ilaalchisee ibsaa

fi fakkeenya kenneera.Kunis,'dhamjechi hiik-tokkee uunkaan adda adda ta'anii tajaajila tokkoof yookiin hiikaa tokkoof kan dhaabbataniidha'jedha. Fakkeenyaaf, 'namni, sangaan, akkasumas fardi amala adda addaa haa qabaatan malee lubbuu qabeeyyiidha' jechuudhaan dhiyeessee jira.Fakkeenya kana keessatti latiileen jala muraman {-n, fi-i}n tajaajila bakka matimaa jiraachuu jechoota sanaa mul'isu jechuudhaan ibseera.

'Gadaa'n (f.64) irratti {-n,-ni,-tu fi -i}, (f.112) irratti {-n,-ni,-ti, -i fi Ø}n matima mullistoota ta'uu isaanii ibseera.Fakkeenyaaf,

1. Boonsaa**n** kitaaba bitaate.
2. Kitaab**ni** taabotee Naqamteetii bitame.
3. Jibba**tu** cabsee nama hambise.
4. Jibb**i** cabsee nama hambisa.

Kitaaba 'Gadaa' fuula (112) irratti hima 'Bishaan dhugne.' jedhu keessatti dhamjechi dhokataa /Nuyi/ kan jedhudha jechuudhaan ibsee jira./Nuyi'/n matima dhokataadha malee dhamjecha /latorsa/matima mullistuu dhokataa miti.Fakkeenya dabalataa fudhannee yoo ilaalle,'Yeroosan barataa cimaadha.'hima jedhu keessatti, matimni maqaa 'Yeroosan' kan jedhudha, dhumni jecha 'Yeroosan'jedhuu dhamsaga /n/ dha. Dhamsagni kun qaama jechaa, jecha 'Yeroosan' jedhuuti. Waan kana ta'eef, latorsi matima mul'istuu kan biroo hinbarbaachistu. Latorsi matima, mullistuu dhamsaga /n/ keessa dhokattee jirti jechuudha. Inni kan biraan latii /-tu/ isa kitaabni 'Gadaa' (2012) 'matim mullistuu' jedhee dhiyeesse,'Natoo'n immoo xiyyeeffannoo mullistuu akka taate ibseera. Abarraa fi Kaawwan (1998, f.232) irratti hayyuu Gragg fi kan biroo wabeeffachuudhaan 'latiin '/-tu/ matim mullistuu osoo hin ta'in, dursitee ibsuuf yookiin hubachiisuuf tajaajilti', jedhu.Yaada kana Addunyaa (2011, f.86) 'Sanyii' jedhu keessatti latiin /-tu/ jedhamtu tajaajila xiyyeeffannoo akka kennitu ibsee jira.

Fakkeenyaaf,'Gamtaa**tu** barnootaan tokkoffaa ba'e.'hima jedhu keessatti latiin /-tu/ jettu xiyyeeffannoon maqaa sanaaf akka kennamu gootee jirti.Kanumaan walqabatee kitaabni

'Natoo'(2012) latiin /-tu/ xiyyeeffannoo agarsiisti jechuudhaan dhiyeesseera.Gabaabumatti Kitaabni 'Saaqaa' lat-horsoota matima agarsiisanu kan hindhiyeessine akka ta'e sakatta'a taasifamerraa hubatamuu danda'ee jira.

Addunyaa Barkeessaa (2011, f.70)’Lat-horsootni mat-hima mul’istuu yeroo hedduu Afaan Oromoo keessatti mul’atan,{-n, -i fi -Ø} dha’, jechuudhaan ibsa. Abarraa fi kaawwan (1998,f.229-234), ’Latorsoonni matima agarsiisanu {-n, -ni, fi -i }ta’uu isaaniif{-n} n jechoota dubbachiistuu dheeraadhaan xumuraman irratti,{-ni}n jechoota dubbachiistuu gabaabaadhaan xumuraman irrattii fi {-i} n immoo wiillaa jecha dubbifamaa lamaan xumuraman irratti maxxanu’ jechuudhaan ibsanii jiru. Fakkeenyaaf,biyy-Biyy**i,**Sirb-Sirb**i,**murn-Murn**i,** fi kkf.

**B. Lat-horsoota Aantimaa/Irraawwatamaa/**

Afaan Oromoo aantima gosa lama qaba. Isaanis, aantima dagalee /miti sirrii/ fi aantima sirrii /qajeelaa/ dha. Antimni sirrii gaaffii ‘maal’? jedhuuf deebii yoo kennu, aantimni dagalee immoo gaaffii‘eenyuuf’? jedhu deebisa.Fakkeenyaaf,’Taliileen barattootaaf kitaaba bitte.’ hima jedhu keessatti aantimoota lamatu argamu.Barattootaaf (aantima dagalee) fi kitaaba (aantima qajeelaa).’Barattoota’,kan jedhurratti lat-horsi aantima dagalee mul’istuu {-af} maxxantee jirti.

Bu’uuruma kanaan kitaabni ‘Furtuu’ (2019) ‘irraawwatamni sirriin’ akka matimootaa dhamjechoota adda addaa kan hin maxxanfanne ta’uusaa ibseera.Fakkeenyaaf, 1.Guutaan **Caalaa** waame. 2. Caaltuun **Finfinnee** deemte.3. Waraabessi **harree** nyaate. Himoota kanneen keessatti maqaaleen Caalaa, harree fi Finfinnee jedhan uunkaa isaanii osoo hin jijjiirin/dhamjecha osoo hinmaxxanfatin/ irraawwatamaa sirrii ta'anii tajaajiluu danda’uu isaanii kitaabni serlugaa kun dhiyeesseera.

Addunyaa (2011,f.72) ‘Sanyii’ keessatti, hundee jechootaa, nam-,boson-,misoom-, biyy- jedhanu fakkeenya fudhachuudhaan ,haala isaan lat-horsoota matimaa fi aantima mul’isan itti fudhatanu ibsee jira. Buufata irratti argamanu irratti hundaa’uudhaan, /-n fi -i/ fudhatanii matima akka ta’anuu fi /-a/ ofitti fudhatanii aantima sirrii ta’uu akka danda’anu fakkeenyaan deeggaree lat-horsi aantima sirrii mul’istuu /-a/ akka taate ibsa;qorannoo biraa barbaadus.

Fakkeenyaaf,

| A | B |
|---|---|
| Na m-**n-i** | nam-**a** |
| Boson **-n-i** | boson-**a** |
| Biyy-**i** | biyy-**a (**Addunyaa 2011,f.72) |

Akka fakkeenyota armaan olii kanarraa hubannutti buufata (A) jalatti kan argamanu matim-mul’istuu yoo ta’anu, buufata (B) jalatti kan argamanu immoo aantima sirrii mullistuudha.

Kitaaba’Natoo’ keessattis ta’e, kitaaba ‘Sanyii’ keessatti latiin/-a/ aantima sirrii agarsiisuuf oolti kan jedhu gaaffii kan kaasuu ta’uusaa hubadheera.Sababni isaatis, jechoonni latii/a/ tiin ala xumuramanu akkam ta’u kan jedhu wanti isaan yaada keessa galchan hinjiru.Kanafuu,dhimmi aantima sirrii/aantima kallattii/qorannoo biroo kan barbaadu ta’a.

Inni lammaffaa, aantima miti sirrii, yookiin aantima dagalee yookaan aantima alkallatti jedhamee isa waamamudha.Kitaaba 'Furtuu' fuula (80) irratti irraawwatamaa dagalee ilaalchisee ibsi fi fakkeenyi dhiyaatee jira.Fakkeenyaaf, 1.Galataan farda**af** okaa haame.,2. Boonsaan Bilisee**dhaaf** qalama kenne., 3.Caaltuun Tolasaa**f** qarshii liqeessite., himoota jedhanu keessatti kan gurraacha’an lat-horsoota aantima dagaleeti.Fakkeenyota armaan olii keessatti jechoonni, farda,Bilisee fi Tolasaa, jedhanu fufiilee{-af,-dhaaf, fi -f} walduraa duubaan ofitti fufachuudhaan irraawwatamaa dagalee ta’uudhaan tajaajila aantimaa yoo kennanu ni mul’atu. Jechoonni kunniin maqaalee akka aantimaatti tajaajila kennanuudha.Dhamjechoonni hirkatoo irraawwatamaa dagalee agarsiisan**,{-f,-dhaaf,-dhaa,-if,-ii,-irraa,-itti,-af}** akka ta’an‘Furtuu’n (f.80)irratti dhiyeesseera.

Kitaabni ‘Natoo’ (2012) lat-horsa maayii aantimaa agarsiisanu, durduubeewwan hirkatoo wajjin walbira qabee dhiyeessee jira.Kitaabilee seerlugaa keessatti burjaajii kan uumanu keessaa qabxiin tokko walfakkaachuu lat-horsootaa fi durduubee hirkataati.Lat-horsoonni jechoota qabiyyeerratti (maqaa, ibsa maqaa fi gochima iraatti) duubaan maxxanuun tajaajila caaslugaa afaan keessatti kennu. Durduubeen hirkatoos haaluma walfakkaatuun, maqaa, ibsamaqaa fi gochimootarratti karaa duubaatiin maxxanuudhaan tajaajila adda addaa kennuu. Kanaan walqabatee ’Natoo’ (f.134) irratti,’ **{-n, -dhaa, -tti, fi -f }** durduubee hirkatooodha jedhee dhiyeessee jira.Tajaajila isaaniitiinis ‘durduubewwan hirkataan duuba jechaarratti argamuudhaan maayii/case/ agarsiisu’jedha.

Kitaaba ‘Natoo’ fuula 135 irratti dhamjechoonni hortee, maayii aantima alkallattii agarsiisanuu fi durduubewwan hirkatoo maayii meeshaa mul’isanu akka walfakkaatanii fi addaan baasuuf rakkisaa ta’uusaa fakkeenyaan deeggaree ibseera.

Fakkeenyaaf, A. fardaan...............................{farda-a-n}

B. gaangeedhaa.....................{gaangee-dhaa-n}

C. bishaaniin .......................{bishaan-ii-n} ( Natoo 2012, f.135)

Fakkeenyota armaan olii keessatti jechoonni farda, gaangee fi bishaan’, hundee, /-a,-dhaa fi -i / aantima alkallattii fi {-n}n immoo maayii meeshaatiif akka tajaajiltu ‘Natoon’(f.35) irratti ibseera.Haaluma kanaan,/-a,-dhaa fi -ii/n gaaffii **eenyuuf?**jedhu yemmuu deebisanu, {-n}n immoo gaaffii **maaliin?** jedhu deebisti.

Kitaaba‘Gadaa’ (f.67) irratti ‘maqaan akka aantimaatti ni tajaajila’jechuudhaan ibseera. Garuu akkamitti akka tajaajila kennanu hin ibsine.Sana booda fakkeenyoota itti aananu kennee callisee bira darbe.Fakkeenyi kitaabichi kennes, (a).Waraabessi <u>harree</u> nyaate. (b). Caaltuun <u>buna</u> dhugde. (c). Caalaan <u>Biqiltuu</u> waame. Himoota armaan olii keessatti jechoonni jala muraman aantima ta’uu isaanii agarsiisuufidha. Garuu aantima akkamii akka ta’an hinibsamne.Kanaafuu, dhimma kanaan walqabatee kitaabni kun rakkoo guutummaa kan qabuu fi xiyyeeffannoo kan hinkennine ta’uusaa nu hubachiisa.Uunkaalee aantima,dagalee agarsiisanu kan hindhiyeessine ta’uu isaatiin gama guutummaatiin hanqina qaba jechuudha.Haaluma walfakkaatuun kitaabni, ’Saaqaa’ latorsoota maayii aantimaa kennanu hindhiyeessine.

### C. Lat-horsoota Danooma Maqaa Agarsiisanu

Andrea De Capua (2008:67) ‘most countable nouns in English have twoword forms: a singular and plural. Inflectionally, for any noun lexeme ‘X’ there are just two grammatical words ‘singular of ‘X’ and plural of ‘X’, jechuudhaan waa’ee latorsoota maqaa ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti maqaaleen qeenxee lakka’amuu danda’an latorsoota maqaa maxxanfachuun gara maqaa danuutti jijjiramuudhaan afaan keessatti jechi tokko uunkaa lama qabaatee tajajila garagaraa lama akka kennu taasisu.

Bu’uura kanaan’Furtuu’ keessatti danoommii mul’istuun bal’inaan hindhiyaanne.Waan kana ta’eef, kitaabichi rakkoo guutummaa qaba jechuudha.Lat-horsoota danoommii agarsiisanu qoqqoodee osoo hin dhiyeessin waayee dhamjechaa qofa ibsuudhaan fakkeenya xiqqumashee kennee dhiise.Fakkeenyi kitaabicha keessatti dhiyaates kan itti aanuudha. Fakkeenyaaf, jechi ‘Saroota’ jedhu uunkaa saree ‘Sar-‘ jedhuu fi uunkaa /-oota/ jedhan akka of keessaa qabu agarsiisuudhaan,latorsi /-oota/ jettu wixina /sar-/ jetturratti maxxanuudhaan tajaajila danummaa akka kennite agarsiisee jira (Furtuu,2012, f. 54).

Lat-horsoota danoommii maqaa ilaalchisee Abarraa fi kaawwan (1998:166), (Mengeshaa, 1993:23-24fi Abdusemed 1994:34-89) ‘wabeeffachuudhaan Afaan Oromoo keessa yoo

xinnaate lat-horsoota danoommii {-een, -eeyyii, -lee, -an, -oota, -wwan, -tii, -lii fi -oo,} jedhanu faatu jiru jechuudhaan ibsu. Fuuluma kanarratti barreeffama ‘A grammatical sketch of written Oromo’ jedhu wabeeffachuudhaan latiileen Afaan Oromoo keessatti danummaa agarsiisanu,{ /-oota/, /-ota/, /-lee/, /-wwan/, /-een/, /-olii/, /-olee/ fi/-aan/}faadha jedhu.Addunyaa Barkeessaa (2011) Kitaaba ‘Sanyii’ jedhu keessatti immoo /-lii/dha malee /-olii/n lat-horsa hin ta’u,/o/n saagamteeti jedha.Kun dhimma qorannoo gara biraa barbaduudha.

Kanaan walqabatee kitaaba ‘Natoo’fuula 118 gara dhumaa irraa eegalee hanga fuula 120 tti lat-horsa maqaa irratti maxxanuudhaan tajaajila seerlugaa kan kennanu fakkeenyaan deeggaramanii dhiyaataniiru.Kitaabicha keessatti ‘dhamjechoonni hortee maqaarratti fufachiisuudhaan jechoota garee maqaa jalatti ramadamuu danda’u jechuudhaan fakkeenyota itti aananu kenneera.

Fakkeenyaaf, 1. nama -namoota -namicha
2. niitii -niitota -niititti
3. inni -nuyi -isheen kkf. (Natoo 2012, f. 119)

‘Natoo’fuula 119 irratti fakkeenyi (a) fi (b) bakka bu’an tokkeessituu/qeenxessituu/{-ch-,fi -tti}fi daneessituu {oota} fudhachuun garee maqummaa isaanii mirkaneeffatu jechuudhaan dhiyeessee jira.Fakkeenyota kanneen armaan olii kitaaba ‘Natoo ‘fuula 119 keessatti dhiyaatan kanneen xiinxaluun bifa itti aanuun dhiyaateera.

Fakkeenya 1ffaa irratti dhiyaate irraa yoo kaanu ‘namicha{nam-i-ch-a}**’**kan jedhu ‘qeenxee’ yoo ta’e, dhiiroonni danuu ta’an immoo ‘namichoota’ta’u qaba, kan jedhutti nu geessa. Kanaafuu,’ namicha’kan jedhu irratti/-ch-/yemmuu itti daballu addiirraa fi saala kormaa agarsiisa malee qeenxummaa hin agarsiisu. Maqichi ofuma isaatiiyyuu danoomuu hindanda’u.’Namichoota’ jechuu hin dandeenyu.

Egaan kitaabni ‘Natoo’latorsa danoomina agarsiisanu, kallattiidhaan latorsoota danoommii mul’isanu jedhee hin dhiyeessine.Haala miti kallattiitiin bakka garaagaraatti dhiyeesseera. Fakkeenyaaf, fuula 90-92tti mata duree ‘Firjecha’ jedhu dhiyeessuudhaan ‘dhamjechi tokko yoo xiqqaate fira mataa isaa waan ta’eef dhamjechi firjecha dhabe hinjiru’ jechuudhaan ibsee fakkeenya itti aananu kennee jira, Fakkeenyaaf, a. nam**oota**,hool**ota**, jabb**oota**,jaart**ota.**

Akka fakkeenya kanarraa hubannuutti, lat-horsoonni gurraacha’an danummaa ibsu.Kitaabichis fuula 91 irratti ‘Jechoonni (27a) jalatti dhiyaatan{-oota, -ota} fufachuudhaan heddumina agarsiisu’jedha.Dabalataanis fuula 100-101 irratti latorsi/-n/ danooma akka mul’istu fakkeenyaan deeggaree dhiyeesseera.Fakkeenyi kitaabicha keessatti kennames**, a.**saawwa**n, b.** wasiilla**n, c.**eessumma**n,** fi kkf faadha**.**’Natoo’n waayee latorsa daneessituu (f.118-119)tti /-‘ch- fi -tti/qeenxessituu, /-oota/ immoo daneessituudha,jedheetuma gabaabsee bira darbee jira.Haalli dhiyeessa kitaaba kanaa tokkoffaa guutummaa hinqabu.Lat-horsoota danoominaa Afaan Oromoo hedduu jiran keessaa /-oota/ qofa fudhatee ibse.Lammaffaa sirrummaadhaan, walqabatee latorsi qeenxummaa mul’istoonni hinjiranu.Sababni isaatis,qeenxeen silumaa qeenxee waan ta’eef maxxantuu gara biraa ofitti hinmaxxanfatu.

Kitaabni seerlugaa ‘Gadaa’ (2012) gama isaatiin (f.63-64) fufiilee /maxxantoota boodaa/ akaakuu isaaniitiin qoqqoodee fakkeenyaan deeggaree akka itti aanu kanatti kan dhiyeesse ta’a. Inni jalqabaa maxxantoota boodaa baay’ina agarsiisanuudha.Haaluma kanan ‘maxxantootni baay’ina agarsiisan{-oota,-oota,-wwaan,-lee fa’a’ jechuudhaan ibsee jira.Fakeenyaaf, re’**oota**, hool**ota**, saa**wwan ,**meeshaa**lee** fi kkf. (Gadaa 2012,f.63-64).

Hanqinni isaa,{-oota fi -ota}gidduu garaagarummaan jiru hin ibsamne.Akka yaaxxina latiitti garuu /-oota/ jechoota birsagni isaanii birsaga dhumaa dursee jiru gabaabaa ta'etu maxxanfata.Fakkeenyaaf, barataa-barattoota, Sangaa-sangoota. Akka fakkeenya kanarraa hubannutti jechoota [barataa fi Sangaa] jedhan keessatti, birsagoonni birsaga dhumaa dursanii jiranu /-ra-fi, san-/ kanneen jedhaniidha. Kanaafuu, latorsa/-oota/ jettu maxxanfatu jechuudha. Kana malees, /-ota/ gabaabaammoo jechoota birsagni isaanii birsaga isa dhumaa dursee jiru dheeraa ta'antu maxxanfatu.Fakkeenyaaf, hoolaa-hoolota (Abarraa fi Kaawwan, 1998).

Latii danoominaa ilaalchisee kitaabni ‘Saaqaa’ (f.10), mata duree ‘Heddeessitoota Afaan Oromoo/plural markerrs of Oromo language/’ jedhu dhiyeessee jira.Sana booda waayee heddeessitootaa addaan kuutee,(f.185) irratti mata duree 'danooma' jedhu dhiyeessuudhaan ibsaa fi fakkeenya kennuudhaan hanga ( f.192 ) dhiyeesseera.Garuu heddeessitoonni fi danummaa mul’istoonni garaagarummaa maalii qabu?kanaafuu kitaabichi ammas gulaalamuu qaba.‘Saaqaa’n akka ibsetti daneessitoonni isaan gurguddoon, { -een, -an, -wwan, -lee, -oo, -eeyyii, -oota, -lii, fi -ootii} akka ta'anidha. Fakkeenyoota kitaabicha keessaa fudhataman muraasa haa ilaallu.

**1. Lat-horsa danoomaa:** /-een/

Akka 'Saaqaa'n ibsutti,jechootni latorsa /-een/ maxxanfachuun danooman,uunkaan isaanii gaggabaaboodha.

Fakkeenyaaf, **L<u>eexaa</u>** **<u>Danuu</u>**

Mana................maneen

Laga..................lageen

Akkuma kitaabichi ibsetti fakkeenyonni armaan olitti kennaman kunneen uunkaan isaanii gaggabaaboodha.jechoonni kunniin birsagoota lama lama irraa ijaaramani.Adeemsa haquutiin,/a/ ofirraa haquudhaan fufii /-een/ ofitti fudhatanii danoomu.

**2 .Lat-horsa danoomaa**:/-an/

Kitaabni 'Saaqaa' akka ibsetti jechoonni latorsa /-an/ maxxanfachuudhaan yeroo danooman dhumni isaanii jabaa ta'u jechuudhaan dhiyeesseera.

Fakkeenyaaf, **L<u>eexaa</u>** **<u>Danuu</u>**

| | |
|---|---|
| jaala | jaallan |
| wasiila | wasiillan |

Akka kitaabni kun dhiyeessetti,jechoonni 'jaala' fi 'wasiila'jedhanu danooma mul'istuu/-an/ jettu maxxanfatanii yoo danoomanu 'jaallan' fi 'wasiillan'ta'u.Jechoonni kunneen/ll/ irrattijaabatanii jiru.Garuu,ibsi kenname sirrummaa hinqabu.Sababni isaas,jechoonni Afaan Oromoo jalqabaa fi dhumarratti jabaachuu hindanda'anu.

**3 .Lat-horsa danoomaa** :/-wwan**/**

Jechoonni /-wwan/ fufatanu kan armaan gadii akka ta'an, 'saaqaan'fuula 187 irratti dhiyeessee jira. Fakkeenyaaf, **<u>Leexaa</u>** **<u>Danuu</u>**

| | |
|---|---|
| qaawa | qaawwan |
| sawa | saawwan(saaqaan f. 187) |

Fakkeenyonni dhiyaatan lamaanuu dogoggora qubeessuu qabu.Fakkeenyaaf,'sawa' jedhee latii danummaa /-wwan/ jedhu itti dabaluun 'saawwan'taasisee dhiyeesse.Kanaafuu 'sawa'kan jedhu dogoggora qubeessuu qaba.Osuma 'saawwa'ta'eyyuu latorsa danoomaa /-wwan/ kan jedhu maxxanfachuun isaa dogoggoradha. Sababni isaas, jechoonni saawwa, eessuma,wasiila haawwa,jedhanu {-a(n)} fudhachuudhaan danoomuu akka qabanu, Abarraa fi Kaawwan (1998) ni ibsu.

**4 .Lat-horsa danoomaa :** /-ootii/

Akka 'Saaqaa' ibsutti, maqaalee yookiin jechoonni lat-horsa /-ootii/ maxxanfatanii danoomanu sagalee dheeraatiin kanneen xumuramanudha.Fakkeenyoota kitaabicha keessatti dhiyaatan kan armaan gaditti dhiyaatan ta'u.

| Fakkeenyaaf, | **Leexaa** | **Danuu** |
|---|---|---|
| | abbaa | abbootii |
| | sangaa | sangootii |

Jechoonni /-ootii/maxxanfatanii danooman kanniin duubaan dheeraa akka ta'anu hubachuu qabna jechuudhaan fuula 189 irratti dhiyeesseera.Fakkeenyaaf, jechoonni 'abbaa' fi 'sangaa'jedhanu sagalee dheeraatiin xumuramu.Jechoonni amala akkasii qabanu lat-horsa danoomaa /-ootii/ jettu maxxanfachuudhaan dura dhamsagoota /aa/ ofirraa haquu qabu. Garuu,jechoonni duubaan gabaaboo ta'anis, lat-horsa danoomaa /-ootii/ jettu kana ofitti fudhachuu ni danda'u.Fakkeenyaaf, jecha 'nama' jedhurratti /-ootii/ itti maxxansuudhaan 'namootii' gochuu ni dandeenya.Kanaafuu,ibsi kitaabicha keessatti dhiyaate dogoggora ta'uu isaa fakkeenya kanarraa hubachuu ni dandeenya jechuudha.

**5 .Lat-horsa danoomaa** :{-eyyii/-eeyyii}

| Fakkeenyaaf, | **Leexaa** | **Danuu** |
|---|---|---|
| | waraabessa | waraab**eyyii** |
| | obboleessa | obbol**eeyyii** |

Lat-horsoonni danooma mullistuu {-eyyii,-eeyyii} akkuma fakkeenyoota armaan oliitti dhiyaataniin kitaaba'Saaqaa' (2013/21) keessatti dhiyaataniiru.Garuu garaagarummaan latorsoota kanneenii hin ibsamne.Jechoonni /-eeyyii /fudhatan amala akkamii kan qabanudha,kanneen /-eyyii/ fudhatanummoo jechoota akkamii akka ta'an adda bahuun hindhiyaanne.Fakkeenyaaf,jechoota armaan olitti dhitaatan lamaanuu irraa latii/-ssaa/ tu haqame.Kanaafuu,barattoonni sirriitti akka hubataniif ibsa kennuu qaba ture.

**6. Lat-horsa danoomaa:** {oota/-ota}

Kitaabni 'Saaqaa'{-oota/-ota} lat-horsoota danooma maqaa agarsiisanu jechuudhaan dhiyeesseera. Fakkeenyi kitaabicha keessaa fudhatames, armaan gaditti dhiyaatee jira.

| Fakkeenyaaf, | **Leexaa** | **Danuu** |
|---|---|---|
| | nama | nam**oota** |

kitaaba kitaab**ota**

Garaagarummaa /-oota fi -ota/ ibsuu dhiisuun kitaabichaa hanqinadha. Lat-horsa isa kamiin eessatti akka fayyadamnu osoo karaa agarsiisee gaarii ture.Barattoonni kitaabicha yemmuu fayyadamanu salphaatti hubachuu akka danda'anuuf,/-oota/ dheeraa kan maxxanfatanu,jechoota birsagni birsaga dhumaa dursee jiru dheeraa ta'e qabanuu fi /-ota/ gabaabaa immoo jechoota birsagni birsaga dhumaa dursee jiru gabaabaa ta'e qabantu ofitti maxxanfatu, jedhee osoo adda baasee dhiyeessee gaarii ta'a ture.

**7 .Lat-horsa danoomaa:** /-lee/

| Fakkeenyaaf, | **<u>Leexaa</u>** | **<u>Danuu</u>** |
|---|---|---|
| | ragaa | ragoolee |
| | ilmoo | ilmoolee |
| | warshaa | warshaalee |

Lat-horsa /-lee/ ilaalchisee, jechoota akkamii irratti akka maxxananuu fi akkaataa kamiin akka maxxananu wanti kitaabicha keessatti dhiyaate hinjiru.Kitaaba kana keessatti danoommii maqaa ilaalchisee wanti osoo ibsamuu qabuu hin ibsamin hafe,maqaaleen lat-horsoota gosa adda addaa danoommii mul'isan tokkoo ol ofitti fudhachuu danda'uu isaaniiti.Fakkeenyaaf, ragaa-ragaalee,ragaawwan,ragoota, jechuudhaan danummaa ibsuun ni danda'ama.Yaada kana Abarraa fi Kaawwan(1998:184) 'maqaaleen latii danoommii lama yookiin lamaa ol fufachuu danda'u' jechuudhaan dhiyeessanii jiru.

Fknf, a. bineensa- bineens**ota**,binee**yyii**,bineens**olii**,

b. Ilmoo-ilmoo**lee**,ilmoo**wwan**,ilmoo**lii,**ilm**aan**(Abarraa fi Kaawwan,1998,f.184).

Akka fakkeenya (a) irraa hubachuun danda'amutti lat-horsoonni, {-ota,-yyii,-olii}jedhanu uunkaan gargar ta'anus jecha /bineensa/ jedhurratti maxxanuudhaan tajaajila danomaa walfakkataa ta'e kennuu isaaniiti.

**D. Lat-horsa Addiiirraa/Beekamtummaa/ Maqaa Agarsiisanu: {-icha/-ch- fi -ittii/-tti}**

Lat-horsoota addiirraa ilaalchisee,'Furtuu','Gadaa' fi 'Saaqaa'n tasuma hindhiyeessine.Kitaaba 'Natoo'qofaatu xiqqoodhumashee tuttuqee bira darbe.'Natoon'caatoo keessatti 'ch' beekamtii agarsiisti jechuudhaan dhiyeessee jira.(Natoo,f.97).

**E .Lat-horsoota Koorniyaa Maqaa Irratti:{-icha,-eessa,-aa,}/{-ittii,-tuu,-duu,-oo}**

Maqaaleen latiilee{/ -eessa/-eettii ykn -essa/-ettii,-icha/-ittii ykn -cha/-ttii, -aa/-tuu yookaan-aa/-ituu fi -a/-ee/} jedhan maxxanfachuun koorniyaa agarsiisu (Abarraa fi kaawwan, 1998).

Haaluma kanaan, kitaabni ‘Natoo’ latorsa koorniyaa mul’istuu ilaalchisee, fuula 90-92 fakkeenya kennuun dhiyeesseera. Akka kitaabichi dhiyeessetti koorniyaa mul’istoonni, {-aa-,-ch-, fi -ss-} faa dha.Kitaaba ‘Natoo’keessatti saala dubartii kan agarsiisanu hindhiyaanne. Kitaabni ‘Gadaa’ gama isaatiin maxxantoota saala agarsiisaan dhiheessee jira. Akka kitaaba kanaatti maxxantoonni saala agarsiisan {-t,-tuu,-oo,-duu,-aa,-ee} faadha.Fakkeenya fuula 63 irratti kenname armaan gaditti dhiyaatanii jiru.

| | | |
|---|---|---|
| Fakkeenyaaf, | Deemte | gabaabduu |
| | Diimtuu | gabaabaa |
| | Furdoo | Ganamee (Gadaa, 2012,f.63) |

Jechoommi dhiyaatan gochima,ibsa maqaa fi maqaa dhuunfaati.Jechi‘deemte’jedhu gochima, diimtuu, furdoo,gabaabduu,fi gabaabaa kan jedhanu ibsoota maqaa yoo ta’anu,jechi ‘Ganamee’ jedhu maqaa dhuunfaati.Hanqinni isaa garee jechootaa walmakee dhiyeessuu isaati.

Fkn. 1. deem- hundee xumuraati,

**Deemte**= [deem-t-e] kitaabni ‘Gadaa’n dhamjechi /-te/ ennaa agarsiisti jedha.Garuu, /-t-/n ramaddii 3ffaa saalaa dubaraa fi ramaddii 2ffaa qeenxee agarsisuuf (isheen, ati) fi /-e/’n immoo waan raawwatamee darbe tokko agarsisuf oolti, (ennaa darbaa).

2. Diim- =hundee xumuraa

**Diimtuu** = (maqibsii hundee xumaraa fi maxxantuu/-tuu/ irraa ijaaramee garee jijjirtee jirti.Xumura 'diimate' jedhurraa ijaarame yaada jedhu qaba 'Gadaan'.Kana jechuunis /-aa,-tuu,../ latiilee yaasaati jechuudhaan ibsa.Jechi ‘diimtuu’ibsa maqaa yemmuu ta’u,latiin /-tuu/n koorniyaa agarsiisti.

Kitaaba ‘Saaqaa’(2013) Jufaara 4ffaa fuula 135 irratti mata dureen 'Saala ibsitoota/gender indicators/' jedhu dhiyaateera. Akka kitaaba kana fuula 135 irratti dhiyaateen, maqaaleen tokko tokko dhalotuma isaaniitiin kormaa fi dhalaa ibsuu danda’an jiraachuu isaaniiti.

Fakkeenyi kitaaba ‘Saaqaa’(f.135) irratti kenname bifa armaan gadiitiin dhiyaateera.

| **Kormaa** | **Dhalaa/naayee/** |
|---|---|
| a. ilma............................................................ | intala |

b. abbaa........................................................... haadha

c. jibicha........................................................... raada

d. obboleessa.................................................... obboleettii

e. furdaa.............................................................. qal'aa

f. mootii.............................................................. moottittii

Fakkeenyota armaan olitti kennaman keessaa (e) fudhanne yoo ilaalle sirrummaa hinqabu. Sababni isaas, jechoonni, furdaa, qal’aa, gabaabaa, dheeraa fi kkf jedhanu saalaa dhiiraaf, jechootni furdoo, qal’oo, fi kkf jedhanummoo koorniyaa durbaaf fayyadamna malee,'qal'aa' kan jedhu saala naayeetiif hin fayyadamnu. Jechi ‘qal’aa’ jedhu faallaa ‘furdaa’ta’a.Kitaaba 'saaqaa' (f.136) irratti maqaaleen kormaaf {, -icha,-eessa,-aa,}, akkasumas dhalaaf {-ittii,-eettii,-tuu-duu, oo} maxxanfatanii saala agarsiisu jedha.Yaanni kun mataa isaatiin kitaabuma kana keessatti fakkeenya fuula 135 irratti kenname wajjin waldhiita.

Fakkeenyonni armaan olitti kennaman kunneen uumamaan saala haa ibsanu malee latorsoota saala ibsanu ofirratti maxxanfatanii jiru.Isaanis,saala dhiraa agarsiisuuf,{-aa,-cha,-eessa,-ii} saala naayeetiif immoo latorsoota {-eettii/ -ittii} maxxanfatanii jiru.Kana jechuunis,jechoonni latorsa ofitti fudhatan obboleessa,obboleettii,furdaa,qal’aa,mootii fi moottittii jedhanu yemmuu ta’anu,jechoonni ilma, intala,abbaa fi haadha jedhanu latorsa ofirraa kan hinqabnee fi uumamaan saala agarsiisuu warra danda’anudha.

Yaada kana ilaalchisee Abarraa fi Kaawwan (1998:196) ‘latiileen {-eessa,-eettii,-a,-ittii} jedhanu wixina maqaalee adda addaa irratti maxxanuun koormummaa fi naayummaa mul’isu’ jechuudhaan ibsu.Kanaafuu akkaataan latorsi koorniyaa kitaaba ‚Saaqaa’ fuula 135 irratti itti dhiyaate rakkoo sirrummaa kan qabu ta’uu hubanna.

**1. Maxxantuu:/-eessa, -eettii/**

| **Kormaa** | **Dhalaa** |
|---|---|
| • dabeessa | dabeettii |
| • hiyyeessa | hiyyeettii |

Kitaaba ‘Saaqaa’ keessatti jechoonni maqaa ta’an maxxantoota armaan olii ofitti fudhatanii saala akka agarsiisanu erga ibseen booda, cinaa fakkeenyoota kennamanii irratti ibsi kenname immoo fakkeenyotuma ofii dhiyeesse faallessa.Innis,’jechoonni kunniin dhalootumaan kormaaf

dhalaa adda baasanii ibsu', jedha.Kun dubbistootatti gaaffii kan uumuu fi barattootni sadarkaa gara gadii irratti argaman yaada dogoggoraa akka fudhatanii bahan kan taasisuudha.

**2. Maxxantuu** :/-icha ,-ittii/

Kitaabni 'Saaqaa' 'maqaaleen maxxantu/-icha/ saala kormaaf, /-ittii/ immoo saala dhalaa agarsiisuuf ofitti maxxanfatu,' jedha.

| Fknf. | **Korma** | **Dhalaa** |
|---|---|---|
| | • saricha | sarittii |
| | • garbicha | garbittii |
| | • hoolicha | hoolittii |

**F. Lat-horsa Abbummaa Agarsiistu:{ kan }**

Lat-horsoonni abbaa qabeenyummaa mul'isan jechoota tokko tokko irratti maxxanuudhaan qabeenyi yookiin wanti ta'e tokko kan eenyuu akka ta'e agarsiisu. Andrea De Capua (2008:66) Afaan ingiliizii keessatti maqaaleen latorsa abbummaa /-'s/ fudhatan akkuma jiran kanniin hin fudhannes jiraachuu akka danda'an bifa itti aanuun ibsee jira.

Abbummaan waa wayii kan eenyuu akka ta'e yookiin abbaa qabeenyummaa kan agarsiisuudha. Afaannota garaagaraa keessatti lat-horsoonni jechootatti maxxanuudhaan abbummaa agarsiisanu ni jiru. Fakkeenyaaf Afaan Ingiliizii keessatti abboommiin **/'s/**dhaan agarsiifama. Fakkeenyaaf, 'Bonsitu's bag is lost.' hima jedhu keessatti,**/'s/**n meeshaan bade sun kan eenyuu akka ta'e agarsiisti.Afaan Oromoo keessatti immoo latorsa{**kan**}jedhuun agarsiifama. Fakkeenyaaf,'Kitaabni kun **kan** Boonsituuti.'hima jedhu keessatti latiin {**kan**}jettu kitaabichi kan eenyuu akka ta'e agarsiisti jechuudha.Garuu asirratti gaaffii ta'uu kan danda'u latorsoonni duubaan jechootatti maxxanuudhaan tajaajila yemmuu kennanu,sarara xiqqaatiin agarsiifamu. Fakkeenyaaf,{-wwan,-oota,-an,-f wkf}.Latiin abbaa qabeenyummaa agarsiistu **{kan}** isheen jettu kun ulaagaa kanaan akkamiin akka ilaalamtu hanga ammaa wanti jedhame hinjiru.Kana malees,akkaataa yaadiddamni latii ibsutti bakki/iddoon/ galumsaa latorsaa dhuma jechaa/wiillaarratti/ hundee(wixinarratti yookiin immoo jechoota latiilee yaasaa ofirraa qaban irratti akka ta'edha. Kun ta'us, latiin /kan/ jettu kun iddoon argamasaa duree yemmuu ta'u, sarara xiqqaas ofitti fudhachuu kan hindandeenye ta'uusaati.Kanaafuu qorannoo gara biroo barbaada jechuudha.

Eegaan latorsa abbummaa ilaalchisee kitaaba 'Furtuu' (2019) fuula 80-81irratti fakkeenyawwan kennaman ilaaluu ni dandeenya. Fakkeenyaaf, himoota 'Kitaabni kun **kan** Gammadaati.' fi 'Qalamni kun **kan** isheeti.'jedhan keessatti latiin abbuummaa {kan} jettu hima 1[ffaa] keessatti maqaa faana yemmuu galtu, hima 2ffaa keessatti immoo bamaqaa faana galtee tajaajila caaslugaa kennaa jiraachuu ishee hubanna. Garuu hima, 'Kitaabni kun **kan** Gammadaati.' jedhu keessatti latiin 'kan' jettu qofaashee abbummaa hin agarsiistu. Fakkeenyaaf,'Kitaabni kun kan Gammadaa- 'jennee yoo dhiisne ergaa guutuu hin dabarsu. Kanaafuu,xumura ta'umsaa /-ti/ itti dabaluudhaan {kan...ti} fayyadamuu qabna.

Kitaabni 'Gadaa' (2012) 'maxxantoonni boodaa abbummaa agarsiisanu,{-f, dhaaf, -ti}fa'adha' jchuudhaan fakkeenyoota itti aananu kennuun agarsiisee jira(f.64). Fakkeenyaaf, Boontuu**f,** Waaqumaa**dhaaf,** kan leensaa**ti.**Fakkeenyota armaan olii keessatti haalli latorsi abbummaa itti dhiyaate sirrii miti.Fakkeenyi 1ffaa fi 2ffaa 'Boontuuf' fi 'Waaqumaadhaaf'Kan jedhanu keessaatti /-f/ fi//-dhaaf/ kan jedhanu, waa wayii eenyuuf akka kenname agarsiisuudha malee, abbaa qabeenyummaa kallattiidhaan hin ibsanu.Gaaffii eenyuuf? jedhu deebisu malee, gaaffii 'kan eenyuuti'? jedhu hin deebisanu.'Kan Leensaati 'isa jedhu keessatti garuu 'kan' latorsa abboommii,'Leensaa'n maqaa yoo ta'u,'ti' kan jettu xumura ta'umsaati.Kana mirkaneeffachuuf, 'kan' ishee jettu haqnee,'Leensaati'qofa yoo dhiifne hiika dhabeessa ta'a.Garuu /-ti/ dhiifnee 'kan leensaa' yoo jenne 'latiin 'kan' jettu abbaa qabeenyummaa akka agarsiiftu beekuun salphaadha. Fakkeenyaaf, Sirboota si'anaa keessaa **kan Leensaa** natti toleera.

**G. Lat-horsoota Meeshaa :{ -dhaan,-aan/-an }**

Fufiileen meeshaa waa ittiin raawwatame agarsiisanu {-dhaan,-aan/-an} faadha.Latiileen kunneen kitaabilee tokko tokko keessatti aantima dagalee mullistuu jedhamuudhaan beekamanu.Fakkeenyaaf, Hima'Caalaan eeboodhaan bosonuu ajjeese'jedhu keessatti**,**meeshaa bosonuun ittiin du'e kan nutti himu jecha eeboodhaan jedhu keessaa lat-horsa/-dhaan/ jettuudha.Egaan lat-horsi meeshaa mullistuu tajaajila akkasii qabaatus kitaabileen seerlugaa bal'inaan hindhiyeessanu.Lat-horsoota meeshaa mullistuu 'Natoo fi Gadaa'qofatu dhiyeesse. Saaqaa fi Furtuu keessatti lat-horsoonni meeshaa waa ittiin raawwatamu agarsiisanu hindhiyeessine.

**H .Lat-horsa Xiyyeeffannoo Agarsiistu:{-tu,-dhuma,-uma}**

Lat-horsa xiyyeeffannoo kan dhiyeesse kitaaba'Natoo'qofadha. Innis lat-horsa /-tu/ akka taatedha.Fakkeenyaaf,'Natoo'fuula 97 irratti 'Garbichicha<u>tu</u> jecha jedhu keessatti kan jala muramte xiyyeeffannoo mullisti.Fakkeenyaaf,

Namicha**tu** sodaachiseen.

Namich**uma** kaleessaa naa waami.

Caaltuu**dhuma** naaf waami( Addunyaa,2011).

Latiileen /-tu/ fi /-dhuma/ jedhan xiyyeeffannoon jecha namicha jedhuu fi caaltuu jedhu irratti akka godhamu taasisanii jiru.

**Gabatee 4.1: Lat-horsoota Maqaa Kitaabilee Filataman Arfan Keessatti Dhiyaatan**

| L | Tajaajila lat-horsoota | Kitaabilee fi Lat-horsoota Dhiyaatan | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | Furtuu (2019) | Natoo (2012) | Gadaa (2012 | Saaqaa (2021) |
| 1 | Matim mul'istuu | -n,-ni,-i,-ti, -Ø | i,-n,-ni,-ti,- Ø | -n,-i,-ni,-tu-ti,Ø | - |
| 2 | Aantim mul'istuu | -dhaaf,-dhaa, -ii,-n,-f,-if,af,-a -tii,-rraa | -dhaaf,-dhaan,-n | -dhaa,-ii,-n,-f ,-if,af,- | - |
| 3 | Lakkoofsa /danummaa/ | -an, -oota/-ota, -wwan,-olii, faa, | -an,-oota,-wwan,-tii, -(o)lii -oo,-n | -een,-lee, -oota, -wwan, | -een,-eeyyii,lee,-n -an,-oota,-oo,- |
| 4 | koorniyaa /saala/ | - | -tti/-ittii,-icha/-ch-,- | -tuu ,- ee | -icha/-cha, - |
| 5 | abbummaa | Kan | - | -f, -dhaaf, | Kan |
| 6 | Meeshaa mul'istuu | - | -dhaan,-aan | -dhaan,-aan | - |
| 7 | Xiyyeeffannoo | - | -tu | - | - |
| 8 | Addiirraa | - | -ch-/-icha,-ittii/-tti | - | - |

Egaan gabatee armaan olii kanarraa hubachuun akka danda'amutti,kitaabni 'Furtuu' latorsoota koorniyaa,meeshaa,xiyyeeffannoo fi addiirraa mullisanu, 'Natoo'n,latorsa abbummaa agarsiisu, 'Gadaa'n latorsoota addiirraa fi xiyyeeffannoo mul'isanu,akkasumas, 'Saaqaa'n immoo lat-horsoota matima,aantima,addiirraa,meeshaa fi xiyyeeffannoo mul'isanu hin dhiyeessine.

Kitaabileen arfan akaakulee lat-horsaa kan lakkoofsaa, matimaa, aantimaa, koorniyaa, meeshaa, addiirraa fi kkf guutummaadhaan bifa itti aanuun dhiyeessuu qabu jedheen amana.Fakkeenyaaf lat-horsoonni danoomaa/lakkoofsaa/ Afaan Oromoo keessatti argamanu{-oota/-ota,-olee/-oolee,-een,-wwan,-eetii,-eeyyii,/-eyyii.-ii,-oo,-an,-lee,-ootii,-olii/-oolii,faadha.Gabatee armaan gadii keessatti fakkeenyaan deeggarree haa ilaallu.

**Gabatee 4:2 Lat-horsoota Danoomaa Fi akkaataa kitaabilee seerlugaa keessatti itti dhiyaachuu qabanu**

| Lakk. | Lat-Horsoota | Jecha Qeenxee | Lat-Horsa Danoomaa Fudhachuun Jecha Danoome |
|---|---|---|---|
| *1* | -ota/-oota | Bineensa/jirma | Bineensota/jirmoota |
| *2* | -olii/oolii | Jaarsa/durba | Jaarsolii/durboota |
| *3* | -eyyii/-eeyyii | Waraabessa/Hiyyeessa | Hiyyeeyyii/waraabeyyii |
| *4* | -wwan | Amantii | Amantiiwwan |
| *5* | -lee | Jabbii | Jabbiilee |
| *6* | -ootii | Sirba | Sirbootii |
| *7* | -an | Ilma | Ilmaan |
| *8* | -n | Wasiila | Wasiillan |
| *9* | -oo | Farda | Faradoo |
| *10* | -een | Farda/muka/gaara | Fardeen/mukkeen/gaarreen |
| *11* | -ii | Karma | Karammii |
| *12* | -eetii | Mana | Maneetii |

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamutti jechoonni caasaa birsaga maqaa keessatti birsagni birsaga dhumaa dursee jiru dubbachiistuu dheeraa yoo qabaatan{ota,olii,eyyii} fudhatu.Faallaa kanaatiin birsagni birsagoota dhumaa dursee jiru gabaabaa yoo ta'an,{-oota,-

oolii,-eeyyii} ofitti fudhachuudhaan danoomuu danda'u.Lat-horsoonni {-wwan,-lee} jechoota dhumni isaanii dheeraa ta'an irratti maxxanu.Lat-horsi /-een/ jettu immoo yeroo hedduu maqaalee birsagoota lama qaban irratti maxxanti.Kun ta'uudhaaf immoo adeemsonni lama ni jiru.Isaanis,dubbachiistuu isa dhumaa haquu fi dubbifamaa isa dhumaa jabeessuudha.Adeemsi haquu fi saaguu ni uumama jechuudha.Lat-horsi /-oo/jechoota muraasa irratti kan argamu yoo ta'u,jechoonni /-oo/ fudhatanu dubbifamtoota walitti aananii dhufan gidduu sagalee dubbachiistuu saaguu fi dubbachiistuu isa dhumaa haquu qaba.Fakkeenyaaf,'farda'jecha jedhu keessatti /-a/saagnee,/dhamsaga /-a/ishee xumuraa haquun lat-horsa danoomaa /-oo/ itti maxxansinee [faradoo] taasfna.Lat-horsi /-eetii/ jechoota irratti yoo maxxantu adeemsi akkuma lat-horsa /-oo/ adeemsi lama ni raawwata.Isaanis,jechi maqaa ta'e tokko dhamsaga/e/tiin hinxumuramu yoo ta'e,latiin kan biro ni haqamti.Fakkeenyaaf,'man**a**'-manneetii.Adeemsi inni lammaffaan,birsaga dhuma maqichaa jabeessuudha.Fakkeenyaaf,'ma**n**a'-ma**nn**eetii.

Tajaajila lat-horsi Afaan Oromoo kennu keessaa inni kan biroon koorniyaa mul'isuudha. Maqaaleen Afaan Oromoo lat-horsoota {-eessa,-eetii,/-essa,-ettii,-aa,-tuu,-a,-ee,} jedhanu maxxanfachuudhaan koorniyaa isaanii mirkaneeffatu.Fakkeenyaaf,waraabessa,waraabettii, barataa,barattuu fi kkf.Gama biraatiin lat-horsoonni{- icha/-cha,-ittii/-ttii,}maqaalee Afaan Oromoo irratti maxxananii addiirraa yookiin beekamtummaa agarsiisu.Lat-horsoota {-cha/-icha fi -ttii/-ittii}ilaalchisee kitaabilee sakatta'aman keessaa'Natoo' fi kitaabileen akka wabiitti an fayyadame koorniyaa agarsiisuufis akka fayyadan ibsaniiru. Akka kootti yaanni kun dogoggora ta'uu isaa hubadheera.Innis,latorsoonni kunniin bifa dhokataa ta'een maqaalee saalli isaanii beekamaa ta'e irratti maxxanuun waan saala agarsiisan haa fakkaatanu malee tajaajila koorniyaa kennuu keessatti gahee hin qabanu. Fakkeenyoota armaan gadii yoo ilaalle salphaatti hubachuu ni dandeenya.

- ✓ gurbaa.....dhiira ta'uusaa ni beekna..........gurb**icha...**jijjirama saala hin fidne.
- ✓ intala....naayee akka taate beekamaadh.......intal**itti ...**jijjirama hinfidne.
- ✓ muka....saala hinqabu...................................muk**icha**....saala hin agarsiisu.

Gurbicha,intalittii fi mukicha kanniin jedhanu keessatti lat-horsoonni gurraacha'an addiirraa yookiin beekamtummaa qofa mullisu.Kanaafuu,hayyuuleen Oromoo kanniin xiinqooqa irratti hojjetanu osoo qorannoo biroo irratti hojjetanii yaanni kun caalaatti furmaata argachuu ni danda'a jedheen itti amana.

#### 4.1.1.2. Lat-horsoota Gochimaa Kitaabilee Seerlugaa Filataman Keessatti

Addunyaa Barkeessaa (2011:109) kitaabasaa ’Sanyii” jedhu keessatti, garee jechootaa latiileen hortee itti maxxanan keessaa inni lammaffaa gochima akka ta’e ibseera.Xumurri /gochimni/latiilee hortee gosa garaagaraa ofitti erbachuudhaan tajaajiloota kan akka ennaa, lakkoofsaa, gulantaa, fi kkf akka kennu ibsee jira.Harrison Adeniyi (2010:22-23) gama isaatiin,’An inflectional morpheme plays three grammatical roles in English: it indicates tense, number, and comparison’ jechuudhaan ibsa. Akka hayyuu kanaatti latorsoonni tajaajila heennaa, lakkoofsaa fi waa walbira qabanii waldorgomsiisuudhaan tajajila kennu kan danda’anu ta’uusaati.

Gochimoonni lat-horsoota ofitti maxxanfachuun walhoruu fi tajaajiloota caaslugaa garaagaraa kennuu ni danda'u.Latorsoonni danooma gochimaa agarsiisanu wixina xumuraa, gulantaa mul’istuutti aanuudhaan argamu.Danummaan gochimaa, latii /-an/ jettuun agarsiifama (Abarraa fi Kaawwan 1998). Fakkeenyaaf,’Isin nyaattan, [nyaat-t-an,]kan jedhu keessatti ‘nyaat-’ kan jettu wixina xumuraa, {-t}n immoo maayii gulantaa,{-an}maayii lakkoofsaa agarsiisuuf oolu. Akkuma gubbaatti ilaalleen lat-horsi {-an} jettu lakkoofsa agarsiisuudhaaf, jecha {nyaattan} jedhu keessatti gulantaa agarsiistuu {-t} aantee dhuuftee jirti.Gochima keessatti latorsoonni tajaajila caaslugaa kan akka ennaa, lakkoofsaa, fi gulantaa kennuudhaan beekamu.

#### A. Lat-horsoota Ennaa Mul’isanu

Ennaan caasluga Afaan Oromoo keessatti qabxii bal’inaan ilaalamuu fi yeroo raawwiin tokko itti raawwate agarsiisuuf kan ooludha.Ennaaleen akaakuu adda addaa ykn bakka garaagaraatti qoodamu.Bu’uurri qooddii isaaniis, yeroo /haala raawwii/ ibsanu irratti hundaa’a.Yeroo/haala raawwii/ garaagaraa ibsuudhaaf immoo gochimootni lat-horsoota adda addaa ofitti maxxanfatanii tajaajila kennu.

Akka Tashoomaa Balaaynaa, (1997) ibsutti,’ennaan yeroo raawwii kan agarsiisuudha.Yeroon kan darbe, kan ammaa fi kan dhufu keessatti raawwii adda addaa kan ittiin agarsiisnuudha’. Fakkeenyaaf, Afaan Ingiliizii keessatti gochimoonni ennaa darbe agarsiisuuf, latorsa’-ed/-d’ ofitti fudhatu.Haalli kun Afaan Oromoo keessattis kan mu’atu yemmuu ta’u, latorsi {-e} gochimoota Afaan Oromoorratti maxxantee ennaa darbeennaa agarsiisti.Latorsoonni /-i/, /-a/, /-aa/, /-e/, /-uu/, /-ti/fi/-f/n gochimoota Afaan Oromoo irratti fufamuudhaan tajaajila ennaa kennu.

Lat-horsoonni ennaa mul'isanu kitaaba'Furtuu'fuula 82-86 keessatti dhiyaatanii jiru.Kitaabichi ennaa fi gosoota ennaa tajaajila isaan kennanu latiilee hortee adda addaa fayyadamee dhiyeessee jira. Fakkeenyaaf,fuula 82 irratti latorsa /-ee/ fi xumura tumsituu /jir-/ dhiheessee jira.Akka kitaabichi ibsutti xumurri tumsituu xumura muummee wajjin ta'uun hima keessatti hiriiruudhaan ennaa garaagaraa agarsiisu.Xumurtootni tumsituu kitaabicha keessatti dhiyaatanis,jir-/tur-/qab-/danday-/ faa dha.

Fakkeenyaaf, 1. Caalaan deem**ee jira.** 3. Nuti deemn**ee jirra**. (Furtuu,f.82)

2. Caaltuun deemt**ee jirti**.

Himoota armaan olii keessatti jechoonni gurraacha'an xumuroota tumsituu yoo ta'anu, /jir-/ kan jedhu hundee yoo ta'u, /-t-i/,-r-a/,/-t-u/ kanneen jedhanu immoo lat-horsoota tajaajila caaslugaa koorniyaa, gulantaa,fi lakkoofsaa kennanuudha.

### 1. Lat-horsoota Eennaa Darbe Agarsiisan: {-e,- Ø }

Ennaan darbe, gocha yeroo darbe keessa raawwate ibsa.Xumurootni ennaa darbe agarsiisanu latorsoota {-e, -**Ø**} ofitti fudhachuudhaan darbeennaa agarsiisu.

- ***Lat-horsa /-e/***

Hayyuuleen baayyee Afaan Oromoo keessatti darbeennaan latii /-e/tiin agarsiifama jedhu. Kitaabni 'Furtuu' darbeennaa mul'isuuf, latorsa /-e fi –an/ akka fayyadamnu (f.83) ibseera. Latiin /-an/ jettu danummaa ibsiti malee yeroo raawwii gocha tokkoo hinagarsiistu.

Fakkeenya, a. Margaan darb**e**.-darb-e

b. Fardi ciis**e**.-ciis-e

c. Barattoonni dhuf**an-**.dhuf-an (Furtuu, f.83)

Fakkeenyoota kitaaba kana fuula 83 irratti kennaman kanneen yemmuu ilaallu, hima jalqabaa fi lammaffaa irratti xumuroonni [darb- fi ciis-] jedhanu lat-horsa /-e/ ida'achuun ennaa darbaa agarsiisaniru.Hima sadaffaa keessatti xumurri /dhuf-/ jedhu lat-horsa danoomaa /-an/ jedhu fudhatee ,ennaa darbe latorsa duwwaatiin agarsiisee jira.Garuu kitaabni 'Furtuu'latorsi /- an/ jettu ennaa mul'isuuf wixina gochimaa /dhuf-/ jedhurratti argamti jechuudhaan ibsa.Addunyaa (2011:111) irratti fufiin /-e/ gochaawwan raawwataman ibsuudhaaf akka oltu ibsee jira.

Kitaabni 'Natoo'fuula 121 irratti 'Gochimoonni Afaan Oromoo tajaajila caaslugaatiif ni horu, garee jechaa ykn hiika jijjiruuf immoo ni uumamu,' jedha. Yaada kana hayyuun xiinqooqaa, Tashooma Balaay, (2015:184) qorannoo isaa 'A grammar of khimtat'anga'jedhu keessatti'The

inflectional sytem of a verb is involves the following grammatical catagories person, gender, aspect, and mood'jechuudhaan ibsa.

Bu'uura kanaan,kitaabni 'Natoo'(f.122 -127) lat-horsoota hormaata gochimaa agarsiisanu dhiyeessee jira.Innis,'hormaanni gochimaa tajaajila caaslugaa kan akka koorniyaa,ennaa/haala raawwii/(aspect),mormii (nagation), ilaalcha (mood),fi kkf agarrsiisuuf dhamjechoota hortee fufachuu danda'u', jechuudhaan ibsa.Kanaan walqabatee fakkeenyi (f.122) irratti kenname armaan gaditti dhiyaateera.Fakkeenyaaf , 1.deeme = deem-e (Natoo,f.122).Fakkeenya kana irraa akka hubachuun danda'amutti, latorsi /-e/ yoo haqamte qaamni jechaa hafu,hundee {deem-}jedhudha.Lat-horsi /-e/waan raawwatee darbe agarsiisti. Kitaaba 'Saaqaa' (2013/21, f.142) irrattis xumuroonni latii /-e/ fudhachuudhaan raawwannaa ennaa darbe keessatti gochaa yeroo dhihoo raawwatame agarsiisuu akka danda'an fakkeenyaan deeggaree dhiheesse jira.Yaanni kun akkaataa yaadiddama latiitiin sirriidha.Fakkeenyaaf, kuf-e, kuf-t-e, (Saaqaa, f.142)

- **Lat-horsa /-ee fi jir-,tur-/**

Dhamjechoonni kunniin gochimoota ennaa darbe keessatti gochaa gocha biraa dursee raawwatame ibsanu irratti maxxanuudhaan tajaajila kennu jechuudhaan kitaabni 'Furtuu'fuula 84 irratti dhiheessee jira.Fakkeenyaaf,'Yemmuu isheen dhuftu, nuti deemn**ee** tur**re**.'kunis akkaataa yaaxxina latiitiin yemmuu ilaalamu, {deem-}, hundee jechaa,{-ee….tur-},latorsa ennaa gochaan tokko gochaa kan biroo dursee raawwatamuu isaa agarsiisuuf oolanidha.

Akka Saaqaa (f.143) irratti ibsametti ennaa darbaa fagoo agarsiisuuf lat-horsa {-ee,-ii} xumuroota gargaartuu {jira/jirti, jiru..}wajjin fayyadamna.Fakkeenyaaf,Isaan deemanii jiru., Inni deemee jira.Fakkenyonni fuula 143 irratti kennaman kan armaan gadiitti dhiyaataniidha.

| | |
|---|---|
| 1.Ani kufeen jira. -een jira | 3. Nuti kufnee jirra. -nee jirra |
| 2. Ati kuftee jirta. -tee jirta | 4. Isin kuftanii jirtu. -tanii jirtu |

**2. Lat-horsoota Ennaa Ammaa Agarsiisanu {-a,-i,-u,}**

Ennaa ammaa ibsuudhaaf gochimoonni lat-horsoota adda addaa ofitti fudhatu. Kitaaba 'Furtuu' (f.85-86) akaakulee ennaa ammeennaa fi latiilee hortee tajaajila caaslugaa kennanu fakkeenyaan deeggaree dhiheessee jira. Ennaan ammeennaa yeroo ammaa agarsiisu bakka sadiitti qoodama.Ennaa gochaa yeroo ammaa raawwatamu agarsiisu, ennaa gochaa reefuu

raawwwatame agarsiisuu, fi ennaa amma raawwwatamaa jiru agarsiisu jedhamanii qoodamu. Ennaan gochaa amma rawwatamaa jiru agarsiisuu fi ennaan gochaa yeroo dhufu agarsiisu akka walfakkaatanu 'Furtuu'n ibseera. Fakkeenyota kitaaba 'Furtuu' (f.85-86) irratti dhiyaatan keessaa muraasni, 1. Gammachuun ni dhug**a**, 2. Biiftuun mana barumsaa ni deemt**i**, 3. Isaan adaadaa isaanii ni gaafat**u**, fi 4. Isaan mana ni gal**an**/gal**u,** yemmuu ta'anu, himootni kun ennaa ammeennaa agarsiisuudhaaf uunkaalee ammeennaa agarsiisanu {-a,-u,-i,-**Ø}** ofitti maxxanfatanii jiru.

Kitaaba 'Gadaa' (2012) keessatti lat-horsoonni haala raawwii mul'isanu, {-ee, -a, aa, -a },faa akka ta'an (f.63) irratti ibsameera. Fakkeenyaaf, hima 'Inni deem**ee** jir**a'**jedhu keessatti**,** /-ee/n ennaa darbe agarsisuuf xumura gargaartuu 'jira' jettu ofiiti dabalatteeti.Hima 'Inni deem**aa** jir**a'**jedhu keessatti /-aa fi jira / kan jedhan waliin ta'uudhaan tajajila ennaa amsiqaa kennu. (Gadaa f.63).

Kitaaba 'Saaqaa' keessatti lat-horsi ennaa ammaa mullistu dhiyaatee jira.Fuula(143) gara dhumaa irratti ennaa yeroo darbaa fagoo osoo hinguduunfin xiqquma tuttuqee dhiise.Sana booda xummee gochaa yeroo ammaa dalagamaa jiru agarsiisu ibsuutti ce'e.Mata duree tokko osoo hingoolabin walkeessa makee dhiyeesse.Ammas gidduutti dhiisee, mata duree 'ennaa yeroo ammaa itti fufaa'dhiyeessuutti darbe.Tokkoffaa waayee ennaa ammaa osoo hindhiyeessin ennaa itti fufaan dhiyaate, lammaffaa mata duree kan biroo wajjin walqabsise, kana malees mata dureen isaa osoo dhiyaatin ibsa dursee dhiheessuun isaa rakkoo tartiibaa fi xiyyeeffannoo agarsiisa.Fakkeenyaaf,

1. Inni kufaat **jir**ti. -aat jirta
2. Isheen kufaat **jir**ti. –aat jirta(143)

Fakkeenyonni armaan olii kunneen kitaaba 'Saaqaa' keessaa fudhatamanidha.Akka fakkeenyota kennaman kanniin irraa hubachuun danda'amutti rakkoo xiyyeeffannoo kennuu hafuu kan qabu ta'uu isaati.Fakkeenyonni lakkoofsa (1 fi 2) irratti kennaman keessatti saala lamaanuufuu 'jirti'jechuudhaan dhiyeessuun isaa fi famaddii sirriitti fayyadamuu hafuun isaa rakkoo sirrummaa akka qabu nutti agarsiisa.

### 3. Lat-horsa Ennaa Egeree /Yeroo Dhufuu/ {-uu, fi qab-,danda'- }

Xumuroonni gargaartuus akkuma gochimootaa dhamjechoota hirkatoo kan akka,koorniyaa, lakkoofsaa fi haala raawwii mul'isanu ofitti fudhachuu danda'u.

Fakkeenyaaf, A. Inni bor dhuf**uu** qab**a**. D. Nuti bor dhuf**uu** dandeenya.

B. Isheen bor gal**uu** qab**di**. E. Inni dorgommicha injifach**uu** danda'**a**.

C. Isaan bor fiig**uu** qab**u**.

Himoota armaan olii keessatti {-uu}n gochimoota adda addaarratti maxxanuudhaan xumuroota gargaartuu qab- fi danda'- jedhanu ofitti dabalatanii gochaa yeroo dhufu keessatti raawwatamuuf deemu agarsiisu.

'Natoo'(f.123) irratti xumuroota gargaartuu {oole,oola,jira,} jedhan haala raawwii akka agarsiisanuu fi {-e,fi -a,} ofitti fudhachuudhaan waan raawwatee fi waan raawwatu agarsiisuuf oolu jechuudhaan dhiyeessee jira.Haaluma kanaan /-e/ waan raawwateef, /-a/ immoo waan raawwatuuf itti gargaaramna. Afaan Oromoo keessatti latorsoonni haala raawwii mul'isan{-e,-a fi -aa}'faadha jedha (Natoo,f.124).

Kitaaba 'Natoo' (2012) fuula 122 irratti 'ennaan, raawwii yeroo darbe, yeroo ammaa fi yeroo dhufu keessa waan raawwachuu danda'u ibsa' jechuudhaan dhiyaateera.Fakkeenyoota kitaabicha keessatti dhiyaatan haa ilaallu,

1. Mucaan deemaa oola. (raawwii yeroo ammaa fi yeroo dhufuu)
2. Mucaan deemaa jira. (raawwii yeroo ammaa itti fufaa)
3. Mucaan deemaa oole. (raawwii yeroo darbe itti fufiinsa qabu) (Natoo, 2012,f. 122).

Ennaa egeree kan mul'isan maxxantoonni adda addaa hundee xuummeerratti maxxananiiti, jechuudhaan'Saaqaa' (f.144) irratti dhiyeesseera.Fakkeenyoota dhiyaatan itti aansinee haa ilaallu.

a. Ani kufuufan jira. -fan...jira
b. Ati kufuuf jirta. -uuf...jirta
c. Inni kufuuf jira. -uuf jira
d. Isheen kufuuf jirti. -uuf jirti
e. Isin kufuuf jirtan. -uuf jirtan
f. Isaan kufuuf jiran -uuf jiran

Ennaa egeree ilaalchisee qabxiileen kitaaba kana keessatti dhiyaatan guutummaa hinqabanu. Fakkeenyaaf, lat-horsoonni 'ennaa egeree mamii agarsiisanu hindhiyaanne.'Himoonni itti aananii kitaabicha keessatti dhiyaatan, ennaa egeree mamsiisaa yookiin gochaan tokko ta'uun isaa shakkisiisaa ta'e agarsiisanu kitaabicha keessatti dhiyaanii jiru.Ta'us, latorsoota wixina gochimaa irratti maxxanuudhaan tajaajila kana kennan isaan kam akka ta'an adda baasee hindhiyeessine; ibsi kennames hinjiru.

Fknf, 1.Inni ni dhufa ta'a.

2. Isheen ni dhufti ta'a.

Himoota (1fi2) irratti kennaman kanneen armaan olii keessatti [Inni fi Esheen] dhufuun isaanii shakkisiisaa akka ta'e hubanna.Dhufuun isaanii akka shakkamu kan godhe latorsootni /-a fi -i/n xumura gargaartuu mamii agarsiistu /ta'a/ jettu ofitti fudhachuudhaani.Dhufuus danda'u,dhufuu dhiisuus ni danda'u jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun ennaa egeree mul'istoota ilaalchisee fuula 161 irratti ibsa gabaabaa fi fakkeenyota kennee jira. Kunis,'xumuroota egeree agarsiisan yeroo hedduu gara fulduraa keessatti wanta raawwatamu agarsiisu.'jechuudhaan ibsa.Kanaan walqabatee fuuluma kanarratti fakkeenyonni dhiyaatan kan itti aanan ta'u.

1. Ani fiigufan **jiraadha.** 4. **N**uti fiiguuf **jiraanna.**

2. Inni fiiguuf **jiraata.** 5. Isin fiiguuf **jiraattan**.

3. Ati fiiguuf **jiraatta.** 6. Isaan fiiguuf **jiraatan**. (Saaqaa, f.161)

Fakkeenyonni armaan olitti dhiyaatan kunniin kitaaba 'Saaqaa' (f.161) irratti argamu. Jechoonni armaan oliitti dhiyaatan kunniin rakkoo sirrummaa qabu.Innis,jiraadha,jiraata,jiraatta, jiraattan, jiraanna fi jiraatan kan jedhanu sirrii miti.Haalli itti barreeffame fudhatamummaa kan hin qabnedha.Silaati haala itti aanu kanaan dhiyaachuu qaba ture.Kunis,{1.Inni fiiguuf jira.,2.Ati fiiguuf jirta.,3.Isin fiiguuf jirtan/jirtu.4.Nuti fiiguuf jirra.,5.Isaan fiiguuf jiru.'}.Latorsoonni tajaajila ennaa egeree kennanu, {-f} fi xumuroota gargaartuu {jira, jirta, jirtan ykn jirtu, jirra, jiru} jedhan ta'u.

Kitaabni 'Saaqaa' fuula 140 irratti mata duree 'xumurootaa fi sirna hormaataa' jedhu dhiheessee jira.Lat-horsonni hundee xumurootaa irratti maxxanuudhaan uunkaa yookiin saalaa namiyoo /person/ agarsiisuu ni danda'u, jedha. Uunkaaf, saala namiyoo agarsiisuudhaaf, /nyaadh-/ ta'uu qabaata jechuudhaan fakkeenya dhiyeessee jira.Kitaabichi akka hundee xumuraatti/ nyaadh- /kan jedhu fudhate.Garuu hundeen fakkeenyoota jechoota fuula 140 irratti kennamanii /nyaat-/ ta'uu qabaata. Fakkeenyaaf, **nyaat-** Isheen nyaatte [nyaat-t-e], Ati nyaatte [nyaat-t-e], Isin nyaattan[nyaat-t-an], Isin nyaattan [nyaat-t-an], Inni nyaate [nyaat-e] (Saaqaa, f.142).

Addunyaa,(2011,f.111) kitaaba isaa 'Sanyii' keessatti /-e/n ennaa darbaa agarsiistti jedha. Fakkeenyaaf,'deem-'kan jedhu irratti '-e' yoo itti maxxansine, tajaajilli ishee haala raawwii qofa agarsiisuudha.Kanaan walqabatee kitaabni 'Saaqaa'raawwii garaagaraa agarsiisuu keessatti lat-

horsoota ennaa tajaajila kennanu dhiyeesseera.Fakkeenyonni armaan gadii kitaabicha keessaa kan fudhatamanidha. Fakkeenyota kunniin itti aananu kana keessatti gochimootni argamanu lat-horsoota tajaajilota hedduu kennanu of keessaa qabu; kitaabichi garuu hin ibsine.

Akka fakkeenya armaan olii kitaaba ‘Saaqaa’ fuula 142 irratti dhiyaate kana irraa hubachuun danda’amutti,fakkeenyi (c fi d) irratti ramaddii 2ffaa danuu fi ramaddii 3ffaa danuudhaaf kenname tokko ta'uun isaa dogoggoradha.

**1.‘Inni kaleessa ganama gara mana barumsaa deeme.'{deeme-deem-,-Ø,-e}**

Hima ‘Inni deem**e**.’ jedhu yoo ilaalle 'deem-,wixina,/-e/ latorsa ennaa darbe agarsiistuu, dhamjechi duwwaa {**Ø}** bakka koorniyaa, ramaddii fi lakkoofsaa qabatee jira.Gochimichi ramaddii 3ffaa kormaa fi qeenxee akka ta'e beeknus,latorsi uunkaadhaan jiraatee tajaajila sana kennu hinjiru.Bakki tajaajiloota kanneenii dhamjecha duwwaadhaan qabamee jira jechuudha.

**2.Isheen Jimma deemte.{ =deem-,-t-e}''-te''**

‘Saaqaa’n ‘lat-horsi /-te/ n xuummee darbaa, uunkaan lamee, lakkoofsaan leexaa, fi ramaddii 2ffaa fi 3ffaa agarsiisti’ jedha.

Fakkeenyaaf, a. Isheen mana barumsaa deemte.[deem-,-t-,- e]=/deem-/,hundee,/-t-/ ramaddii 3ffaa , /-e/ ennaa darbe.

b. Ati mana barumsaa deemte.[deem-,-t-,-e]=[deem-,hundee,/-t/ ramaddii 2ffaa, /-e/ ennaa darbe mullisti.

**3. Nuti deemne. {deem-,-n-e}[-ne]**

Lat-horsi /**-ne/** ennaa darbaa, uunkaan lameef, lakkoofsa danuu ramaddii 1ffaa agarsiisuuf oola jechuudhaan dhiyaateera.Akka Abarraa fi Kaawwan(1998),ibsanitti garuu ennaa darbaan {-e,-ee..jir-,ii...jir-}fi kanneen kana fakkaataniin agarsiifama. Danummaan {,-an,-n-}kan jedhanuun yemmuu agarsiifamu, ramaddiin{-t, -n} dhaan agarsiifama. Deem-n-e kan jedhu keessatti deem-, hundee, /-n/ lakkoofsa danuu gulantaa tokkoffaa, /-e/n ennaa darbaa agarsiisuudhaan tajaajila caaslugaa kennu.

**4 .'Isin deemtan.’{deem-t-an-, -Ø}[-tan]**

Ennaa darbaa,ramaddii 2ffaa,uunkaa lamaaf,fi lakkoofsa danuuf kan oolu ta'uu isaa fuula 155 irratti dhiyeesseera.Latiin kun yoo xiinxalamu garuu rakkoon ni mul'ata.Fakkeenyaaf, 'Isin deemtan.'hima jedhu keessatti ,hundeen gochimichaa 'deem-' kan jedhudha,/-t/n ramaddiif yoo ta'u,/-an/ kan jedhu danummaa agarsiisti.Ennaa darbaa kan agarsiisu latii duwwaadha,uunkaan isaa hin mul'atu{deem-, -t-, -an,-**Ø**}. Kanaafuu haalli fakkeenyi kun itti dhiyaate sirrii miti

jechuudha. Akka kitaabni 'Saaqaa' dhiyeessetti /-an/ ennaa darbaa, lakkoofsa danuu,ramaddii 3ffaa fi uunkaa sadiif ooluu isaa ibsee jira. Tajaajila ibsame keessaa /-an/ lakkoofsa danuu agarsiisa kan jedhu sirriidha. Ennaa kan agarsiisu uunkaan isaa hin mullatu.Latorsa duwwaatiin qabamee jira.

Hanqinni kitaabni ‘Saaqaa’fakkeenyoota 1-4 armaan olitti kenne keessatti mul’atu lat-horsoota ennaa, ramaddii, lakkoofsaa fi koorniyaa agarsiisanu adda baasee dhiyeessuu osoo qabuu,bakkuma tokkotti dhiyeessuu isaati.Fakkeenyaaf,/-ne,-te,-an/ fi kanneen kana fakkaatanu tajaajila garaagaraa kanneen kennanu, tajaajila ennaa kennu jechuudhaan dhiyeesse. Fuula 145 irratti bamaqaalee ramaddii hundaa fayyadamee lat-horsoota ramaddiilee hunda wajjin deemanu agarsiisuuf yaalee jira.Garuu akkaataa kamiin, maaliif akka fayyadanu ifa godhee hindhiheessine.Lat-horsoonni gochima 'deem-'jedhurratti maxxanan ergaa maalii akka dabarsan fakkeenyaan gadfageenyaan xiinxalee haala ifa ta’een hindhiyeessine.Garuummoo kitaabichatti kan fayyadamu barattoota sadarkaa gara gadii irraa jalqabee jiranu waan ta'eef salphaatti hubachuu dhiisuu danda'u.Dhimmi kun ilaalcha yookaan yaada keessa galuu qaba jechuudha. Itti aansuudhaan (f.146) irratti lat-horsoota gochimoota irratti maxxananu cuunfee dhiyeessee jira.Haaluma kanaan,akka kitaabni seerluga Afaan Oromoo ‘Saaqaa’ (2013) dhiyeessetti lat-horsoonni wixina gochimaa irratti maxxanuudhaan tajaajila caaslugaa kennanu {-e,-ee...jir-,-aa...jir-,-ii...jir-,-a,-ta,-ti ,na,-tan,fi -an} faa dha.

### B. Lat-horsoota Danummaa Gochimootaa Mul’isan

Lat-horsi danummaa wixina xumuraa, yookiin gulantaa mul’istuutti aanee dhufa. Danummaan gochimaa, latii /-an/ jettuun agarsiifama (Abarraa fi Kaawwan 1998).Fakkeenyaaf,’Isin nyaatt**an**, nyaat-**t-an**,’nyaat-‘kan jettu wixina xumuraa,{-t}n immoo maayii gulantaa,{-an } maayii lakkoofsaa agarsiisuuf oolu.Akkuma gubbaatti ilaalleen latiin{-an}jettu lakkoofsa agarsiisuuf jecha nyaat**t**an jedhu keessatti gulantaa agarsiistuu {-t}tti aantee galtee jirti.

Haaluma kanaan kitaaba ‘Furtuu’ keessatti lat-horsoonni lakkoofsa/danummaa/ gochimaa agarsiisan jiru.Fakkeenyaaf, dhugne, dhugdan, gochimoota jedhaniif wixinni /dhug-/ kan jedhu yoo ta’u,lat-horsoonni{-ne fi –an}jedhanu danooma gochimaa agarsiisu.Garuu mata duree kenneefii hin dhiyeessine.Haaluma walfakkatuun,kitaabni‘Natoo’lat-horsoota danoommii gochimaa mul’isanu adda baasee, maalummaa, faayidaa fi iddoon galumsaa isaaniitiin kallattiidhaan mata duree mata dureedhaan qoqqoodee hin dhiyeessine.Kitaabni

‘Saaqaa’bifuma walfakkaatuun fuula 153-154 lat-horsoota gochima irratti argamuudhaan danummaa xumurootaa agarsiisanu dhiyeesseera.Fakkeenyaaf,himoota ‘Isin deemtan.’, ‘Isaan deeman.’jedhan keessatti latorsi /-an/jettu danooma gochimaa agarsiisti(Saaqaa153-154).

Kitaaba ‘Gadaa’ (f.73) keessatti lat-horsoota danummaa gochimaa agarsiisan ilaalchisee walsimannaa matimaa fi gochimaa jechuudhaan dhiyeessee jira.Akka kitaaba kanaatti, gochimni matima danuu waliin galu, dhamjecha {-an fi -ne} maxxanfachuudhaan walta’iinsa matimaa fi gochimaa agarsiisuu qaba jedha.Fakkeenyi kitaabicha keessatti kennames, kan itti aanudha.

Fkn. 1. Nuti dhuf**ne**., 2. Isin dhuft**an**., 3.Isaan dhuf**an(**Gadaa,f.73).

Kitaabni kun himoota kanneen bifa armaan gadiitiin xiinxalee dhiyeesseera**.** Fakkeenyota dhiyaatan keessatti ’dhuf-‘ hundee gochimaa, /- e/n ennaa darbe,/-t/n ramaddii 2$^{ffaa}$ fi ramaddii 3$^{ffaa}$ saala naayee agarsiisa, /-an/n danooma ramaddii 2$^{ffaa}$ fi 3$^{ffaa}$ yoo agarsiisu, /-ne/n immoo danummaa ramaddii 1$^{ffaa}$ agarsiisa.Kanaafuu,haalli danooma mullistuun gochimaa kitaaba kana keessatti dhiyaate sirriidha jechuu ni dandeenya.(Dhuf-n-e,dhuf-t-an,dhuf-an)**(**Gadaa,f.73).

### C. Lat-horsoota Gulantaa/Ramaddii/ Agarsiisanu

Gochimoonni afaanota adda addaa keessatti latorsoota ofitti fudhatanii gulantaa agarsiisuu danda’u. Fakkeenyaaf, Afaan Oromoo keessatti, gochimoonni lat-horsa fudhachuun gulantaa mul’isan ni jiru. Lat-horsi {**-t**} n jecha ‘deemte’ jedhu keessatti argamtu, gulantaa 3ffaa naayee fi gulantaa 2ffaa qeenxeef danuu agarsiisti.Gulantaan walsimannaa matimma fi gochima ilaallata. Hima keessatti bamaqaan bakka matimaa qabatu maxxantoota gochimarratti argamuun gulantaa agarsiisan faana lakkoofsaa fi koorniyaadhaan walsimuu qaba (Getahun Amare; 1989, f.109-110).

Haaluma kanaan,kitaaba ’Natoo’,(f.96 )irratti dhamjechi hortee ramaddii 1$^{ffaa}$,2$^{ffaa}$,fi 3$^{ffaa}$ agarsiisuuf oolanu {-t-,-n, Ø} akka ta’an ibseera.Garuu bal’inaan fakkeenyaa fi ibsa gahaa kennee hindhiyeessine. Kitaabni ‘Gadaa’ gama isaatiin maxxantoonni boodaa ramaddii agarsisuuf oolanu {-ni, -an, da, -tan,} fa’a, akka ta’an (f.63) irratti ibseera. Fakkeenyonni kitaabichi dhiyeesse armaan gaditti kennamanii jiru. Fakkeenyaaf, ‘deemne, deeman, deemtan, fiigdan’, kanneen jedhanu osoo hin xinxalamin akkasumatti dhiyaatani.’Deemtan’ kan jedhu yoo ilaalee’deem-‘hundeedha,/-t/n’ramaddii 2$^{ffaa}$ lakkoofsa danuu faana galti,/-an/ lakkoofsa

danuu agarsisuudhaan tajaajila seerlugaa kennu. Kitaaba ‘Gadaa’keessatti lat-horsoonni (maxxantotni) ramaddii {-an,-da,-tan} jedhamanii dhiyaatan sirrummaarratti hanqina qabu. Lat-horsoonni ramaddii mul’isanu {-n-, -Ø- ,-d-, -t-} faadha (Abarraa fi kaawwan, 1998).

Fakkeenyaaf ,

deem-hundee, /-n-/ramaddii 2ffaa deemu (nutii), /-e/ ennaa darbe, deem-e ta’a.

deem- /Ø/-ramaddii, / -Ø/ennaa, /-an/ lakkoofsa danuu, deem-an kan jedhu ta’a.

fiig- hundee, /-d/ramaddii 2ffaa danuu(isin) /-an/, /-Ø/ henna darbe

deem - /-an/ lakkoofsa, /deem- /hundee, /-t/ramaddii 2ffaa (isiin) ,deemtan ta’a.

Kitaaba ‘saaqaa’(2013/21),(f.145) irratti mata duree 'hormaata xumuraa' jedhu jalatti qabiyyee 'ramaddii' yookaan ‘gulantaa’ dhiyeessera. Qabiyyee ennaa erga dhiyeesseen booda 'hormaata xumuraa' mata duree jedhu jalatti,qabxii 'koorniyaa' jedhu itti fufee dhiyeesse.Itti aansuudhaan hundee jechaa 'deem-' jedhu fudhatee lat-horsoota adda addaa itti maxxansuun himoota keessa galchee agarsiiseera.Fakkeenyotni kitaabicha keessatti dhiyaatan armaan gaditti xiinxalamanii jiru.

Fakkeenyaaf ,

1. Ani nandeema -a
2. Ati ni deemta -ta
3. Inni nideema -a
4. Isheen nideemti-ti
5. Nuti nideemna. -na
6. Isin nideemtan. -tan
7. Isaan nideeman. -an

(Saaqaa,f.145)

Lat-horsoonni himoota lakkoofsa(1-7)dhiyaatan bakka galumsaatiin yoo xiinxalamanu sirrummaa qabu.Duuba hundee jechaarratti maxxananii tajaajila ennaa, ramaddii fi lakkoofsaa kennaa jiru. Uunkaan isaanii garuu sirriitti hindhiyaanne. Kitaabichi mata duree 'koorniyaa' jedhu jalatti akka fakkeenyaatti dhiyeessuudhaan, fuldura himootaatti lat-horsoota baasuudhaan qofaatti lafa kaayee, mata duree itti aanutti ce'e. Lat-horsa isa kamtu koorniyaa isa kamiin akka agarsiisu wanti inni ibse hinjiru.Tajaajilli lat-horsoota himoota 1-7 keessa jiranu yoo xiinxalamanu kan itti aanu kana ta’uu qaba ture.

1. (An)nan deema- /deem-/ hundee gochimaa, /-a/ ennaa ammeennaa, /-Ø/gulantaa agarsiistuu
2. (Ati)ni deemta- /deem-/hundee xumuraa,/t/ gulantaa 1ffaa qeenxee,/-a/ennaa ammeennaa
3. (Inni)ni deema- /deem-/hundee xumuraa,/-Ø-/gulantaa 3ffaa qeenxee,/-a/ ennaa ammeennaa
4. (Isheen)ni deemti- /deem-/hundee xumuraa,/-t/ gulantaa 3ffaa naayeef qeenxee,/-i/ennaa

ammeennaa (saagduu)

5. (Nuti)ni deemna- /deem-/hundee gochimaa, /-n/ gulantaa 1ffaa danuu, /-a/ ennaa ammeennaa
6. (Isin) ni deemtan- /deem-/hundee gochimaa,/-t/ gulantaa 2ffaa/-an/lakkoofsa danuu,/-Ø/ ennaa agarsiistuu

Kanaafuu, haalli kitaabicha keessatti itti dhiyaate dogoggora kan qabu akka ta'e hubachuu ni dandeenya.Sababni isaas, lat-horsoonni hundee jechaa /deem-/jedhu irratti maxxanan tajaajila koorniyaa qofa osoo hin ta'in tajaajiloota armaan olitti ibsaman kennu waan ta'eef.

Dabalataan kitaabni 'Saaqaa'(f.149) irratti "sagaleeleen yemmuu hormaata keessatti walitti olloomanii dhufan gama 'dd',fi 'nn'tti ni jijjiramu' jechuudhaan dhiyeessee jira.Fakkeenyota kennaman keessaa ramaddiileen hormaata gochimootaa keessatti sagaleeleen gara /dd/tti jijjiramanu jedhu waliin deemanu, ramaddii 2ffaa lakkoofsa danuuf qeenxee, ramaddii 3ffaa qeenxee saala dhalaa akka ta'an kitaabicha(f.150) irratti ibsameera. Fakkeenyonni kennamanis kanuma mirkaneessu.Hundee xumuraa /fid-,/ jedhu fakkeenya fudhatee xiinxalee agarsiiseera.

a. Ani nanfida -nanfida
b. Ati nifidta -ni fidda
c. Inni ni fidta -nifidda
d. Isheen nifidti -nifiddi
e.Nuti nifidna-nifinna
f.Isin nifidtan-nifiddan
g.Isaan nifidan-nifidan

(Saaqaa f.149-150)

Eegaan fakkeenyonni armaan olitti kitaabicha keessatti dhiyaan kunniin sagaleen tokko tokko gara sagalee ollaa isaaniitti hormaataan walqabatanii yemmuu jijjiramanu agarsiisu.Akkuma ifaan mul'atu, fakkeenyi (a)fi (g) irratti kenname seera gara sagalee ollatti jijjiramuu jedhame waliin hindeemanu.Fakkeenyi 'c' irratti kenname garuu silumaa sirrii miti.'Inni ni fida''ta'uu qaba malee 'Inni ni fidda' kan jedhu seera afaanii cabsee jira.Kunis,rakkoon gulantaa keessatti kan mullatedha jechuudha. Fakkeenya (b) fi (d) keessatti /-t/n gara /d/tti jijjiramtee /-d/n gulantaa 2ffaa qeenxee fi gulantaa sadaffaa qeenxee (naayee) agarsiisuu dandeessee jirti. Fakkeenyi,(e) fi (f) irratti dhiyaate,/d/n gara /n/tti jijjiramuudhaan /-n/n gulantaa 1ffaa fi 2ffaa lakkoofsa danuu agarsiisuudhaan tajaajila kennitee jirti.

**Gabatee 4:3 Lat-horsoota Gochimaa Kitaabilee Seerlugaa Filataman Keessatti Dhiyaatan**

| L. k | Tajaajila kennanu | Furtuu(2019) | Natoo (2012) | Gadaa (2012 | Saaqaa (2021) |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Ennaa mul'isuu | -e,-ee,-a,-aa, | e,-ee, -a, -aa, -ee/jir-, -Ø- | -a,-Ø, -e | -e,-a,-aa, -i -ee/jir- |
| 2 | Gulantaa mul'isuu | -t-,-n, | -t-,-n, Ø | -t-,-an,-tan,-n-, -Ø | -t,-d,-n |
| 3 | Lakkoofsa mul'isuu | -an, -ne,-r- | -an, -ne | -an, -ne | -an, -ne |
| 4 | Koorniyaa mul'isuu | -t , -Ø | -t , -Ø | -t , -Ø | -t , -Ø |

Gabatee armaan oliirraa hubachuun akkuma danda'amutti, latorsoonni garee jechaa gochimaa irratti maxxanuudhaan tajaajiloota caaslugaa,kan akka ennaa,danummaa/lakkoofsa/, gulantaa yookiin ramaddii fi koorniyaa agarsiisuu kan danda'anu ta'uu isaati.Koorniyaa mullistuu ilaalchisee/ -t/n saala naayee kan mullistu yoo ta'u , bakkii saala dhiraa immoo latii/ -Ø-/tiin agarsiifama yookiin qabama.Fakkeenyaaf, hima'Isheen nyaatte.' jedhu keessatti {nyaat-t-e} xumurri{nyaat-} wixina,latorsi {-t} saala naayee,fi {-e}n ennaa darbe agarsiisti.Hima 'nyaate'jdhu keessatti{nyaat-, Ø-, -e },xumurri/nyaat-/jedhu hundee,latorsi/-e/ennaa darbe yemmuu agarsiisu;bakki saalaa latii /-Ø-/tiin kan qabame ta'a jechuudha.Dogoggorri kitaabilee kanniin keessatti mul'atu,latorsa danummaa mullistuu /-ne/ fayyadamuu isaaniiti.Latarsi kun garuu uunkaa lama kanneen tajaajila adda addaa lama kennan ofirraa qabdi.Isaanis,/-n/ danooma mul'istuu fi /-e/ latorsa ennaa darbaa/past/ mul'istuudha.

Fakkeenyaaf, 1.Nuti aannan dhugne.Tajaajilli latorsa /-ne/ yoo xiinxalamu,

{dhug-} wixina jechaa

{-n-} ramaddii tokkoffaa lakkoofsa danuu

{-e} ennaa darbaa agarsiisti.

Egaan kitaabileen sakatta'aman kunneen lat-horsoota gochimoota irratti maxxanuudhaan tajaajiloota caaslugaa agarsiisan guutummaadhaan osoo dhiyeessanii gaarii ture.Mee akka kootti tajaajilota lat-horsootni xumuraa kennanu itti aansinee haa ilaallu.Maalummaa irraa yoo kaanu,lat-horsootni wixina xumuraa Afaan Oromoo irratti maxxanuudhaan walitti dhufeenya caasimaa kanneen akka gulantaa,lakkoofsaa,koorniyaa,ennaa fi haala agarsiisu jedhamee ifaa osoo lafa kaa'amee qaama kitaabilee dubbisuuf ifa ta'a.

Gulantaa mul’istuun walsimannaa matimaa fi gochimaa agarsiisa.Fakkeenyaaf,’Ati dhufte.’ Hima jedhu keessatti /-t/ n gulantaa lammaffaa qeenxee agarsiisti.Lat-horsoota danoomaa yoo fudhannee ilaalle,iddoo galumsaa isaaniitiin wixina xumuraatti yookaan gulantaa mullistuutti aananii galu.Fakkeenyaaf,Isin deemt**an**.Xumura [deemtan] jedhu keessatti [deem-] wixina,{-t}gulantaa mullistuu fi {-an}danooma mullistuudha.Kitaabileen sakatta’aman kan dagatan keessaa koorniyaa mullistuun ishee tokkodha.Afaan Oromoo keessatti {-i}saala dubartii agarsiisuuf oolti.Fakkeenyaaf,’Caaltuun buna ni dhugdi.’hima jedhu keessatti /-i/n xumura ‘dhug-fi gulantaa mullistuu /-d/tti aantee saala naayee agarsiisuuf oolti.

Xumura irratti maxxanuudhaan lat-horsoonni ennaa tajaajila caaslugaa kennuudhaan bal’inaan beekamu.Lat-horsoonni xumuroota Afaan Oromoo keessatti beekamanu,{-a,-aa,-e,-i ,-uu,-u,-ee fi xumuroota gargaartuudha.Kunis,ennaawwan ammeennaa,darbeennaa,fi ennaa egeree agarsiisuuf kan oolan ta’a.Gabatee armaan gadii keessatti fakkeenya isaanii waliin dhiyeesseen jira.

**Gabatee 4:4 Akkaataa lat-horsootni ennaa kitaabilee seerlugaa afaan oromoo keessatti itti dhiyaachuu qabanu**

| Lak. | Lat-horsoota ennaa | Gosoota Ennaawwanii | Fakkeenyawwan |
|---|---|---|---|
| 1 | -a ,-i ,-u | Ameennaa | Tolaan ni fiiga.,Caaltuun ni fiigdi.,Isaan ni fiigu. |
| 2 | -aa...jir- | Amsiqaa | Inni fiigaa jira,isheen fiigaa jirti,Isaan fiigaa jiru. |
| 3 | -ee...jir- , -ii....jir- | Raawwima ammeennaa | Inni deemee jira., Isaan deemanii jiru. |
| 4 | -aa...tur- | Eennaa tursiqaa | Inni nyaataa ture., Isaan nyaataa turani. |
| 5 | -e , -Ø- | Darbeennaa | Inni deeme., Isheen deemte.,Isaan deeman. |
| 6 | -ee...tur- | Raawwima darbeennaa | Inni nyaatee ture., Isaan nyaatanii turan. |
| 7 | -uuf...jir- | Murannaa | Inni dhufuuf jira., Isaan dhufuuf jiru. |
| 8 | -a ,-u,-i...ta’a | Murannaala | Inni ni dhufa ta’a., Isaan ni dhufu ta’a. |

Lat-horsoota ennaa mul’istuudhaan walqabatee wanti akka gaaffiitti ka’u,xumuroota gargaartuu ilaachisee wanti ifa ta’e hinjiru.Kitaabileen hunduu haala garaagaraatiin dhiyeessu. Kanaafuu, dhimmi kun qorannoo barbaada jechuudha.

#### 4.1.1.3. Lat-horsoota Ibsoota Maqaa Kitaabilee Filataman Keessatti

'Natoo' (2012,f.119) irratti 'Maqaa fi maqibsiin Afaan Oromoo dhamjechoota lakkoofsa agarsiisan walfakkaataa qabaachuu isaanii Baye Yimam (1986)n wabii godhatee dhiyeessee jira. Fakkeenyi kitabicha (f.119) irratti kenname kan itti aanudha.

| A | B |
|---|---|
| ✓ Namoota | gowwoota |
| ✓ Hoolota | abshaalota |
| ✓ Namicha | gowwicha |
| ✓ Namittii | gowwittii (Natoo,f.119) |

Fakkeenyoonni (A) jalaa maqaalee kanneen (B) jalaa immoo ibsoota maqaa akka ta'an ibsuudhaan, /-oota/ fufachuun danummaa /-ttii fi -cha/ fufachuudhaan qenxummaa agarsiisu jechuudhaan dhiyeessee jira.Garuu akka hayyuuleen adda addaa ibsanitti latiileen hirkatoo /-ttii/ fi -cha/n addiirraa fi koorniyaa mul'isuuf malee qeenxummaaf mul'isuuf kan jedhu hinjiru. Akka koottis jechi /nama/ jedhu durumaanuu qeenxeedha waan ta'eef, maxxantuu qeenxummaa agarsiisanu hinbarbaadu.Sababni isaas qeenxeen tokko qeenxee isa kamitti jijjirama? Jechoonni qeenxee ta'an qeenxummaa agarsiisuuf fufii hinbarbaadanu ejjennoo jedhun qaba.

Lat-horsootni {-icha/-cha fi -ttii/-ittii} maqaaleetti maxxanuudhaan addiiraa (sigulative) akka mul'isanu hayyoonni adda addaa irratti waliigalu. Latorsootni addiirraa kunniin waan tokko wanta isa biraa irraa adda ta'uusaa beeksisu. Latiileen maqaatti maxxananii tajaajila addirraa kennan koorniyaa kormaaf, {-icha/-cha,}, koorniyaa naayyeetiif immoo {-ttii/-ittii} faadha. Fakkeenyaaf,gurbicha, harricha, namicha, sangicha, intalittii, harrittii fi kkf.(Abarraa fi Kaawwan, 1998),(Geetaahun Amaaree,2007;81-82).

Gama biraatiin  kitaabni 'Natoo' latorsoota ibsoota maqaa irratti maxxanfamanii koorniyaa /saala/ mul'isanu (f.91) irratti jechoota diimaa, gurraacha, sooressa, jedhan fakkeenya fudhatee ibseera. Akka'Natoo' (2012, f.91) irratti agarsiisutti latorsoonni {-aa,-ch-, fi -ss-} jechoota garee ibsa maqaarratti maxxanfamanii koorniyaa mul'isuudhaan tajaajila caaslugaa kennu.Akkasumas, fuula 129 irratti waayee latorsa ibsa maqaa xiqquma tuttuqee bira darbuun kallattiidhumaan  latii yaasaa bal'inaan dhiyeessuutti darbe. Kitaabuma kana fuula 129 irratti '{-aa}n  jecha 'diimaa' jedhuu fi{-ttii}n jecha 'gurraattii' jedhurratti argamanu saala agarsiisu'jechuudhaan ibsee jira.

Fakkeenyaaf , **Gochima** **Latii** **Maqibsi**

| Gochima | Latii | Maqibsi |
|---|---|---|
| Sobe | -duu | sobd**uu** |
| Sodaate | -aa | sodaat**aa** |
| Bareede | -aa/-duu | bareed**aa**/**duu** |
| Cime | -aa/-tuu | cim**aa/tuu** |

(Natoo, f.130)

Addunyaa (2011; f. 94-96), kitaabasaa ‘Sanyii’ jedhu keessatti ’ibsoonni maqaa Afaan Oromoo lat-horsoota {-aa,-oo,-duu,-tuu, -ch, -ss,} maxxanfachuun koorniyaa kormaa fi naayee agarsiisu’ jechuudhaan erga ibseen booda fakkeenya itti aanu kenneera.Fakkeenyaaf, jab**aa,** jab**duu,** diim**aa,** diim**tuu** kanneen jedhan ibsoota maqaa latorsa maqibsii mul’istuu ofitti fudhachuu danda’anidha.Jechoota kanniin keessatti kan gurraacha’an latorsoota koorniyaa ibsoota maqaati.Itti dabaluudhaanis,maqibsiin lakkoofsa agarsiisuuf akka horanuu fi hormaata kana keessattis qooda kan qabu latii hortee akka ta’an (94)irratti ibseera.

Ibsoonni maqaa latii hortee fudhatanii akka walhoruu danda’an hayyuuleen garaagaraa ibsanus, kitaabileen sakatta’aman,’Natoo’dhaan alatti warri kaan sadan hormaata maqibsii waan dagatan fakkaatu.

**Gabatee 4:5 Lat-horsoota Ibsoota Maqaa Kitaabilee Filataman Keessatti Dhiyaatan**

| l. k | Tajaajila kennanu | Furtuu( 2019) | Natoo (2012) | Gadaa( 2012 | Saaqaa( 2021) | Fuula |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Addiirraa /beekamtii/ | - | -ch- | - | - | 97 |
| 2 | Lakkoofsa | - | -oota/-ota | - | - | 119 |
| 3 | Saala/koorniyaa | - | -aa, -ch, -ss, -uu, -tuu,-duu, -ttii | - | - | 91 |

Gabatee armaan oliirraa akka hubachuun danda’amutti latorsoota maqibsii hamma ta’e kan dhiyeesse kitaabilee seerlugaa sakatta’aman keesaa ‘Natoo’ (2012) qofa.Kitaabileen warri hafan gosoota maqibsii, tajaajila maqibsii fi walumaagalatti jechoota garee maqibsii fi tajaajila isaanii qofa ibsan malee lat-horsoota maqibsii irratti maxxanuudhaan tajaajiloota garaagaraa kennanu hindhiyeessine.Haa ta’u malee maqibsoonni Afaan Oromoo akkuma maqaalee seera caasimaa hordofanii hiikaa duraan qaban osoo hinjijjiirin odeeffannoo dabalataa kennuudhaaf latilee lat-horsaa ofitti fudhachuudhaan yookiin maxxanfachuudhaan odeeffannoo dabalataa kanneen akka lakkoofsaa,koorniyaa,addiirraa fi taajimaa ni kennu.Gabatee armaan gadii keessatti lat-horsoota

ibsoota maqaa irratti maxxanuudhaan odeeffaannoo seerlugaa kennanu fakkeenya isaanii wajjin dhiyeesseera.

**Gabatee 4:6 Lat-horsoota maqibsii kitaabilee seerlugaa keessatti dhiyaachuu qabanu**

| Lak. | **Dhimma seerlugaa** | **Fakkeenya** | **Wixina /wiillaa** | **Lat-horsa** |
|---|---|---|---|---|
| *1* | Lakkoofsa mul'istuu | Abshaalota,gowwoota | Abshaal-,goww- | -ota/-oota |
| *2* | Koorniyaa | Dheeraa,dheertuu,furdoo | Dheer-.furd- | -aa,-tuu,-oo |
| *3* | Addiirraa | Furdicha,qallittii,dheertuttii | Furd-,qal-,dheer- | -icha,-ittii |
| *4* | Taajima | Gaariidha,diimtuuti | Gaarii | -dha,-ti |

Gabatee armaan olii keessatti kan hin ibsamin hafe akkataa maqibsoonni lat-horsoota danummaa osoo hinfudhatin birsagoota isaanii warra jalqabarra jiranu irra deddeebi'uudhaan danummaa agarsiisuu danda'an jiraachuu isaati.Dhimmi kun immoo kitaabilee seerlugaa keessatti xiyyeeffannoo argatee hindhiyaanne.Fakkeenyaaf, adii-adaadii, qal'oo-qaqal'oo, xinnoo-xixinnoo, diimaa-diddiimaa fi kkf.

Gama biraatiin, lat-horsoota taajimaa ilaalchisee kitaabileen sakatta'aman hundi tasuma kan hindhiyeessinedha.Tajaajila lat-horsa taajimaa kan kennanu xumuroota ta'umsaa yemmuu ta'anu, ibsoota maqaa lakkoofsaan muraasa ta'anitti maxxanuudhaan tajaajila caaslugaa kennu.

Fakkeenyaaf ,1.Inni [nama gaarii}dha.

- ✓ Inni –matima
- ✓ Nama-maqaa akka aantimaatti
- ✓ Gaarii- ibsa maqaa
- ✓ dha-xumura ta'umsaa akka lat-horsa taajimaatti

2.Kitaabni kun kan [intala diimtuu]ti.

- ✓ *Kitaabni -matima*
- ✓ *Kan –abbummaa mullistuu*
- ✓ *Intala-maqaa*
- ✓ *Diimtuu-maqibsii*

- ✓ *ti-xumura ta'umsaa akka lat-horsa taajimaatti tajaajiltu*

#### 4.1.1.4 Lat-horsoota Faayidaa, Iddoo Galumsaa fi Uunkaa Isaaniitiin

Latorsi afaanota keessatti faayidaa kennuu fi bakka itti argamu /iddoo galumsaa/ mataasaa danda'e qaba.Haaluma kanaan, kitaabilee xiinxxalli kun irratti gaggeeffame keessatti faayidaa latorsi kennuu fi iddoo galumsa latorsaa maal  akka fakkaatu itti aansuudhaan ilaalla.

Faayidaan latorsi afaan keessatti kennu  jechoota horsiisuudha.Jechoota garee tokko keessatti argamanu irratti maxxanuudhaan, garee fi hiika bu'uuraa jechoota sanaa osoo hin jijjiiriin jechoonni tajaajila dabalataa akka kennanu taasisa jechuudha.Adeemsa kana keessa jechoonni afaan tokko keessatti argamanu horuu danda'u. Iddoo galumsaatiin yemmuu xiinxalamus latorsi dhuma jechootaa, yookaan wixina (hundee) jechaarratti fi jechoota latii yaasaa (uumamtee) ofirraa qaban irratti maxxana.Kana jechuun latorsi latii yaasaatti aane dhufuusaa nutti agarsiisa.Fakkeenyaaf, wixina jechootaa 'nam-, fi nyaat' jedhanu haa xiinxallee haa ilaallu.

**1. nam-**  wixina,

-oota/-ootii/-een,  -latorsa danoominaa(nam**oota**,nam**ootii**,nam**een**,)

-ni ...................latorsa matimaa (nam**ni**)

-icha.................addiirraa (beekamtummaa) fi saala dhiiraa (nam**icha**)

-aaf....................aantima mullistuu (nam**aaf**)

-dhaaf.................aantima mullistuu (namootii**dhaaf**)

-an.....................waa wayii eenyuun akka raawwate agarsiisuuf (nam**aan,** harkaan)

-an....................lakkoofsaa fi eenyuun akka ta'e(namoota**an)**

-tu.....................xiyyeeffannoo agarsiisuuf(nama**tu**)

Fakkeenya armaan olitti kenname kanarraa akka hubatamutti latorsoota adda addaatiin jecha 'nama' jedhurraa jechoota hedduu garee fi hiika bu'uuraa jechichaa osoo hin jijjiirin ijaaruun dandaa'ameera.Haaluma kanaan,jecha 'nama' jedhurraa, namni,namoota, namootii,namicha, namaaf, namootiidhaaf, namaan, namootaan, namatu, namichatu fi kkf horsiisuu ni dandeenya jechuudha.

2. **nyaat**- = hundee/wixina/

{-t-}.....ramaddii 2ffaa danuu - nyaat**t**an

{-t-}.....ramaddii 2ffaa qeenxee fi  3ffaa naayee - nyaat**t**e [**Ati** nyaat**t**e.,**Isheen** nyaat**t**e.]

{-an}....lakkoofsa/danooma/ =nyaat**an**,nyaatt**an**

{-e}.............ennaa darbe=nyaat**e**,nyaatt**e**

{-aa..jir-}.....ennaa ammee itti fufaa =nyaat**aa jir**ra.

{-aa....tur-}...ennaa darbeennaa fufanna qabu=nyaat**aa** t**ur**an

{-ee...jir..}....nyaatt**ee jir**ti,nyaat**ee ji**ra fi kkf

**{-**Ø-} ...........ramaddii sadaffaa saala dhiiraa agarsiisa - nyaat- **Ø** -e

{ Ø} .............ramaddii 2ffaa fi 3ffaa danuu keessatti bakka ennaamullistuu qabata - deemt-an- **Ø**, deem-an **-Ø**

Fakkenya armaan olii keessatti latorsoonni gochimoota keessatti tajaajila adda addaa akka kennanuu fi tajaajiloota kanniin yemmuu kennanu hiikaa jechaa isa bu'uuraa fi garee jechichaa osoo hinjijjiiriin faayidaa hormaata jechootaa qofa kennuu danda'uu isaanii hubanna.

Lat-horsoonni iddoo galumsaa isaaniitiinis yemmuu ilaalamanu, dhuma (duubee) jechootaarratti yookiin jechoota latii uumamtee (yaasaa) ofirraa qaban irratti, fi wixina/hundee/jechootaarratti akka ta'e hayyoonni yookiin yaadiddamoonni garaagaraa ni ibsu.Fakkeenyoota armaan gadii keessatti kanneen gurraacha'an lat-horsoota yemmuu ta'anu; iddoon isaan qabatanii jiranus duubee jechootaa, wixinaa fi jechoota latii yaasaa ofirraa qabanu irrattidha.

Fakkeenyaaf, a. Yuunivarsiitii**wwan**, Yuunivarsiitii**lee**

b. deem- {deem**e}**, dhug- {dhug**an}**

c. doof**ummaan{doof-=**wixina**, -ummaa=**yaasaa**,-n=** lat-horsa matim mullistuu**}**

(Doofummaan miidhaa hedduu qaba.)

Kanaan walqabtee kitaabileen xiinxalaman arfanuu faayidaan lat-horsootaa hormaata jechootaatiif akka ta'ee fi iddoon galumsaa isaaniis duubee yookiin guduunfaa jechootaarratti, wixina yookiin hundee jechootaarratti fi jechoota latii yaasaa ofirraa qabanu irratti maxxansuudhaan faayidaa lat-horsootaa agarsiisaniiru; bal'inaan ta'uu baatus.

Lat-horsoonni uunkaa isaaniitin yemmuu xiinxalamanu, gaggabaaboo,hirkatoo,uunkaa tokko tajaajila hedduu kan kennu,uumkaan garaagaraa tajaajila walfakkaataa kan kennanii fi kkf akka ta'e hayyuuleen ni ibsu.Fakkeenyaaf,lat-horsoonni{-oot,-lee,-wwan,-eeyyii} uunkaan isaanii adda adda ta'us tajaajila danoomaa kennu.Lat-horsoonni {-n,-ni,-i fi **Ø}**uunkaan gargar ta'anii tajaajilli isaanii garu tokkodha.Innis,matima mul'isuu ta'a.Lat-horsi{-an}jettu uunkaa tokko qabaattee tajaajila danoomaa maqaa fi danooma gochimaa kenniti.Lat-horsi {-oota}jettus akkasuma maqaa fi ibsa maqaarratti maxxanuun danummaa mullisti.Lat-horsoonni{- icha/-ittii}jedhanu tajaajila addiirraa, fi koorniyaa kennuudhaan beekamu.yaada kana Addunyaa

(201,f.103) kitaaba ‘Sanyii’keessatti ‘fufiileen koorniyaa fi beekamtii/addiirra/ agarsiisuuf dhiyaatan uunkaan isaanii tokko;haala kanaanis,fufiilee tajaajil heddee fi uunki tookkee ta’u’ jechuudhaan ibsa.

Bu’uuruma kanaan kitaabilee filataman keessaa,’Natoo’n fuula 99-102 tti dhamjechoota hirkatoo uunkaa isaanii irratti hundaa’udhaan,dhamjecha duwwaa,dhokataa,tajaajil heddee,fi uunk- tokkee jechuudhaan qoqqoodee fakkeenyaa deeggaree dhiyeessee jira.Haaluuma kanaan dhamjechi duwwaa uunkaan kan jiru tajaajilli isaa dhokataa kan ta’e ta’uusaa,dhamjechi dhokataa uunkaan isaa dhamsaga qaama jechootaa ta’e keessa kan dhookate akka ta’e, fakkeenyaaf,bishaan,midhaan.ilkaan,jechoota jedhanirratti dhamsagni /n/qaama jechoota saniiti.Matima mul’isuudhaaf latii biraa hinbarbaadanu jechuudha.

Gama biraatiin dhamjechoonni uunkaan adda adda ta’anii tajaajila walfakkaata ta’e kennanu kan jiranu ta’uusaa ibseera.Fakkeenyaaf,re’**oota**,jabii**lee**,gaan**golii** fi kkf irratti latorsoonni danoommii mul’isan uunki isaanii tokkoo miti.Dhamjechoonni uunkaan tokko ta’anii tajaajila adda addaa kennanus jiraachuu isaanii ibseera.Fakkeenyaaf,hima ‘Caalaa**n** fardaa**n** midhaa**n** guure.’ jedhu keessatti /-n/ tajaajila adda addaa yemmuu kennitu ni mul’atti. Kitaaba kanaan alatti warri hafan sadan uunkaadhaan qoqqoodanii hin dhiyeessine.Akkasumatti tajaajila latorsoonni kennanu fakkeenya keennaa bira darbani.

### 4.1.2. Guutummaa Fi Sirrummaa Lat-horsoota Kitaabilee Filataman Keessatti Dhiyaatan

#### 4.1.2.1. Guutummaa Lat-horsoota Kitaabilee Filataman Keessaatti

Lat-horsoota maqaarratti maxxanuudhaan tajaajiloota adda addaa kennan ilaalchisee Addunyaa Barkeessaa (2011, f.67-87), kitaaba isaa mata duree ‘Sanyii’jedhu keessatti fi Abarraa fi Kaawwan (1998, f.162-234), hayyuulee adda addaa wabeeffachuudhaan bal’inaan dhiyeessanii jiru. Addunyaa Barkeessaa fi Abarraa fi Kaawwan akka wabiitti yookaan akka safartuutti kanin fudheef, hayyuuleen kunniin kitaabilee isaanii yemmuu qopheessanu hayyuulee biyya keessaaf biyya alaa bal’inaan akka wabiitti fayyadamuu isaanii fi haala yaadiddamni latii ibsuun yoo ilaalaman ga’umsa qabaachuu isaaniitini.Keessattu kitaabni ‘Caasluga Afaan Oromoo’Abarraan faa kan qopheessan erga qophaayee kan ture ta’us isaan reefuu qophaa’aa jiranuuf bu’uura ta’a. Bu’uura kanaan kitaabilee filataman keessatti lat-horsoonni maqaa kan guutummaadhaan hindhiyaanne ta’uu isaanii adda baasuudhaan bifa armaan gadiitiin dhiyeeffameera.

Lat-horsoonni kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman arfan keessatti dhiyaatan akkaataa hayyuuleen kitabilee adda addaa keessatti dhiyeessaniin madaalamuudhaan, guutummaa kan qabanu filannoo(A) jalatti, kitaabilee filataman keessaa kanneen lat-horsoota guutummaadhaan hin dhiyeessine immoo filannoo( B) jalatti mallattoo (x) fayyadamuudhaan gabatee armaan gadii keessatti agarsiifameera.

A.Guutummaa qaba B.Guutummaa hinqabu

**Gabatee 4:7 Guutummaa lat-horsootaa kitaabilee filataman keessatti**

| Akaakulee Lat-horsootaa | Akka hayyuuleen ykn Yaadiddamoonni Jedhanitti | Kitaabilee Filataman | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Furtuu | | Natoo | | Gadaa | | Saaqaa | |
| | | A | B | A | B | A | B | A | B |
| Matim- mullistuu | -n,-ni,-i, -Ø | x | | X | | X | | - | - |
| Aantima kallattii | -a(Sanyii keessatti) | | | X | | | | | |
| Aantima alkallattii | - dhaaf,-dhaa,-ii,-n, -f,-if,af,-af,-dhaaf,-f, | | X | | X | | X | - | - |
| Koorniyaa maqaa | -ttii/ittii , -tuu ,-aa - ch-/-cha,-ee | - | | X | | X | | - | - |
| Danooma maqaa | -(o)ota,-olii,-wwan,-lee,-(a)n,-(e)eyyii,-oo,-een,-eetii,-ii | | X | | X | | X | x | |
| Addiirraa maqaa | -icha/-ch-,-ittii/-tti | - | - | | X | - | - | - | - |
| Meeshaa mullistuu | -dhaan,-aan/-an | | | X | | X | | | |
| Xiyyeeffannoo | -tu,-dhuma,-uma | - | | | X | - | - | - | - |
| Abbummaa mullistuu | Kan | - | | - | | | X | x | |
| Ennaa mullistuu | -e,-ee,-a,-aa,-ii,-uu, fi xumuroota gargaartuu | | X | | X | | X | | x |
| Danooma Xumuraa | -an,-n-,-r- | x | | X | | X | | x | |
| Gulantaa mullistuu | t,d,n,r | x | | X | | X | | x | |
| Addiiraa maqibsii | -icha/-ch-, -ittii/-ttii | | | | X | | | | |
| danooma maqibsii | -ota/-oota | | | | X | | | | |
| Koorniyaa maqibsii | -eessa,-aa, -ttii/-eettii ,-tuu, -uu,-oo,-duu | | | | X | | | | |

Gabateen armaan olii kitaabilee filataman keessaatti lat-horsootni dhiyaatan guutummaadhaan dhiyaachuuf dhiyaachuu dhiisuu isaanii kan agarsiisuudha.Kitaabilee guutummaadhaan dhiyeessan toora ‘A’ jalatti, kanneen guutummaadhaan hindhiyeessinee immoo ‘B’ jalatti mallattoo‘x’fayyadamuudhaan agarsiifameera. Kanneen tasuma hindhiyeessine immoo sarara xiqqaa fayyadamuudhaan ibseera.Guutummaadhaan dhiyeessuu jechuun, lat-horsoota maqaa, gochimaa fi ibsa maqaarratti maxxanuudhaan tajaajiloota adda addaa kennanu hunda fakkeenyaan deeggaree fi ibsa barbaachisuu dhiyeessuu kan ilaallatudha**.**

Haaluma kanaan,kitaabni ‘Saaqaa’(2019) lat-horsoota maayii matimaa, maayii aantimaa, lat-horsoota addiirraa /beekamtummaa/ agarsiisanu,lat-horsoota maqibsii keessatti saala,lakkoofsaa fi addiirra agarsiisanu kan hindhiyeessine yemmuu ta’u,lat-horsoota ennaa mul’isanu guutummaadhaan hindhiyeessine.Ennaa egeree keessaa lat-horsoota ennaa egeree mamii mullisanu hindhiyeessine. Kitaabni kun bal’inaan kan inni dhiyeesse latorsa danooma maqaa fi latorsa koorniyaa maqaa mullisanudha.

Kitaabni ‘Natoo’(2012) latorsa abbummaa osoo hindhiyeessin hafuudhaan  alatti gosa kaan hunda dhiyeesseera.Garuu bal’inaan fakkeenya kennee hindhiyeessine.Irra irraa tuttuqee dhiise.Lat-horsi kitaabni kun guutummaadhaan dhiyeesse, kanneen koorniyaa maqaa fi danummaaf gulantaa gochimaa mullisanudha.  Kitaabni ‘Furtuu’ lat-horsoota matimaa bal’inaan xiinxalee, fakkeenyaan deeggaree dhiyeessee jira. Hanqinni ‘Furtuu’ lat-horsoota koorniyaa maqaa agarsiisanuu, maqaa keessatti addiirraa  agarsiisanu ,gochima keessaammoo kanneen ennaa egeree agarsiisanuu fi latorsoota maqibsii kan hindhiyeessine. Kanaafuu guutummaa hinqabu jechuudha.Gama biraatiin,’Natoo’n aantima sirrii mullistuun jirti; isheenis latii/-a/ jettudha jedha.’Furtuu’n immoo gama isaatiin aantima sirrii mullistuun hin jirtu; latorsi uunkaa jecha tokko hinjijjiru yoo ta’e, tajaajila hinkennine jechuudha jedha.Kitaaba Addunyaa (201,f.72) kitaabasa ‘Sanyii’keessatti /-a/n aantima sirrii mullisuun tajaajila kenniti jedha.

Kitaabni ‘Gadaa’(2012) lat-horsoota maqaa fi xumura irratti argamuudhaan tajaajila adda adda kennaanu guutummaadhaan hindhiyeessine;irra irraa tuttuqee bira darbe.Gama biraatiin lat-horsoota addiirraa/beekamtummaa/ maqaa agarsiisanuu fi lat-horsoota ibsoota maqaarratti maxxanuudhaan tajaajila koorniyaa,lakkoofsaa fi addiirraa kennanu  tasuma  hindhiyeessine.Lat-horsa/-tu/ jettu ilaalchisee,kitaabni ‘Gadaa’matim mullistuudha yemmuu jedhu,kitaabni ‘Natoo’ immoo gama isaatiin ‘xiyyeeffannoo’mullisti jechuudhaan dhiyeesse.Akka maddoota garaa

garaa iraa argametti, fakkeenyaaaf, Abbarraa fi Kaawwan(1998) inni ‘Natoo’n dhiyeesse sirriidha.

Walumaagalatti, kitaabileen sakatta’aman arfan isaaniiyyuu lat-horsoota tajaajila adda addaa kennanu guutummaadhaan kan hin dhiyeessine akka ta’e hubatameera.

### 4.1.2.2. Sirrummaa Lat-horsoota Kitaabilee Seerlugaa Filataman Keessaatti

Lat-horsoonni kitaabilee seerluga afaan Oromoo filataman arfan keessatti dhiyaatan akkaataa hayyuuleen kitabilee adda addaa keessatti dhiyeessaniin, Sirrummaa kan qabanu filannoo( A) jalatti kitaabilee filataman keessaa kanneen Sirrummaa hin qabne immoo filannoo( B) jalatti mallattoo (x*)* fayyadamuudhaan gabatee armaan gadii keessatti agarsiifameera.

A.Sirrummaa qaba B.Sirrummaa hinqabu

**Gabatee 4:8 Sirrummaa lat-horsoota kitaabilee seerlugaa filataman keessatti dhiyaatan**

| Lat-horsoota tajaajila kennanuun | Kan yaadiddamoonni /hayyuuleen/ dhiyeessan | Kitaabilee filataman keessatti | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Furtuu | | Natoo | | Gadaa | | Saaqaa | |
| | | A | B | A | B | A | B | A | B |
| Matim- mullistuu | -n,-ni,-i, -Ø | X | | X | | | X | | - |
| Aantima kallattii | -a(Sanyii keessatti) | - | - | | X | - | - | - | - |
| Aantima alkallattii | -dhaaf,-dhaa,-ii,-n, -f,- if,-af, | X | | X | | x | | - | - |
| Koorniyaa maqaa | -ttii/ittii,-tuu,-aa,-ch-/- cha | - | | X | | x | | | x |
| Danummaa maqaa | -(o)ota,-olii,-wwan,-lee,-an,--(e)eyyii,-oo,-een,-eetii,-ii ,-ee | X | | | X | | X | | x |
| Addiirraa maqaa | -icha/-ch-,-ittii/-tti | - | | x | | - | | - | |
| Xiyyeeffannoo | -tu,-dhuma,-uma | - | | x | | | X | - | |
| Meeshaa mullistuu | -dhaan,-aan/-an | - | | x | - | x | | - | |
| Abbummaa mul’istuu | Kan | - | | - | - | | X | X | |
| Ennaa mullistuu | -e,-ee,-a,-aa,-ii,-uu, fi jir- | | x | x | | | X | | x |
| Danooma Xumuraa | -an,-n- ,-r- | X | | x | | x | | X | |
| Gulantaa mullistuu | -t,-d,-n,-r | X | | x | | x | | X | |
| Addiira maqibsii | -icha/-ch-,-ittii/-tti | | | x | | | | | |
| Danooma maqibsii | -ota/-oota | - | - | x | | - | - | - | - |
| Koorniyaa maqibsii | -eessa,-aa, -ttii/-eettii,- tuu, -uu,-oo, -duu, -ch-, | | | x | | | | - | - |

Gabatee armaan olii keessatti lat-horsoonni kitaabilee filataman keessatti dhiyaatan sirrummaa qabaachuu fi qabaachuu dhiisuu isaaniitu  xiinxalamee dhiyaate.Kunis,jalqabarratti tajaajilli la-horsoonni kennanu erga tarreeffameen booda lat-horsoonni tajaajila sana kennanu kanneen hayyuulee fi kitaabilee adda addaa irraa fudhataman lafa kaawwamanii jiru.Itti aansuudhaan kitaabileen filataman dalga tarreeffamuun mallattoo ‘x’filannoo ‘A’ fi ‘B’ jalatti kennuun agarsiifameera.Filannoon ‘A’ sirriitti dhiyeessuu yoo agarsiisu,filannoon ‘B’ immoo sirriitti kan hindhiyyeessine bakka bu’a.

Haaluma kanaan,kitaabni ‘Saaqaa’lat-horsoota danummaa fi koorniyaa maqaa agarsiisanu, akkasumas,lat-horsoota ennaa agarsiisanu bal’inaan dhiyeessee jira.Haat’u malee, haalli inni itti ibse,fakkeenyi inni kennee fi haalli qulqullina barreeffamaa rakkoo sirrummaa qaba. Fakkeenyaaf,fuula,142-143,irratti ennaa irratti,fuula 161 irratti ennaa egeree irratti fakkeenyi kenname,fuula 187-189 lat-horsa danooma maqaa agarsisanu irratti rakkoo sirrummaa qaba.Fakkeenyaaf,latorsa/-ootii/ jedhu fudhatee, jechoota duubaan dheeroo ta’an irratti maxxana jedhee dhiyeesse.Garuummoo latorsi/-ootii/ jettu jechoota duubaan gabaaboo ta’an irrattis (Fknf.sang**aa**-sangootii,nam**a**-namootii) maxxanuu ni dandeessi.

Kitaabni ‘Natoo’ gama isaatiin lat-horsoota /-ch- fi -ttii/ (f.119) irratti qeenxessitoota akka ta’an ibseera.Akkataa yaadiddamootaatti immoo { ch-/-icha, fi -ittii/-ttii}kanneen jedhanu koorniyaa fi addiirraa/beekamtummaa/ agarsiisuuf jedhu malee qeenxummaa agarsiisu kan jedhu hin jeru. Akka koottis, qeenxeen jalqabumaayyuu qeenxee waan taateef,maxxantuu hin barbaaddu ejjennoo jedhun qaba.Kana malees,/-a/ aantima sirrii agarsiisti jechuudhaan kan dhiyeesses gaaffii kan kaasudha.Jechoonni dhamsaga /a/ tiin ala xumuraman akkam ta’u?Fakkeenyaaf jecha[nama] jedhurraatti /-a/ argamtu aantima sirrii mullisti yoo ta’e,jechootni ulee,gaangoo,fi kkf qubee /a/ tiin ala xumuraman aantimni sirrii isaanii maal ta’a? Latorsi tokko uunkaa jecha tokko hinjijjiru yoo ta’e, waa hindabalamne jechuudha.Kanaafuu, asirratti sirrii akka hintaanetti fudheera.

Inni kan biraa haala kitaabni ‘Gadaa’ (2012) latorsoota itti dhiyeesse kan ilaallatuudha.Kitaabni kun lat-horsoota tokko tokko akkuma hindhiyeessine,warruma dhiyeesse immoo bakka sirriitti itti hindhiyeessine qaba.Fakkeenyaaf,lat-horsoota danoomaa yeroo dhiyeessu, danummaa maqaa fi danummaa gochimaa kan agarsiisanu walkeessa makee dhiyeesse.Namni kitaabicha dubbisu burjaaja’uu ni danda’a.Lat-horsi maqaa fi xumuraa dubbistoota/barattoota/jala waldhahuu ykn

walmakachuu danda’a.Kana malees,fuula 63 irratti lat-horsoota koorniyaa maqaa mul’isanu osoo ibsaa jiruu fakkeenyarratti kan dhiyeesse garuu jechoota garee xumuraa,ibsa maqaa fi maqaa dhuunfaadha.Fakkeenyaaf,’Ganamee’kan jedhu irratti saala kan agarsiisu latorsa/-ee/dha, jechudhaan dhiyeessee jira.Kun sirrummaan isaa amansiisaa miti.Maqaan dhuunfaa danoomuu hindanda’u,akkasumas,uumamumaan saala mul’isa malee latorsa ofitti maxxanfachuu hindanda’u.

Kitaabni ‘Furtuu’(2019),lat-horsoota ennaa mullisanu yeroo ibsu latorsi/-an/ jettu ennaa darbaa agarsiisuuf akka jechootarratti argamtu ibsee jira.Kun dogoggoradha.Sababni isaas,/-an/ gochimootarratti maxxanuudhaan danummaa gochimootaa agarsiisa malee ennaa hin agarsiisu waan ta’eefidha.Jechoonni latorsa/-an/jedhanuun xumuraman ennaa kan mullisanu dhamjecha dhokataa fayyadamuudhaani.Fakkeenyaaf,’Barattoonni  gara maatii isaaniitti galan.’Hima kana keessatti ennaa mullistuun uunkaadhaan hin mul’atu.Gochimni,’galan’ jedhu,yoo qoqqoodamu {gal-an- Ø} ta’a.’Gal-‘wixina gochimaa, /-an/ kan jettu latorsa danummaa mullistu, / -Ø/n immoo ennaa darbe agarsiisti.

Walumaagalatti,kitaabileen xiinxalaaf filataman arfanuu lat-horsoota dhiyeessan mata duree kennaniifii kan hindhiyeessine ta’uu,qofaa qofaatti adda baasanii dhiyeessuu hafuu,waan dhiyeessan bal’inaan ibsaa fi fakkeenya kennaa kan hindhiyeessine akka ta’e,irra irraa tuttuqanii kan dhiisan ta’uun isaa qaama kitaabicha fayyadamuuf wanti dhiyaate guutummaa fi sirrummaa dhabuun beekumsa guutuu dabarsuurratti rakkoo kan qabu ta’uu,latorsoonni dhiyaatan walmakatoo ta’uu,latorsi dhamjechoota hirkatoo keessaa gosa tokko ta’ee,osoo jiruu maqaa’ dhamjecha’ jedhuun waamamuun isaa akka rakkootti dhimmota ilaalamaniidha.

### 4.1.3. Ciminaalee Fi Hanqinaalee Gurguddoo Haala Dhiyeessa Latorsaa Kitaabilee Filataman Keessatti Mul’atan

Ciminaalee fi hanqinaaleen kitaabilee seerlugaa filatamanii xiinxala gaggeefameen adda baheera. Haalumaa kanaan armaan gaditti hanqinni ijoo fi ciminni ijoo kitaabilee sakatta’aman arfan keessatti mul’ate dhiyaateera**.**

#### 4.1.3.1. Ciminaalee Kitaabilee Filatamanii

Kitaabni ‘Natoo’Cimina alee itti aananu qaba.Ciminaaleen kitaaba ‘Natoo’kanneen itti aananu ta’u.

- Fuula, 97 irratti fakkeenya(31a fi b) irratti latorsootaa fi tajaajila isaanii caatoodhaan gabaabsee dhiyeessuu isaa,

Innis, jechoonni akka fakkeenyaatti fudhataman akkaataa lat-horsoota maayii matimaa, maayii aantimaa, maayii koorniyaa, maayii meeshaa mul'istuu, maayii xiyyeeffannoo mullistuu fi murteessituu mul'istuu fufsiifachuudhaan tajaajila caaslugaa itti kennuu danda'anu agarsiisee jira.

- Ciminni kitaaba 'Natoo' inni kan biroon,lat-horsoota addiirraa/beekamtummaa/,fi latorsoota maqibsii muraasa dhiyeessuu isaa
- Lat-horsoonni maayii aantima alkallattii kennanuu fi durduubewwan hirkatoo maayii meeshaa agarsiisanuun kan walfakkatan akka ta'ee fi addaan baasuun rakkisaa ta'uu ibsuu isaati.Kunimmoo yoo xiqqaate namni kitaabicha dubbisu akka itti yaadu taasisa.
- Lat-horsoota dhokatoo,duwwaa, uunk-tokkee fi tajaajil-tokkee akkaataa isaan tajaajila itti kennanu adda baasee dhiyeessuu isaa,
- Mata duree lat-horsa jedhu akka mata duree tokkootti dhiyeessuu isaa cimina isaati.

Kitaabni 'Gadaa'Ciminalee qabu keessaa dhuma boqqonnaaleetti gilgaalota shaakalaaf ta'an dhiyeessuu danda'uu isaati(Fknf.boqonnaa 4 fuula,80-83 fi boqonnaa 7 fuula122-125,boqonnaa 12ffaa).

- Gaaffiilee kitaabni kun dhiyeesse keessaa muraasni,(1). Kitaaba Abdoof kenni.Kan jala murame maal ibsa? a. sababa b.mathima c. abbummaa d. akeektuu(f.82),(2).Jecha 'fardeen' jedhu keessatti dhamjechi heddumina mul'isu yookaan danoomina mul'isu kami? A.{-en} B. {-een} C{-deen} D.{-n},(196).,(3). Hima 'Margeen dhufte."jedhu keessatti {-t}n maal mul'isa? (196) A.yeroo darbe B.ibsa xumuraa C.Koorniyaa D.maqaa,(4). Jecha 'namoota' jedhu keessatti latoon danoomina mul'isu isa kami?(196) A, nam- B. -ta C. -oota D. –moota (5). Jecha 'fiige' jedhu keessatti maxxantuun yeroo agarsiisu kami?(208) A.-g- B .-f- C.-e D.-ii-.
- Fuula 63-64tti gosoota maxxantoota boodaa faayidaa isaani irrati hundaa'udhaan qoqqoodee dhiheessu isaa fi boqonnaalee gara garaa keessatti latorsoota tajaajila adda addaa kennanu dhiyeessuu isaati.
- Ciminni kitaaba 'Saaqaa', gochimoota keessatti sagaleeleen gara sagalee olla isaaniitti jijjiramuudhaan tajaajila ramaddii 2ffaa lakkoofsa danuuf qeenxee, ramaddii sadaffaa qeenxee saala dhalaa akka agarsiisanu (f,150) irratti ibsuu isaa,

- Latorsoota danooma maqaa,koorniyaa fi ennaa bal'inaan tokko tokkoon fakkeenyaan agarsiisuu isaa fi tajaajila kennanu bal'inaan dhiyeessuu isaa fi kkf.
- Inni kan biroon kitaaba 'Furtuu' yemmuu ta'u,kitaabni kun fakkeenyaa fi ibsa ifa ta'e,haala hubatamuu danda'uun dhiyeessuun isaa cimina isaati.
- Hamma dhiyeesse qulqullinaan dhiyeessuu isaa fi kkf.

#### 4.1.3.2. Hanqinaalee Kitaabilee Filatamanii

- Akka hanqinaatti kitaabni 'Natoo'qabiyyee latorsaa bal'inaan dhiyeessuu hafuun, barattoota hubannoo latiilee irratti hinqabnerratti ulfaachuu kan danda'u ta'uusaa,mata duree latorsa jedhu (f.96) irratti fuula walakkaarratti ibsee bira darbe.
- Latiin qeenxummaa maqaa mullisu Afaan Oromoo keessa jira jedhee dhiyeessuun isaa (f.119),
- Latiin /a/ aantima sirrii agarsiisuuf nu gargaarti jedhee dhiyeessuu,fi dhamjechoota hirkatootiin /fufiileedhaan/ duuchaadhumaan 'dhamjechoota' jedhee waamuu
- Akaakulee latorsaa maqaa, gochimaa fi ibsa maqaarratti argamanu adda baasee mata duree itti kennee tokko tokkoon dhiyeessuu hafuu fi kkf.

Inni kan biraan kitaaba 'Gadaa' yemmuu ta'u, kitaabni kunis hanqinoota mataasaa qaba. Hanqinaaleen kitaaba 'Gadaa' keessatti mul'atan,

- Dhamjechoota hirkatootiin 'dhamjecha' jechuudhaan waamuu isaa,
- Fuula 74 irratti '{-ti fi -dha} n gochimoota ta'umsaati' jechuudhaan dhiyeessee; fuula, 64 irrattimmoo/-ti/ n abbummaa agarsiisti jechuudhaan akka latii hirkattuutti dhiyeesseera. Garuu maalif bakka lamaanuutti akka fayyadame sababa isaa walbira qabee hin ibsine callisee bira darbe.
- Dhamjechoonni hirkatoo,{-ni,-dhaan,-tiin,-tti,-f,-dhaaf} akka durduubee hirkatoo meeshaa mullistuuttis,akka aantima meeshaa mullistuutti kitaabicha keessatti dhiyaataniiru.Garuu maalif akka walfakkaatanii fi akkamitti eessatti akka tajaajila kennanu ilaalchisee ibsi kenname kan hinjire ta'uu(f.79),
- Dhamjechoota hortee warra dhiyeesse xiyyeeffannoo itti kennee bal'inaan dhiyeessuu hafuu,

- Fuula 63-64tti gosoota maxxantoota boodaa faayidaa isaani irrati hundaa'udhaan qoqqoodee kan dhiyeesse ta'uus latorsaa fi latii yaasaa walkeessa make dhiyeessuun isaa hanqina.
- Kana malees,{deemtan}kan jedhu keessaa{-tan},ramaddii mul'istuu jedhee dhiyeessuu.

Inni sadaffaan kitaaba 'Saaqaa' yemmuu ta'u; kitaaba kana keessahanqinaalee itti aanantu jiru.

- Hanqinni kitaaba 'Saaqaa'latiilee hirkatoodhaan 'dhamjecha' jedhee waamuu isaa;dhmjechi hirkataa fi of danda'aa bakka bu'uu danda'a waan ta'eef,
- Kitaaba 'saaqaa' fuula (136) irratti maqooleen kormaaf {,-eeysa, -icha,-eessa,-aa,}, akkasumas dhalaaf {-eeytii,-ittii,-eettii,/-tuu/-duu,-oo} maxxanfatanii saala agarsiisu jedha.Yaanni kun mataa isaatiin kitaabuma kana keessatti fakkeenya fuula 135 irratti jechoota maxxantoota {,-eeysa, -icha,-eessa,-aa, fi -eeytii,-ittii,-eettii,-tuu,-duu,oo}ofirraa qabaniin uumamaan saala agarsiisu jedha.Yaada walfaallessuu dhiyeesse jechuudha.
- Fakkeenyonni (f.87) irratti dhiyaatan dogoggora qubeessuu qabu.Fakkeenyaaf, 'qaawa','sawa'gochuudhaan latii danummaa /-wwan/ itti dabaluudhaan {qaawwan, saawwan} taasisee dhiyeesse.Jechoonni kunniin garuu sirriitti yeroo qubeeffamanu,' qaawwa' fi 'saawwa'ta'u.Sana booda latorsa danoomaa {-n} fudhachuudhaan, 'qaawwan fi saawwan'ta'anii gara lakkoofsa danuutti jijjiiramuu qabu ture.Kanaafuu /-wwan/ fudhatu jedhee dhiyeessuun isaa dogoggora jechuudha.
- Latorsoota {-te,-ne,-tan}, haalli itti dhiyeessee sirrii miti.Hubatamuu hindanda'anu. Latorsoota kunniin tajaajila garaagaraa lama lama qabu; kitaabichi garuu bakkuma tokkotti ibsee jira.
- Latorsoota addiirraa, aantima, matimaa fi meeshaa waa ittiin raawwatame agarsiisanu hindhiyeessine. Kanaafuu, guutummaa hinqabu jechuudha.
- Qulqullinni barreeffamaa fi dogoggorri qubeessuu bal'inaan mul'ata.

Kitaabni 'Furtuu'akkuma warra kaanii hanqinaalee qaba.Kunis,

- Latorsoota hunda tajaajila isaanii wajjin dhiyeessuu hafuu, kaan dhiyeessee kaan dhiisuu, ibsaa fi fakkeenya gahaa kennuu dhabuun ni mul'ata.
- Mata duree lat-horsa jedhu dhiyeessuu dhiisuu, dhamjechoota hirkataatiin (fufiileedhaan) dhamjecha jechuudhaan waamuu,fi kkf akka hanqinaatti ka'u.

Egaan,qorataan kun kitabilee filataman arfan sakatta'uudhaan akaakulee latorsoota kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan, tajaajila, uunkaa fi iddoo galumsaa isaaniitiin adda baaseera.

Sakatta'a taasifameen kitaabilee qorannoon kun irratti gaggeeffame arfan keessatti akaakuleen lat-horsoota dhiyaataniif hindhiyaanne adda bahanii jiru.Kanaan walqabatee kitaabileen arfanuu lat-horsoota tajaajila seerlugaa adda addaatiif oolanu hunda hindhiyeessine.Garii isaanii irra irraa,kaan immoo tasuma hindhiyeessine.Kanaafuu,guutummaa kan hin qabne ta'uun akka hanqina ijoo tokkootti fudhatameera.Inni biroon, lat-horsootumti dhiyaatan sirrummaan isaanii maal akka fakkaatu xiinxalameera.kanaanis,hanqinaaleen kan jiranu ta'uunsaa argameera.

Haaluma kanaan,kitaabilee filataman arfanuu keessatti latorsoonni dhiyaatan xiyyeeffannoo argatanii kan hin dhiyaanne akka ta'e;guutummaa kan hinqabne,rakkoo sirrummaa kan qaban ta'uun bira gahamee jira.Fakkeenyaaf, latorsoota maqaa keessaa, latorsi addiirraa xiyyeeffannoo argatee kan hin dhiyaanne akka ta'ee fi latorsoota meeshaa mullistuu fi aantim mullistuu gidduu garaagarummaan jiru sirriitti ifa ta'e kan hindhiyaanne ta'uu,latorsoota maayii aantimaa kennanuu fi durduubeewwan hirkatoo gidduu garaagarummaan jiru jala muramee kan hindhiyaanne ta'uunsaa adda baheera.

Walumaagalatti akka armaan olitti dhiyaatetti lat-horsootaaf xiyyeeffannoon kan hin kennamnee fi kitaabilee filataman arfanuu keessatti rakkoon guutummaaf sirrummaa kan jiru ta'uusaa, lat-horsoonni kitaabilee filataman arfan keessatti dhiyaatan uunkaa isaaniitiin yemmuu ilaalamu hanqina kan qabanu ta'uu;fakkeenyaaf,lat-horsoota uunkaa garaa garaa qabanu bakka tokkotti fudhachuun tajaajila tokko akka kennanu godhanii dhiyeessuu{-ne,-te,-tan},fi tajaaijla lat-horsootaa ifaan agarsiisuu hafuun hanqinadha.Itti aansuudhaan boqonnaa 5$^{ffaa}$ keessatti immoo cuunfaan, goolabni, argannoowwanii fi yaadi furmaata dhiyaatee jira.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GOOLABA, ARGANNOO FI FURMAATA

Boqonnaan kun bakka hojiin qorannoo kanaa itti goolabameedha.Haaluma kanaan armaan gaditti cuunfaan, goolabni, argannoo fi yaanni furmaataa wal duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

## 5.1. Cuunfaa Qorannichaa

Qorannoon kun mata duree ‘Xiinxala guutummaa fi sirrummaa lat-horsaa: Kitaabilee Seerlugaa Afaan Oromoo filataman keessatti’ jedhu irratti gaggeeffame. Qorannichi boqonnaalee shan kan of keessaa qabu yemmuu ta’u, boqonnaan 1ffaa seenduubee, ka’umsa, kaayyoo, daangaa, fi barbaachisummaa qorannichaa dhiyeessee jira.Boqonnaan 2ffaa sakatta’a barruu kan dhiyeesse yemmuu ta’u, kutaan kun bakka yaadrimeen, sakatta’i qorannoolee walfakkii fi yaaxxinni /yaadiddamni/ qorannichaa itti dhiyaataniidha. Boqonnaan 3ffaa mala qorannoon kun ittiin gaggeeffame dhiyeesseera.As keessatti saxaxni qorannichaa, meeshaalee ragaan ittiin sassaabamee fi mala xiinxala ragaaleetu dhiyaate.Boqonnaan 4ffaan ragaalee sakatta’a kitaabilee filataman irraa argame kan dhiyeesse yemmuu ta’u, boqonnaa 5ffaa fi inni dhumaa immoo cuunfaa,goolaba qorannichaa,argannoolee fi yaadolee furmaataa dhiyeessee jira.

Ka’umsi qorannichaa, lat-horsi kitaabilee seerluga afaan Oromoo filataman keessatti akkaataan itti dhiyaate yaadiddama latiitiin yemmuu ilaalamu qaawwa qabaachuusaa, kitaabilee kanniin irratti qorannoon bal’inaan kan hingaggeeffamne ta’uu,fi argannooleen qorannoolee dhamjechoota hirkatoo kitaabilee barnootaa kan barattootaa kutaalee 10ffaa,11ffaa fi 12ffaa irratti qorattoota adda addaatiin gaggeeffame irraa argaman hanqinni jiraachuu agarsiisuu isaaniiti. Daangaan qorannoo kanaa, kitaabilee Seerlugaa Afaan Oromoo 'Furtuu' (2019) max.6ffaa, 'Natoo' (2012) max.2ffaa,'Gadaa' (2012) max.3ffaa fi 'Saaqaa'(2021) max.16ffaa’, mata duree ‘Xiinxala guutummaa fi sirrummaa lat-horsaa’ jedhudha.Kaayyoon qorannichaas,lat-horsoota kitaabilee seerluga Afaan Oromoo filataman irratti xiinxala gaggeessuudhaan, haala latorsi itti dhiyaate, sirrummaafi guutummaa qabaachuu isaa sakatta’uudhaan dhiyeessuudha. Kunis, yaadiddama tajaajilaa fi caasaa fayyadmuudhaan xiinxalli kan gaggeeffame yoo ta’u, hanqinaalee gama kanaan mul’atan adda baasuun yaanni furmaataa lafa kaawwameera.

Qorannoon kun erga faccisaaf dhiyaatee mirkanaa'een booda,bu'aa qorannichaarraa qaamoleen fayyadamoo ta'an ni jiru.Isaanis, qopheessitoota kitaabilee seerlugaa,barsiisota afaan oromoo, barattoota sadarkaa adda addaarra jiranuu fi namoota kanaan booda mata duree walfakkaatu irratti qorannoo gaggeessanudha.Qorannoon kun yemmuu adeemsifametti qorannoolee mata duree qorannoo kanaatiin walfakkeenya qaban irratti sakatta'iinsi geggeeffameera.Gosti qorannichaas, ibsaa /addeessaa/ yoo ta'u,maddi ragaa kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo filataman ta'ee, meshaan funaansa ragaalee qorataan kun dhimma itti ba'es sakatta'a dookimantiiti.

Boqonnaa afraffaa keessatti ragaaleen cheekliistiidhaan sassaabaman akkaataa walitti dhufeenya isaaniitiin barreeffamaa fi gabateedhaan akkaataa tartiiba gaaffilee bu'uuraa qorannichaatiin qaacceeffamuudhaan dhiyaatanii jiru.Dhumarrattis,boqonnaa 5ffaa kana keessatti goolabni fi argannoon akkasumas yaanni furmaataa kennamuun qorannichi goolabameera.

## 5.2. Goolaba Qorannichaa

- Qorannoon kun mata duree, 'xiinxala guutummaa fi sirrummaa lat-horsaa: kitaabilee seerlugaa filataman keessatti'jedhu irratti gaggeeffame.
- Qorannoo kana akka gaggeessuuf qorataa kana wantoonni kakaasan hanqinaaleen kitaabilee filataman keessatti mul'achuu, qorannooleen kitaabilee seerlugaa irratti gaggeeffamuu hafuu, fi argannooleen qorannoolee walfakkii irraa argaman hanqinaaleen haala dhiyaannaa latiilee hirkataa kitaabilee barnootaa kutaa 10ffaa - 12ffaa keessatti jiraachuu isaa kallatti agarsiisuu isaaniiti.
- Qorannoo kana irraa qaamoleen adda addaa fayyadamoo yoo ta'anu,haalli itti qorannoon qaamolee kana bira gahuun danda'amus manneen kitaabaa keessa kaa'uu fi interneetarratti dhoobuudhaan ta'a.
- Qorannichi yaadiddama caasessaa fi tajaajilaa bu'uura godhachuudhaan lat-horsoonni faayidaa, uunkaa fi iddoo galumsaa isaaniitiin xiinxalamanii jiru.
- Gosti qorannoo kanaa qulqulleeffataa yoo ta'u, mala sakatta'a dookimantiitiin ragaaleen walitti sassaabaman bifa barreeffamaa fi gabateetiin boqonnaa 4ffaa keesssatti dhiyaatanii jiru.

- Haalli boqonnaa 4ffaa keessatti itti xiinxalame tartiiba gaaffilee qorannootiin yemmuu ta'u, kitaabilee filataman keesatti lat-horsoonni dhiyaataniif hin dhiyaanne, lat-horsoonni dhiyaatan kunneenis guutummaa fi sirrummaa qabaachuuf qabaachuu dhiisuu isaanii, akkasumas, ciminaalee fi hanqinaaleen mul'atan adda bahanii dhiyaatanii jiru.
- Haaluma kanaan, kitaabilee filataman keessatti akaakuleen lat-horsaa hindhiyaatin hafan kan jiranu ta'uun isaanii adda baheera.Kanniin dhiyaatanis darbee darbee sirrummaa kan hinqabne ta'uun isaanii bira gahameera.
- Kunis, rakkoon guutummaa fi sirrummaa kan jiru ta'uu isaafi hanqinaalee mul'atan kanneeniif yaadni furmaataa kennamuudhaan qorannoon kun goolabameera.

### 5.3. Argannoolee Qorannichaa

Kitaabilee seerlugaa filataman irratti xiinxala gaggeeffameen argannoowwan itti aananu kunniin bira gahamanii jiru.

- Kitaabilee filataman keessatti akaakuuleen lat-horsootaa dhiyaatanii fi hindhiyaanne adda bahuudhaan beekamanii jiru.Haaluma kanaan kitaabileen filatamanii qorannoon irraatti gaggeeffame rakkoon guutummaa kan jiru ta'usaa nutti agarsiisa.Bu'uura kanaan,
  - Kitaaba' Furtuu'(2011/19) max. 6ffaa'Gadaa' (2012), max.3ffaa fi 'Saaqaa' (2013/21) max. 16ffaa keessatti lat-horsoonni addiirraa mul'isan kan hin dhiyaanne akka ta'e sakatta'a godhameen bira gahameera.
  - Lat-horsoota danummaa maqaa agarsiisanuun walqabatee ibsi fi fakkeenyi sirrii hin taane kennamuu isaa.Fakkeenyaaf,'Saaqaa'n latorsa /-ootii/ (f.189) jechoota duubaan dheeroo ta'antu ofitti maxxanfatu jedha.Garuu fufiin kun jechoota gaggabaaboo irrattis ni maxxanti.
  - Kitaabaa Furtuu'(2011/19) max.6ffaa,'Gadaa'(2012) max.3ffaa,fi'Saaqaa'(2013/21) max. 16ffaa keessatti lat-horsootni ibsoota maqaa kan hindhiyaanne ta'uusaa fi 'Furtuu' keessatti lat-horsoonni koorniyaa mul'isanu kan hindhiyaanne ta'uusaa bira gahameera.
  - Kitaabni 'Gadaa' fuula 112 irratti qabiyyee 'dhamjecha dhokataa' jedhu dhiyeessuudhaan fakkeenya ,hima'Bishaan dhugne.'jedhu kenneera.Haaluma kanaan dhamjechi dhokataa

bamaqaa ‘Nuyi’ kan jedhudha jechuudhaan ibsa.Garuu ‘Nuyi’ matima dhokataa ta’a malee dhamjecha dhokataa hin ta’u.Asirratti rakkoon xiyyeeffannoo akka jiru nutti agarsiisa. Kunis, sirrummaa irratti qaawwi jiraachuu agarsiisa.

- Kitaabaa ‘Saaqaa’ (2013/21) max.16ffaa keessatti lat-horsootni matim-mul’istuu, aantim mul’istuu, fi latorsi meeshaa mul’istuu kan hindhiyaanne akka ta’e,’Natoo’ (2012) keesaatti immoo abbummaa mul’istuun kan hindhiyaanne ta’uu fi xiyyeeffannoo mul’istuun ‘Natoo’keessatti qofa akka dhiyaate qorannoo kanaan bira gahameera.
- Tajaajilli lat-horsi Afaan Oromoo keessatti qabu bal’aa ta’us, kitaabilee filatamanii xiinxalaman keessatti xiyyeeffannoon lat-horsaaf kenname gadaanaa akka ta’e, Fakkeenyaaf, ’Natoo’(2012) fuula walakkaatiin dhiyeessuu isaa (f.96),maalummaadhuma lat-horsaallee osoo hin ibsin bira darbuun isaa rakkoo guutummaa kan qabu ta’uu agarsiisa.

❖ Kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo filataman keessatti akkaataan lat-horsi itti dhiyaate rakkoo sirrummaa kan qaban akka ta’e bira gahamee jira.Haaluma kanaan,

- Latorsi {-ti} kitaaba ‘Gadaa’ keessatti akka matimaa, akka abbummaa mul’istuu, fi akka xumura ta’umsaatti tajaajiluu akka dandeessu ibsameera.Kun immoo barattoota kitaaba kana dubbisanutti dhimma walxaxaa ta’uu ni mala. Iddoo garaagaraa keessatti tajaajila adda addaa akkamiin kennuu akka dandeesse ibsuu qaba ture.Kanarraa kan hubatame ibsi sirrii fi guutuu ta’e kan hinkennamne ta’uusaati.
- ‘Natoo’n fuula 119 irratti {-ttii/-cha} qeenxummaa mul’isu, jechuudhaan dhiyeesseera. Akka yaadiddamoonni ibsanitti immoo {-ttii fi -cha} addiirraa/beekamtummaa/ mullistuudha. Akka koottis jechi qeenxeen maxxantuu hin barbaaddu waan ta’eef addiirraa /beekamtummaa/ mul’istuu ta’uu qabu kan jedhurratti waliingala.
- Latorsa {-tu} ilaalchisee,’Natoo’ fuula 97 irratti xiyyeeffannoo mul’istuu yoo jedhu, ‘Gadaa’fuula (64) irratti immoo matim mul’istuu jechuudhaan dhiyeessee jira. Abarraa fi Kaawwan (1998) latorsi {-tu} xiyyeeffannoo akka agarsiistu ibsaniiru.Kanaafuu gama kanaan garaagarummaa jiru dhabamsiisuuf hayyuuleen Oromoo guddina Afaan Oromoo irratti hojjetanuu fi qopheessitoonni kitaabilee walitti dhufuun waan tokkorra gahuu qabu.
- Hennaa keessatti xumuroota gargaartuu bifa walfakkaataan kan hin fayyadamne ta’uu, {jira} kan jedhu yoo ilaalle, kaan /jir-/ kaan immoo {jira} kan jedhu akka fayyadamanuu fi asirratti wanti dhaabbataa ta’e kan hinjirre ta’uusaa,

- Lat-horsoonni garee jechootaa irratti maxxanfamanuu fi tajaajilli isaan kennanu bifa ifa ta’een mata duree, mata dureedhaan kan hindhiyaanne akka ta’e bira gahameera.
- Lat-horsoonni akaakuu latiilee hirkatoo ta’anii osoo jiranuu, kitaabilee xiinxalaaf filataman hunda keessatti ‘dhamjecha’ jedhamanii waamamu.Kun immoo sirrii miti. Yaadrimeen’Dhamjecha’jedhu latii walabaa fi wabalaa walitti qabata waan ta’eef ‘lat-horsi’ maqaa ‘dhamjecha’ jedhuun waamamuun isaa rakkoon  sirrummaa akka jiru nutti agarsiisa.
- Kitaaba ‘Natoo’tiin ala warri kaan mata duree ‘lat-horsa’ jedhu osoo hin dhiyeessin callisaniidhuma bakka barbaadanii ka’anii lat-horsoota tajaajila adda addaa kennanu kan dhiyeesan ta’uun isaa bira gahameera.
- Akka waliigalaatti   kitaabileen qorannoon kun irratti gaggeeffame haalli lat-horsa itti dhiyeessan  akka kitaabileen seerlugaa afaanota biroo fi kitaabileen seerelugaa afaan Oromoo tokko tokko   itti dhiyeessanitti xiyyeeffannoo barbaachisuu kennaniifii mata duree mata dureedhaan qoqqooduun kan hindhiyeessinee fi saayinsii  Afaan Oromoo sirriitti hubachiisuurratti hanqina kan qaban ta’uu, keessattuu kitaabni ‘Saaqaa’ rakkoo qulqullina barreeffamaa, sirrummaa, guutummaa fi tartiiba dhiyeessaa kan qabu ta’uun isaa bira gahameera.

## 5.4. Yaada Furmaataa Qorannichaa

Argannoowwan qorannoo kanaan bira gahaman irratti hunda’uudhaan yaadni furmaataa yookaan kallattiin gara fuulduraa haala itti aanuun kennameera.Lat-horsi caasluga Afaan Oromoo keessatti tajaajjilli inni kennu oolaanaadha.Afaan daandii guddinaa irra jiru kana karaa saayinsawaa ta’een guddina isaa  daran ariifachiisuu keessatti hanqinaalee kitaabilee seerlugaa keessatti mul’atuuf furmaata barbaaduun murteessaadha.Waan ta’eefis, qopheessitoonni kitaabilee seerlugaa caasaa dhamjechootaa haala guutummaa fi sirrummaa qabuun dhiyeessuu qabu.Sababni isaas, afaan tokko jechootaan badhaadhaa ta’ee argamuudhaaf, jechoonni afaanicha keessa jiranu lakkoofsaan qofa osoo hin ta’in sirrummaa fi qulqullina qabaachuun isaanii murteessaadha. Kun ta’uudhaaf immoo saayinsiin Afaan Oromoo ittiin baratamuuf barsiifamu haala ifa ta’een xiyyeeffannoo argatee bilchinaan dhiyaachuu qaba.Yaada kana Tashoomaa Balaaynaa (2005) kitaabni yoo sirriitti hin qophoofne barsiisaan sirreessaa barsiisuu qaba jechuudhaan ibsa.Barsiisaan sirreeffama kennaa barsiisuudhaaf immoo kitaabileen wabii

sadarkaa isaanii eeggatanii fi qulqullinaan qophaahan jiraachuun isaanii dirqama ta'a. Kana malees, kitaabileen deeggarsaa barsiisaadhaan ala kan barattoonni itti fayyadamanuu fi irraa baratanu waan ta'eef dogoggora tokko malee qophaahuu qabu.Bu'uuruma kanaan kitaabilee seerlugaa qorannoon kun irratti gaggeeffame keessatti hanqinaaleen gama guutummaa, fi sirruummaatiin bira gahaman nijiru.Hanqinaalee kanneeniif furmaata ta'uu ni danda'u jedhamanii qorataa kanaan kanneen yaadaman bifa armaan gadiitiin kennamanii jiru.

- Faayidaan lat-horsaa jechoota horsiisuu waan ta'eef, haala lat-horsoonni jechoota itti horsiisanu fakkeenya gahaa dhiyeessuu, ibsa gahaa kennuu fi mata duree mata dureetti qoqqooduudhaan xiinxala ifa ta'e kennaa dhiyeessuu qabu.

- Garaagarummaan haala dhiyeessaa, tajaajila, uunkaa, iddoo galumsaa fi akaakuuleen lat-horsoonni kitaabilee seerlugaa keessa jiru, qopheessitoota kitaabilee seerlugaa filatamaniitiin dhabamsiifamee yookaan hir'atee, hanqinaaleen kitaabilee seerlugaa keessatti mul'atan furamuudhaan waanta sirrii fi hubannoo gahaa dabarsuu danda'u fayyadamtoota kitaabichaa biraan gahuu qabu.
- Kitaabileen seerlugaa qorannoon kun irratti gaggeeffame lat-horsoota ilaalchisee ibsaa fi fakkeenya adda addaa qofa kennuudhaan dhiyaatanii jiru.Kun immoo barattoonni yookiin kitaabicha namni fayyadamu beekumsa kitaabicha keessaa qofa akka argatuuf karaa bana.Kanaafuu, gaaffiileedhaan eegalanii, gidduu gidduutti immoo gaaffilee mirkaneeffannaa dhiyeessaa, dhumarratti gaaffiilee madaallii waliigalaa osoo dhiyeessanii filatamaa ta'a. Haalli kun waan dubbisuuf yookiin qu'achuuf deemnu tilmaamaa, xiinxalaa, fi of madaalaa akka adeemnu nu godha waan ta'eef shaakaloota adda addaa of keessatti qabaachuun isaa murteessaadha.
- Hayyuuleen Afaan Oromoo yeroo ammaa yuunivarsiitii keessatti xiinqooqa barsiisaa jiranu qophii kitaabilee seerlugaa keessatti hirmaachifamuu qabu. Qaamni kitaaba qopheessuu hayyuulee kanneeniif iddoo olaanaa kennuudhaan kitaabilee seerlugaa hojiirra jiranu irrattis ta'e, kanaan booda kanneen qopha'an qulqullina barbaachiisaa qabaachuun dubbistoota bira akka gahu taasisuun barbaachisaadha. Mootummaan biyya bulchuu immoo hayyuulee xiinqooqaa Oromootiif deeggarsa maallaqaa fi kan biroo gochuudhaan Afaan Oromoo akka guddisanuuf shoora isaa taphachuu qaba.Afaan dagaagsuun kan danda'amu saayinsiin isaa sirriitti yoo dhiyaateef barsiifameedha waan

ta'eef kitaabileen bilchina guddaadhaan qophaahuu qabu.Yoo kun ta'e tumsi inni guddina Afaan Oromootiif qabu ol-aanaa ta'a.

- Qopheessitoonni kitaabilee seerlugaa, kitaabilee isaanii kana keessa deebi'anii ilaaluu, walitti dhufanii bakka garaagarummaan mul'atetti gara tokkotti fiduu, fi iddoo sirreeffama barbaadu fi guutummaa hin qabne ilaaluun irra deebi'anii qulqullinaan qopheessuu qabu.Akkasums, hayyuulee yuunivarsiitii adda addaa keessa jiranu affeeruudhaan gulaalchisuu fi madaalchisuudhaan hanqinaalee kitaabilee isaanii keessatti mul'atan dhabamsiisuu qabu.
- Hayyuuleen xiinqooqaa Yuunivarsiitiiwwan garaagaraa keessatti yeroo ammaa hojiirra jiranu gahumsa qabanu fayyadamanii kitaabilee seerlugaa afaanota birootiif akka wabiitti tajaajiluu danda'anu qopheessuu ni danda'u jedheen amana. Kanaafuu,Osoo kitaabilee akkasii qopheessanii hanqinaaleen, laafinni fi dogoggoroonni bal'inaan kitaabilee seerlugaa keessatti mul'ataa jiranu hundeerraa baduu ni danda'u. Kanaafuu furmaata bu'uuraa ta'uu kan danda'u kitaabilee seerlugaa ga'umsa qabanu kan dhalootatti ce'uu danda'anu qopheessuudhaani jedheen amana.Wanti sadarkaa Yuunivarsiitiitti barsiifamuu fi akkaataan kitaabileen seerlugaa qophaa'aa jiranu wal hinsimanu waan ta'eef xiyyeeffannoon osoo itti kennamee kitaabileen ga'umsa qabanu qophaa'anii guddina afaa Oromootiif fala ta'a.
- Walumaagalatti kitaabileen seerluga afaan Oromoo kanaan booda qophaa'anu sadarkaa isaanii kan eeggatan,afaan kamiifuu akka wabiitti tajaajilu kan danda'an,guutummaafi sirrummaa amansiisaa kan qaban,guddinaaf bal'ina Afaan Oromoo wajjin kan walgituu danda'anu ta'uu qabu.Kanaafuu,mootummaan federaalaa,mootummaan naannoo Oromiyaa, abbootiin qabeenyaa Oromoo, hayyuuleen xiinqooqa Oromoo, qopheessitoonni kitaabilee seerluga afaan Oromoo fi qaamni guddinni afaan Oromoo isa galchu hundi beekumsaa fi maallaqaan waltumsee kitaabileen seerluga afaan Oromoo ga'umsa olaanaa qaban akka qophaahanu gochuu qabu.

# WABIILEE


_____ (2007) *Oxford student's dictionary*, Oxford University press.

Abarraa Nafaa fi Kaawwan. (1998).*Caasluga Afaan Orommoo*: Gumii Qormaata Afaan Oromoo (Jildii1), Komishinii Aadaa fi Turiizimii Oromiyaa, Finfinnee.

Abdel Rahman Matib. (2014). *The Interaction Between Inflection and Derivation in English and MSA*: An Insightful Glimpse into the Boundaries, MA thesis (un published).

Addunyaa Barkeessaa (2011). *Sanyii: Jechaa Fi Caasaa Isaa*.Finfinnee, Ormiyaa.

Andrea De Capua.(2008).*Grammer for Teachers* .A Guide to American English for Native and non-Nativespeakers, NewYork: Library of Congress

Aronoff, M. (1985) .*Word Formation In Generative Grammer*.*:* Stems and Inflectional classes. Cambridge, Massachussets and London England: MIT Press. (3rd edition).

Baye Yimam (2010*). Achachir Ina Kelal Ye Amarigna Sewasewu*: (Aratenya Itim).

Baye Yimam. (2009).*Ye Amarigna Sewasew* :( sostegna itim).Addis Abeba.

Booij Geert (2006). *Inflection and Derivation*.In Keith Brown (ed), Encyclopedia of Language and Linguistics.2ndedition. Amsterdam: Elsevier,654-661

Bölcsész Konzorcium and etel, (2006).*Applied Linguistics I*. For BA Students in English.

Chomsky, N.(1965).*Aspects of the theory of syntax*:Cambridge,MIT Press.

Clayton Valli. (2000). *Linguistics of American Sign Language*: An introduction.Gallaudet University Press.

Dassaaleny Asaffaa (2011).*Qaaccessa dhiyaannaa dhamjechoota hirkatoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa fi 11ffaa bara 2005 maxxanfame:* Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa (Kan hin maxxanfamne), Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Duulaa Dilboo.(2008/16).*Qaaccessa qabiyyee dhamjechootaAfaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12ffaa*.Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa (kan hinmaxxanfane).Yuunivarsiitii Finfinnee.

Eebbaa Goobanaa .(2014).*Qaaccessa dhiyaannaa qabiyyee dhamjechootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa bara 2005 maxxanfame*: Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa (Kan hin maxxanfamne).Yuunivarsiitii Addiis Ababaa.

Filee Jaallataa. (2015). Seerluga Oromoo. Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.

Geetaahun Amaare (1989). *Zemenawi Sewasew Bekelal Akerareb:*Addis Abeba, Nigid Matemiya Dirijit.

Harmer, J. (1987). *Teaching and Learning Grammer*.UK: Longman York press

Haspelmath, M. (2002). *Understanding Morphology 2nd (edt).* Hodder Arnold.

Harrison Adeniyi, (2010). *English Morphology:* National Open University of Nigeria.

Hockett, C.F. (1970). *A course in Modern Linguistics*. USA: The Macmillan Press Ltd.

Horn by, A.S.(2005). *Oxford Advanced Learner's Dictionary(7thed.).*Oxford:Oxford University press.

Kadir Abdala. (2019). *The Analysis of Morphological Properties of Arsi-Bale word classes with Special reference to Arsi-Bale Noun Morphology.MA thesis* (un published).

Katamba, Francis.(1993). *Morphology: Modern Linguistics Series*.London: The Mcmillan Press LTD

Mattewes P.H. (1972). *Inflectional Morphology*. Cambridge. Cambridge University Press.

Mattewes P.H. (1991). *Morphology 2nd edition*. Cambridge. Cambridge University Press.

Muhammed Abdulrezzaq (2019). *Inflectional morphemes*. University of Samarra, Samarra, Iraq: Volume-2, pp142-152.

Peter Robinson (2013). *The Rutledge Encyclopedia of second language Acquisition.*Cambridge University Press.

Stump,T. Gregory(2001). *InflectionalMorphology*: Cambridge, CambridgeUniversity Press.

Spencer, A. (1991). *Morphological Theory*: An Introduction to Word Structure in Generative Grammar.Oxford: Blackwell.

Tashoomaa Balaaynaa (2005). *Mala baruu barsiisuu*: (Moojula hin maxxanfamne), Yuunivarsiitii Jimmaa.

Tashoomaa Balaaynaa (1997). *Seensa xiinqooqaa*:(Moojula hin hinmaxxnfamne), Yuunivarsiitii Jimmaa.

Teshome Belay (2015).*A Grammar of Khimtan'nga*. An Unpublished PH.D Thesis Submitted to the Department of Linguistics, Addis Abeba University, AddisAbeba, Ethiopia.

Yule George. (2006). *The Study of Language*: Cambridge University Press.

http://wikipedia/org/wki/morphology-(linguitic)

## Dabalee: A

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa Fi Humaaniitii

Muummee Afaan Oromoo Fi Ogbarruutiif Kan Qophaa'e

Gaaffilee Odeeffannoo Ittiin Funaannachuuf Qophaahan.

Mirkaneessituu Sakatta'a Kitaabilee Seerluga Afaan Oromoo Filatamanii

1.Mirkaneessituu/Cheekliistii/Qaaccessa Latii Hortee Kitaabilee Seerluga Afaan Oromoo 'Furtuu'(2011/19) Maxxansa 6ffaa,'Gadaa' (2012) Maxxansa 3ffaa,Natoo (2012) Maxxansa 2ffaa Fi Saaqaa (2013/21) Maxxansa 16ffaa Ta'uudhaan Qophaa'an Keessatti.

Dhimmi xiinxalamu guutummaa fi sirrummaa latiilee hortee/lat-horsaa/kitaabilee seerlugaa armaan olitti eeraman keessatti dhiyaatan yemmuu ta'u,yaaxxinnoota latii bu'uura godhachuudhaan qaacceffamee kan dhiyaatu ta'a.

**2.** Qajeelfama Waliigalaa Hordofamu

Boqonnaalee fi qabiyyee kitaabileen filataman qaban keessaatti latiin hortee haala kamiin akka dhiyaate kan xiinxalamu ta'a. Haaluma kanaan qabiyyeef boqonnaalee kitaabileen seerluga afaan oromoo 'Furtuu' (2011/19) maxxansa 6ffaa Gadaa (2012) maxxansa 3ffaa ,Natoo (2012),maxxansa 2ffaa,fi 'Saaqaa' (2013/21) maxxansa 16ffaa keessatti latorsi boqonnaa fi fuula kam keessatti akka dhiyaaate, haalli itti dhiyaate gama xiyyeeffannoo, sirrummaa, guutummaa, tartiiba dhiyaannaa,ibsi,fakkeenyi fi shaakalli latorsaan walqabatan akkamiin akka dhiyaatanii jiranu xiinxalanii dhiyeessuu,hanqinootaaf ciminoota addaa baasuun ibsuu fi akaakuu latorsootaa kitaabileen kunniin dhiyeessan walbira qabanii ilaaluudhaan xiinxalanii dhiyeessuudha.Gaaffilee mirkaneeffannaa banaa armaan gaditti dhiyaatan adda bahanii tokko tokkoon isaanii irratti ibsi kan kennamu ta'a.Kanas bakka duwwaa kenname irratti barreeffamaan adda bahee kan dhiyaatu ta'a.

**3**. Qabxiilee Sakatta'aman

Kitaaba Seerlugaa 'Furtuu' (2011/19) Maxxansa 6$^{ffaa}$ ,'Natoo' (2012),maxxansa 2ffaa, 'Gadaa' (2012) Maxxansa 3ffaa, fi 'Saaqaa' (2013/21) maxxansa 16ffaa keessatti latorsoota argamanu irratti xiinxala gaggeeffame

## I. Lat-horsoota maqaa kitaabilee seerlugaa filataman keessatti

1.1. Lat-horsoonni maqaa kitaabilee seerlugaa afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaataniif hindhiyaanne eenyu faadha?

Gabatee armaan gadii keessatti lat-horsoota maqaa dhiyaatan mallattoo( )kan hindhiyaanneef immoo mallattoo (x) kaa'i

A. Dhiyaateera B. Hindhiyaanne

| Lat-horsoota tajaajila kennanuun | Furtuu | | Natoo | | Gadaa | | Saaqaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | A | B | A | B | A | B | A | B |
| Matim- mullistuu | | | | | | | | |
| Aantim-mullistuu | | | | | | | | |
| Koorniyaa | | | | | | | | |
| Danummaa maqaa | | | | | | | | |
| Addiirraa maqaa | | | | | | | | |
| Meeshaa mullistuu | | | | | | | | |
| Xiyyeeffannoo | | | | | | | | |
| Abbummaa mullistuu | | | | | | | | |

1.2. Lat-horsoonni maqaa kitaabilee seerlugaa afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaatan sirrummaan isaanii maal fakkaata?

Gabatee armaan gadii keessatti lat-horsoota maqaa sirriitti dhiyaataniif mallattoo( )kan sirriitti hindhiyaanneef immoo mallattoo (x) kaa'i.

B. sirrummaa qaba B.sirrummaa hinqaba

| Lat-horsoota tajaajila kennanuun | Furtuu | | Natoo | | Gadaa | | Saaqaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | A | B | A | B | A | B | A | B |
| Matim- mullistuu | | | | | | | | |
| Aantim-mullistuu | | | | | | | | |
| Koorniyaa | | | | | | | | |
| Danummaa maqaa | | | | | | | | |
| Addiirraa maqaa | | | | | | | | |
| Meeshaa mullistuu | | | | | | | | |
| Xiyyeeffannoo | | | | | | | | |
| Abbummaa mullistuu | | | | | | | | |

1.3.Lat-horsoonni maqaa kitaabilee seerlugaa afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaatan guutummaan isaanii maal fakkaata? Kitaaba kamtu maal dhiheesse? Kitaaba kamtu maal hin dhiyeessin hafe?

Gabatee armaan gadii keessatti lat-horsoota maqaa guutummaadhaan dhiyaatan mallattoo(x)

filannoo ( A), kan hindhiyaanneef immoo mallattoo (x) filannoo (B) jala kaa'i.

C. Guutummaa qaba B. Guutummaa hinqabu

| Lat-horsoota tajaajila kennanuun | Furtuu | | Natoo | | Gadaa | | Saaqaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | A | B | A | B | A | B | A | B |
| Matim- mullistuu | | | | | | | | |
| Aantim-mullistuu | | | | | | | | |
| Koorniyaa | | | | | | | | |
| Danummaa maqaa | | | | | | | | |
| Addiirraa maqaa | | | | | | | | |
| Xiyyeeffannoo | | | | | | | | |
| Meeshaa mullistuu | | | | | | | | |
| Abbummaa mullistuu | | | | | | | | |

## II. Lat-horsoota gochimaa(xumuraa) kitaabilee seerlugaa filataman keessatti

2.1. Lat-horsoonni gochimaa (xumuraa) kitaabilee seerlugaa afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaataniif hindhiyaanne kam faadha?

Gabatee armaan gadii keessatti lat-horsoota gochimaa (xumuraa) dhiyaatan mallattoo( x) filannoo (A) ,kan hindhiyaanneef immoo mallattoo (x) filannoo(B) jala kaa'i.

A. Dhiyaateera B. Hindhiyaanne

| Tajaajilota kennanu | Furtuu | | Natoo | | Gadaa | | Saaqaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | A | B | A | B | A | B | A | B |
| Lat-horsoota lakkoofsaa | | | | | | | | |
| Lat-horsaoota gulantaa | | | | | | | | |
| Lat-horsoota ennaa | | | | | | | | |
| Lat-horsoota Koorniyaa | | | | | | | | |

1.2 .Lat-horsoonni gochimaa (xumuraa) kitaabilee seerlugaa afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaatan sirrummaan isaanii maal fakkaata?

Gabatee armaan gadii keessatti latorsoota gochimaa /xumuraa sirriitti dhiyaataniif mallattoo(x) filannoo A,kan sirriitti hindhiyaanneef immoo mallattoo (x) filannoo (B) jala kaa'i.

A.Sirrummaa qaba B. Sirrummaa hinqabu

| Tajaajilota kennanu | Furtuu | | Natoo | | Gadaa | | Saaqaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | A | B | A | B | A | B | A | B |
| Lat-horsoota lakkoofsaa | | | | | | | | |
| Lat-horsaoota gulantaa | | | | | | | | |
| Lat-horsoota ennaa | | | | | | | | |
| Lat-horsoota Koorniyaa | | | | | | | | |

1.3.Lat-horsoonni gochimaa (xumuraa) kitaabilee seerlugaa Afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaatan guutummaan isaanii maal fakkaata? Kitaaba kamtu maal dhiheesse? Kitaaba kamtu maal hindhiyeessin hafe?

Gabatee armaan gadii keessatti lat-horsoota gochimaa (xumuraa) guutummaadhaan dhiyaatan Mallattoo (x ) filannoo (A) ,kan hindhiyaanneef immoo mallattoo (x) filannoo (B) jala kaa'i.

A. guutummaa qaba B. guutummaa hinqabu

| Tajaajilota kennanu | Furtuu | | Natoo | | Gadaa | | Saaqaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | A | B | A | B | A | B | A | B |
| Lat-horsoota lakkoofsaa | | | | | | | | |
| Lat-horsaoota gulantaa | | | | | | | | |
| Lat-horsoota ennaa | | | | | | | | |
| Lat-horsoota Koorniyaa | | | | | | | | |

## III. Lat-horsoota ibsoota maqaa kitaabilee seerlugaa filataman keessatti

3.1. Lat-horsoonni ibsoota maqaa kitaabilee seerlugaa afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaataniif hindhiyaanne eenyu faadha?

Gabatee armaan gadii keessatti lat-horsoota ibsoota maqaa dhiyaatan mallattoo(x) filannoo (A), kan hindhiyaanneef immoo mallattoo (x) filannoo (B) jala kaa'i.

A .Dhiyaateera B. Hindhiyaanne

| Tajaajilota kennanu | Furtuu | | Natoo | | Gadaa | | Saaqaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | A | B | A | B | A | B | A | B |
| Addiiraa/murteessituu | | | | | | | | |
| Tajaajila Lakkoofsaa | | | | | | | | |
| Tajaajila Koorniyaa | | | | | | | | |

3.2 Lat-horsoonni ibsoota maqaa kitaabilee seerlugaa afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaatan sirrummaan isaanii maal fakkaata?

Gabatee armaan gadii keessatti lat-horsoota ibsoota maqaa sirriitti dhiyaataniif mallattoo(X) filannoo (A) jalatti, kan sirriitti hindhiyaanneef immoo mallattoo (x) filannoo(B) jala kaa'i.

A. Sirrummaa qaba B. Sirrummaa hinqabu

| Tajaajilota kennanu | Furtuu | | Natoo | | Gadaa | | Saaqaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | A | B | A | B | A | B | A | B |
| Addiiraa/murteessituu | | | | | | | | |
| Tajaajila Lakkoofsaa | | | | | | | | |
| Tajaajila Koorniyaa | | | | | | | | |

3.3 Lat-horsoonni ibsoota maqaa kitaabilee seerlugaa afaan Oromoo filataman keessatti dhiyaatan guutummaan isaanii maal fakkaata? Kitaaba isa kamtu maal dhiheesse?Kitaaba kamtu maal hindhiyeessin hafe?

Gabatee armaan gadii keessatti lat-horsoota ibsoota maqaa guutummaadhaan dhiyaatan mallattoo(X) filannoo (A), kan guutummaadhaan hindhiyaanneef immoo mallattoo (x) filannoo (B) jala kaa'i.

A. Guutummaa qaba B. Guutummaa hinqabu

| Tajaajilota kennanu | Furtuu | | Natoo | | Gadaa | | Saaqaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | A | B | A | B | A | B | A | B |
| Addiiraa/murteessituu | | | | | | | | |
| Tajaajila Lakkoofsaa | | | | | | | | |
| Tajaajila Koorniyaa | | | | | | | | |

4. Ciminaalee fi hanqinaaleen gurguddoo lat-horsoota kitaabilee seerlugaAfaan Oromoo filataman keessatti mul'atan maal faadha?

4.1. Ciminaalee

______________________________________________________________

______________________________

4.2.Hanqinaalee

______________________________________________________________

______________________________________________________________

______________________________